

**INSTITIYUUTII LEENJII OGEESSOTA QAAMOLEE HAQAA FI  
QORANNOO SEERAA OROMIYAA**



**GAHUMSA HOJII HAAROMSA SIRREEFFAMOOTA MANNEEN  
AMALA SIRREESSAA OROMIYAA**

**Qorataa:**

**Habtaamuu Bultii**

**Gulaaltota:**

- 1. Obbo Darajjee Ayyaanaa**
- 2. Obbo Miilkii Makuriyaa**
- 3. Obbo Faasil Saamu'eel**

**Adoolessa 2006**

## BAAFATA

BOQONNAA TOKKO.....	4
Seensa .....	4
Yaada Waliigalaa .....	4
Hima Rakkoo .....	6
Mala Qorannoo .....	7
Kaayyoo Qorannoo .....	8
Faayidaa Qorannoo .....	9
Daangaa Qorannoo.....	9
Caaseffama Barreeffama Qorannoo Kanaa .....	9
BOQONNAA LAMA.....	10
Haaromsa Sirreeffamtoota Fi Sirna Haqa Yakkaa .....	10
Seensa .....	10
Hiikkoo fi Maalummaa Haaromsa Sirreeffamtoota Seeraa .....	11
Kallattiiwwan Hojiin Haaromsa Sirreeffamtoota Ittiin Hubataman (Moodeloota Haaromsaa) .....	13
Haaromsuu akka lubbuu fayyisuutti ilaaluu .....	13
Haaromsuu akka lammii gaarii horachuutti fudhachuu .....	14
Haaromfamu akka mirgatti fudhachuu .....	15
Haaromsuu akka hojii faayidaa hawaasaa mirkaneessuutti ilaaluu .....	16
Yaaddama Adabbii (Theories of punishment).....	17
Retributive theory (Ijaabaasuu).....	18
Deterrent theory (dhorkuu) .....	19
Preventive theory (Ittisuu) .....	20
Reformative theory (haaromsuu) .....	20
Qooda Sirreeffamtoota Sirreessuun Sirna Haqa Yakkaa Keessatti Qabu.....	23
Seenaa Manneen Sirreessaa Biyya Keenyaa: Ija Yaaddama Adabbiin Sakatta'uu .....	24
BOQONNAA SADI.....	28
Sirreeffamtoota Seeraa Haaromsuu: Haala Qabatama Manneen Sirreessaa Oromiyaa.....	28
Seensa .....	28

Caaseffama Manneen Sirreessaa Oromiyaa: Gama Haaromsa Sirreeffamtootaa Mirkaneessuun Madaaluu.....	28
Hojiiwwan haaromsa sirreeffamtoota seeraa Oromiyaa .....	30
Kaayyoo fi Galma Hojiiwwan Haaromsaa Adda Baasuu.....	30
Mana Sirreessaa Iddoo Hojiin Haaromsa Itti Hojjetamu Taasisuu.....	31
Mana sirreessaa bakka jireenyaaf mijataa taasisu.....	32
Sirna odeeffannoo diriirsuu.....	33
Ogummaa fi dandeettii hojjetoota mana sirreessaa guddisuu.....	35
Wal-quunnamtii (hariiroo) sirreeffamtootaa guddisuu .....	36
Sirreeffamtoota hojii haaromsaaf qopheessuu: fo'uu fi qooduu.....	37
Gahee Hojii Qaamolee Adda Addaa: Haaromsa Sirreeffamtootaa Keessatti.....	39
Gahee qaamolee haqaa.....	39
Gahee Ogeessa gorsaa xiinsammuu.....	41
Gahee Ogeessa gorsaa seeraa.....	45
Gahee abbootii (beektota) amantaa.....	47
Gahee miidhamaa dhuunfaa fi maatii sirreeffamaa .....	47
Sirreeffamtoota Hawaasaa Wajjiin Wal-Taasisuu: Barumsaa fi Leenjii Kennuu .....	49
Barumsa qalamaa .....	49
Leenjii ogummaa fi tekniikaa .....	52
Gahumsa sirreeffamtootaaf beekamtii kennuu .....	62
Sirreeffamtootni sagantaa haaromsaa keessa akka darbaniif onnachiiftuu kennuu.....	63
Nama Mana Sirreessaa Bahuuf haala mijataa uumuu.....	64
BOQONNAA AFUR.....	67
Yaada Guduunfaa fi Furmaataa .....	67
Yaada guduunfaa .....	67
Yaadota Furmaataa .....	72
Miiltowwan.....	76
Seerota.....	76
Kitaabota.....	76
Namoota Af-Gaaffiii Deebisan.....	77

Hojjetoota Manneen sirreessaa .....	77
Sirreeffamtoota .....	79
Justice for all prision fellowshiop Ethiopia .....	81
Abbootii Alangaa .....	81
Abbootii Seeraa.....	82
Poolisoota.....	82
Hawaasa .....	82

# BOQONNAA TOKKO

## Seensa

### Yaada Waliigalaa

Sirreeffamtoota seeraa haaromsuun kaayyoo mana sirreessaa keessaa isa guddaa tokkoo dha<sup>1</sup>. Sirreeffamtoota haaromsuu jechuun namoota yakka raawwachuun adabamanii mana sirreessaa jiran yakka hojjechuurraa of-qusachuun namoota seera kabajan, hojjetanii ofiin of-bulchaniif fi guddina biyyaa keessatti gahee isaanirraa eegamu bahuu danda'an taasisuun hawaasatti akka makaman gochuu jechuu dha<sup>2</sup>. Sirreeffamtoota haaromsuun dhimmoota hadhuura imaammata sirna haqaa yakkaa ta'an keessaa isa guddaa tokko<sup>3</sup>. Haaluma kanaan, waliigateewwan idil-addunyaa akka ibsanitti, haalli qabiinsa namoota adabamanii to'annoo jala jirani gara fuul-duraatti namoota seera kabajan akkasumas ofii fi hawaasa isaaniif bu'aa buusuu danda'an gochuurratti xiyyeeffachuu akka qabu tumanii jiru<sup>4</sup>.

Sirna haqa yakkaa biyya keenyaa kan ibsan imaammata sirna haqa yakkaa, seerri yakkaa, labsiileen hundeeffama manneen sirreessaa fi kkf haaromsa sirreeffamtootaf bakka guddaa kennanii jiru. Imaammata sirna haqa yakkaa keenya akka ibsutti<sup>5</sup>, sirreeffamtoota haaromsuun, sochii guddinaa fi misooma biyyaa dhugoomsuuf taasifamu keessatti namni sirreeffamee bahe qoodasaa akka gumaachu haala mijeessuu dha. Akkasumas, hawaasaa wajjiin wal-ta'ee jireenya tasgabbaa'aa akka jiraatu taasisuun, nagaa, tasgabbiif fi mirgi uummattoota fi jiraattotaa akka mirkanaa'u gochuu dha. Haaluma kanaan, manneen sirreessaa biyya keenya, adeemsa murtii manneen murtii raawwachiisuu keessatti, sirreeffamtoota haaromsuu fi eeguun (tiksuun) yakki akka hin raawwatamne taasisuu dha<sup>6</sup>. Bu'uura ergama kanaan, hojjiwwan manneen sirreessaa keessaa inni guddaan tokko sirreeffamootni amala, yaadaa fi ilaalcha yakka raawwachuu dhiisuun hojii misoomaa keessatti kallattii fi al-kallattiin hirmaachuu kan isaan dandeessisu

---

<sup>1</sup> Ulla V. Bondeson, *Criminal Careers in Corrections- A comparative study of correctional institutions in Sweden*, Crime punishment and justice, (2007), fuula 90

<sup>2</sup> Mark Keller, *The Rehabilitation Dilemma In Texas Country Jails*, The Southwest Journal of Criminal Justice, Vol. 2, No. 2/2005, Fuula 158

<sup>3</sup> James Bonta, *A Quasi-Experimental Evaluation Of An Intensive Rehabilitation Supervision Program*, *Criminal Justice And Behavior*, vol. 27, No. 3, (American association for correctional behavior (2000)), fuula 315

<sup>4</sup> Guiding principles, part 2: rules applicable for special category of prisoners under sentence, *Standard minimum rules for the treatment of prisoners; part 2: rules applicable for special category of prisoners under sentence*

<sup>5</sup> lakkoofsa 5.3, Imaammata Sirna Haqa Yakkaa Mootummaa RDFI (2011),

<sup>6</sup> Seensa, Labsii Hundeeffama Komiishinii Manneen sirreessaa Federaalaa, Labsii lak 365/1995

dandeettii, ogummaa, amala fi ilaalcha gonfachuun nama seera kabaju ta’anii hawaasatti akka makaman gochuu dha <sup>7</sup>. Sirreeffamootaa haaromuun dhugoomsuun nagaa fi tasgabpii mirkaneessuu akkasumas guddina misooma biyyaa saffisiisuu keessatti raawwii gahee ol’aanaa qabu waan ta’eef dantaa fi mirga sirreeffamaa qofa utuu hin ta’iin, dantaa mootummaa fi hawaasaatis jechuun ni danda’ama. Haaluma kanaanis, manneen sirreessaa naannoo Oromiyaatti argaman hojiiwwan haaromsa sirreeffamtootaa dhugoomsu jedhamanii yaadaman kan akka tajaajila gorsa hawaasummaa fi xinsammuu, barumsa idilee fi bu’uuraa, barumsa ogummaa fi dandeettii gabbisan kennuun akkasumas naannoo jireenyaa mijataa uumuun sirreeffamtoota haaromsuuf hojjechaa akka jiru komishiniin bulchiinsa manneen sirreessaa Oromiyaa ni ibsa<sup>8</sup>.

Manneen sirreessaa naannoo Oromiyaa 37<sup>9</sup> ta’an keessa sirreeffamtootni jiraanii fi gara hawaassatti barabaraan makaman kumaatamatti lakka’amu. Fakkeenyaaf, bara 2004 fi 2005 sirreeffamtootni mana sirreessaa gadi-lakkifaman (hawaasatti makaman)wal-duraa duubaan 56,628 fi 51,664 turan<sup>10</sup>. Namoota kanneen yeroo gara hawaasaa bal’aatti deebi’an hojii uummachuun jireenya nagaa fi tasgabpii qabu akka jiraatan akkasumas tattaaffii hawaas-dinagdee biyyaa guddisuuf taasifamu keessatti gahee isaanii kanbahan taasisanii baasuun ergama manneen sirreessaa Oromiyaa dha. Gama biraan, sirreeffamtootni sirreeffamanii erga bahanii booda yeroo lammaffaa yookaan isaa oliif yakka raawwatanii gara mana sirreessaatti deebi’an, akka waliigalaatti lakkoofsaan hangana jedhamee beekamuu yoo baatellee<sup>11</sup>, baay’ee dha<sup>12</sup>.

---

<sup>7</sup>Kwt 35 (4 fi 5), Labsii Qaamolee Raawwachiistuu Mootummaa Naannoo Oromiyaa irra deebi’anii gurmeessuu fi aangoo fi hojii isaanii murteessuuf bahe, labsii lak. 163/2003

<sup>8</sup> Af-gaaffii Komishinara Tsahaay Nagaashi, Komishinara Komishinii Bulchiinsa Manneen sirreessaa Oromiyaa wajjiin gaggeeffame (Finfinnee), gaafa 6-2-2006.

<sup>9</sup>Komishinii Bulchiinsa manneen sirreessaa Oromiyaan bulan manneen sirreessaa 37 yoo ta’an maqaan isaanis mana sirreessaa godina addaa naannawaa Finfinnee (Buraayyuu), Arsii, Baalee, Harargee bahaa, Harargee dhiyaa, Gujii, Shawaa kaabaa, Shawaa dhiyaa, Shawaa kibba lixaa, shawaa bahaa, Jimma, Wallaga Dhiyaa, Wallaga Bahaa, Horro-Guduruu, Qellem, Ilubbaa-Boor, Naanawaa Finfinnee, Arsii Lixaa, Boorana, Diippoo, Martii, Allee, Adaamii Tulluu, Adolaa, Arjo, Baddalee, Dadar, Dalloo, Dodolaa, Ejeree, Ginnir, Giraawaa, Gomma, Gursum, Habiroo, Qimbibittii fi Roobee dha.

<sup>10</sup> Gabatee baay’inaa fi haala qabiinsa sirreeffamtoota naannoo Oromiyaa ibsu, Komishinii Bulchiinsa Manneen sirreessaa Naannoo Oromiyaa

<sup>11</sup>Haa ta’u malee, manneen sirreessaa baay’een sirreeffamtoota deddeebi’oo adda baasanii qabachaa jiru. Fakkeenyaaf, yeroo daataan qorannoo kana walitti qabame manni sirreessaa Aanaa Ejeree, Shawaa Lixaa fi Wallaga Bahaa wal-duraa duubaan sirreeffamtoota deddeebi’oo 102, 80 fi 77 qabu turan. Komishiniin manneen sirreessaa, sirreeffamtoota naannoo Oromiyaa keessaa jiran keessaa sirreeffamtootni deddeebi’oo ta’an meeqa akka ta’an galmeessee namoota dhimma kana baruu barbaadaniif kennuuf haala mijataa akka hin qabne yeroo daataa qorannoo kanaaf oolu walitti qabame hubadheera (qorataa kana).

Hojjetootni Komishinii Bulchiinsa Manneen sirreessaa Oromiyaa akka ibsanittis, namootni irradeddeebiin yakka raawwatan (recidivists) naannoo Oromiyaa keessatti akka baayyatani, fi dhimmichi dhimma qorannoon irratti gaggeeffamuu qabu jedhamee komishiniin adda bahe akka ta'ehojjetootni kanneen ibsaniiru<sup>13</sup>. Kanaafuu, gahumsa hojiiwwan haaromsa sirreeffamtoota dhugoomsuuf hojjetaman manneen sirreessaa naannoo Oromiyaarratti sadarkaa maalirra akka jiran qorannoo gaggeessuun hanqinaalee jiran adda baasani furmaata fulla'aa akeekuun barbaachisaa dha.

### **Hima Rakkoo**

Mirga namummaa sirreeffamtoota seeraa keessa tokko mirga haaromuu (sirreeffamuu) dha. Haaromuun carraa jireenya fooyya'aa fi yakkarraa bilisa ta'e jiraachuu waan ta'eef dantaa sirreeffamtoota qofa utuu hin ta'iin dhimma faayidaa hawaasa guutuu mirkaneessuu dha. Gama biraan, hojiin sirreeffamtoota seeraa haaromsuu manneen sirreessaa keessatti bal'inaan hojjetamaa kan jiru yoo ta'ellee namootni sirreeffamanii bahuun deebi'anii yakka raawwatani mana sirreessaa seenan hedduu dha<sup>14</sup>. Heddummachuun sirreeffamtoota deddeebi'oo fi sirreeffamtoota haaromsuun hojii faay'idaa hawaasa bal'aa mirkaneessu ta'uun hojiin haaromsa manneen sirreessaa Oromiyaa keessatti hojjetaman dhimma qorannoon irratti gaggeeffamuun qaawwa jiru adda baasani furmaata itti kennaa deemanii dha. Haaluma kanaan, qorannoon kun gahumsa hojiiwwan haaromsa sirreeffamtoota dhugoomsuuf hojjetamaa jiransakatta'a. Bu'uura kanaan, qorannoon kun gaaffilee bu'uuraa armaan gadiitti tarreeffaman deebisuu irratti xiyyeeffata.

1. Manneen sirreessaa naannoo Oromiyaa sirreeffamtoota seeraa haaromsuu kan isaan dandeessisu ijaarsa dandeettii raawwachiisummaa gahaa qabuu?
2. Haaromsa sirreeffamtoota mirkaneessuuf hojiiwwan hojjetamaa jiran haaromsa barbaadamu fiduuf gahumsa qabuu?

---

<sup>12</sup>Alemaayyoo Waqgaariifaa, *Sakatta'iinsa Fedhii Leenjii fi Qorannoo Ogeessota Qaamolee Haqaa Naannoo Oromiyaa*, (ILQSO, 2005), fuula 69-71.

<sup>13</sup>Af-gaaffii Inispektor Abarraa Baay'isaa fi Ogeessa Xinsammuu Obbo Zarihuun Ayyaanaa, hojjetoota komishinii bulchiinsa manneen sirreessaa Oromiyaa wajjiin gaggeeffame, (Finfinnee), gaafa 6-2-2006

<sup>14</sup>Miiljalee olii, lak 161

3. Qaamoleen seera raawwachiisaan gahee hojiisaanii raawwachuu keessatti haaromsa sirreeffamtootaaf xiyyeeffannoo barbaachisu kennaa jiruu? Tattaaffii haaromsa sirreeffamtootaa dhugoomsuuf taasifamu keessatti sadarkaan wal-tumsuu (atoomuu) qaamoleen kanneenii hangami?

### **Mala Qorannoo**

Daataan qorannoo kanaaf barbaachisu hooggantoota manneen sirreessaa, ogeessota xiinsammuu, ogeessota hawaasummaa, abbootii seeraa, abbootii alangaa, poolisoota, sirreeffamtoota, hawaasa bal'aa fi dhaaba *justice for all-prison fellowship* jedhaman irraa walitti qabameera. Itti dabalees, hojiiwwan haaromsaa hojjetamanii fi haala jireenya sirreeffamtootaa qulqulleeffachuuf dowiin gaggeeffameera. Odeeffannoon sadarkaa naannoo, godinaa fi aanaatti walitti qabameera. Sababa hanqina baajataa, yeroo fi humna namaaf jecha godinaalee manni sirreessaa keessatti argamu hunda deemuun odeeffannoo qorannoo kanaaf ta'u walitti qabuun hin danda'amu waan ta'eef mala iddattootti fayyadamuun barbaachisaa ta'ee argameera.

Haaluma kanaan, daataa gahaa fi madaalawaan funaanamuu ni danda'a jedhamee bakka itti amanamu bu'uura odeeffannoo Komishinara Bulchiinsa Manneen sirreessaa Oromiyaarraa argameen godinaaleen torbaa fi aanoleen lama filatamaniiru. Isaanis, Harargee Bahaa, Arsii Bahaa, Shawaa Lixaa, Arsii Lixaa, Jimmaa, Harargee Lixaa fi Wallaga Bahaa, akkasumas aanaa Ejeree fi Adaamii Tulluu dha. Itti dabalees, wiirtuun leenjii sirreeffamtoota seera Oromiyaa irras daatan funaanameera. Godinaalee fi aanolee kanneen keessaa sirreeffamtoota 54, hawaasa bal'aa 18, miseensota koree kenna dhiifamaa fi amakkiroo 18, hoogganaa mana sirreessaa 9fi ogeessa xinsammuu 9 dubbisuuf karoorafame.

Haa ta'u malee, sirreeffamtoota 49, hawaasa bal'aa 19, hoogganaa mana sirreessaa 9, abbaa adeemsa hojii ijoo sirreessa sirreeffamtootaa 5 fi hojjetoota sadarkaa hooggansa garagaraa irra jiran 5, ogeessa xiinsamuu 4 fi ogeessa hawaasummaa 1 wajjiin af-gaaffiin gaggeeffameera. Itti dabalees, sadarkaa godinaatti, abbootii seeraa 14, abbaa alangaa 14 fi poolisii 14 dubbisuuf karoorfame; abbootii seeraa 7, abbootii alangaa 11 fi poolisiin 8 af-gaaffii deebisaniiru. Sadarkaa naannootti ammoo biroo haqaarraa nama tokko, dhaaba mirga namoomaaf falmurraa tokko, komishinii bulchiinsa mana amala sirreessaa irraa tokkoo wajjiin af-gaaffiin akka gaggeeffamu karoorfamee komishinii mana sirreessaa irraa Komishinaraa, ogeessa xiinsamuu fi hojjetaa adeemsa sirreessa sirreeffamtoota seeraa tokkoo, dhaaba *justice for all prison fellowship* jedhamu



irraa nama tokko akkasumas biiroo haqaa irraa nama tokkoo wajjiin af-gaaffiin gaggeeffamuun daataanwalitti qabameera. Walumaagala namoota 153 irraa daataan walitti qabamuuf karoorfamee namoota 121 irraa walitti qabameera. Itti dabalees, galmeewwan baay'inni sirreeffamtootaa fi hojiiwwan haaromsa isaanii irratti galmaa'an, caaseffama mana sirreessaa dhimma gamagamaa fi raawwii haaromsa sirreeffamtootaa hordofu ibsan bifuma karoorfameen ilaalamaniiru. Kitaabotni, jornaalotni fi qonnaawwan ijoo qorannoo kanaa wajjiin wal-qabatan dubbifamuun gaggeessa qorannoo kanaaf galtee ta'aniiru.

Gama biraan, gumees qorannoo keessatti kan hin qabamne yoo ta'ellee gahumsa qorannoo kanaa dabaluuft muuxannoo menneen sirreessaa Tigraay gama gahumsa hojiiwwan haaromsaan jiru ilaalchisee akka daawwatamu ta'eera. Adeemsa muuxannoo sana ilaaluuf taasifame keessattis Komishinara bulchiinsa manneen sirreessa Tigraay, abbaa adeemsa hojii ijoo sirreessa sirreeffamtootaa, fi hoogganaa fi abbaa adeemsa hojii ijoo sirreeffamtoota mana sirreessaa Maqalee wajjiin af-gaaffiin akka gaggeeffamu ta'eera. Itti dabalees, hojiiwwan haaromsaa mana sirreessaa Maqalee keessatti hojjetamaa jiruu fi bu'aa gama sanaan argamaa jiru daawwachuun danda'ameera. Haaluma sanaanis, muuxannoo naannoo Tigraay qorannoo kanaaf galtee guddaa ta'eera.

### **Kaayyoo Qorannoo**

Akka waliigalaatti, kaayyoon gaggeessa qorannoo kanaa namootni manneen sirreessaa naannoo Oromiyaatii sirreeffamanii bahan lammii seera kabajanii fi kabachiisan, hojjetanii ofiibulchaniif fi sochii guddina hawaas-dinagdee keessatti gahee isaan irraa eegamu akka gumaachan gochuu dha. Kaayyoo gooroo kana galmaan gahuu keessatti qorannoon kun kaayyolee gooree armaan gadii fiixan baasuurratti xiyyeeffata.

- ✓ Manneen sirreessaa naannoo Oromiyaa sirreeffamtoota seeraa haaromsuu kan isaan dandeessisu ijaarsa dandeettii raawwachiisummaa gahaa qabaachuu isaanii adda ni baasa,
- ✓ Haaromsa sirreeffamtootaa mirkaneessuuf hojiiwwan manneen sirreessan hojjetamaa jiran haaromsa barbaadamu fiduuf gahumsa qabaachuu isaanii ni sakatta'a,
- ✓ Qaamoleen seera raawwachiisaan gahee hojii isaanii raawwachuu keessatti haaromsa sirreeffamtootaaf xiyyeeffannoo barbaachisu kennaa jiraachuu ni gamaagama,

- ✓ Tattaaffii haaromsa sirreeffamtootaa dhugoomsuuf taasifamu keessatti sadarkaan waltumsuu (atoomuu) qaamoleen naannoo keenya hangam akka ta'e ni sakatta'a,

### **Faayidaa Qorannoo**

Qorannoon kun manneen sirreessaa nannoo keenyaa dandeettii raawwachiisummaa isaanii cimsuun hojiiwwan haaromsa sirreeffamtootaa dhugoomsuu danda'an bal'inaa fi gahumsaan akka raawwatan taasisuu keessatti gahee guddaa ni xaphata. Qaamolee haqaa biroonis hojiin haaromsa sirreeffamtootaa hojii qaamolee hunda hirmaachisu ta'uu hubachuun dhuufaanis ta'e waliin ta'anii hojochuun barbaachisaa ta'uu fi haala kamiinis gahee isaanii bahuu akka danda'an kallattii waan agarsiisuuf raawwii sirreeffamuu sirreeffamtootaa fi qindoomuu qaamolee kanaaf taasifamu keessatti bu'aa guddaa ni buusa. Sirreeffamtootni haala barbaadamuun sirreeffamanii yoo bahan hawaasa keessatti namoota seera kabajanii fi kabachiisan waan ta'aniif qorannoon kun tattaaffii nageenyaa fi tasgabii biyyaa dhugoomsuuf taasifamu keessatti gumaacha guddaa ni qabaata. Kanaafuu, akka waliigalaatti, sochii giddina dinagdee fi hawaasummaa biyyi keenya adeemsisaa jiru keessatti shoorri qorannoon kun bahu olaanaa dha jechuun ni danda'ama.

### **Daangaa Qorannoo**

Qorannoon kun gumsa hojiiwwan haaromsa sirreeffamtoota manneen sirreessaa Oromiyaa gamagamuu irratti xiyyeeffata. Haaluma kanaan, hojiiwwan haaromsa sirreeffamtootaa akka waliigalaatti maal akka fakkaatanii fi tattaaffii sirreeffamtoota seeraa Oromiyaa haaromsuuf taasifamaa jiru gahumsa akkamii akka qabanii fi hanqinaalee gama kanaan mul'atan adda baasuu irratti xiyyeeffata. Hima biraan ibsuuf, hojiiwwan manneen sirreessaa Oromiyaan hojjetaman kan akka mirga namooma sirreeffamtootaa kabajuu fi nageenya mana sirreessaa mirkaneessuu irratti qorannoon kun hin xiyyeeffatu.

### **Caaseffama Barreeffama Qorannoo Kanaa**

Barreeffamni qorannoo kanaa boqonnaa afurti qoodama. Boqonnaan tokkoffaan seensa waliigalaa yoo ta'u barbaachisummaa, malaa gagaggeessaa fi daangaa qorannoo bal'inaan kan ibsuu dha. Boqonnaan lammaffaa qooda sirreeffamtoota seeraa haaromsuun sirna haqa yakkaa keessatti qabuu fi seena guddinsa manneen sirreessaa biyya keenyaa ibsuurratti xiyyeeffata. Gahumsa hojiiwwan haaromsa sirreeffamtoota seeraa Oromiyaa fi qaawwa gama kanaan jiru boqonnaa sadaffaa keessatti xinxalamaniiru. Yaadni guduffaa fi yaadni furmaataa boqonnaa

shanaffaa keessatti tarreeffamaniiru. Xumura irrattis, maddi odeeffannoo qorannoo kanaa bal'inaan tarreeffamuun qorannoo kanatti akka hidhaman ta'eera.

## **BOQONNAA LAMA**

### **Haaromsa Sirreeffamtootaa Fi Sirna Haqa Yakkaa**

#### **Seensa**

Hojiin sirreeffamtoota seeraa sirreessuu hojii sirna haqaa yakkaa keessaatti hojjetaman keessaa isa tokkoo fi isa guddaa dha<sup>15</sup>. Sirna haqa yakkaa hammayyaa keessatti sirreeffamaan deebi'ee gara fuul-duraatti yakka akka hin raawwanne tooftaan itti taasisan, hojii haaromsa sirreeffamtootaa hojjechuu dha<sup>16</sup>. Hojiin haaromsa sirreeffamtootaa hojii leenjii ogummaa, barumsa qalamaa fi tajaajila gorsa adda addaa sirreeffamaaf itti kennanii fi, lammii hojjetee of-bulchuu fi seera kabaju itti taasisanii dha.

Hojiin sirreessa sirreeffamtootaa yaaddama adabbii biyyi tokko hordoftu bu'uura godhate hojjetama. Fakkeenyaaf, biyyi tokko yaaddama adabii "reformation theory" jedhamu hordofti taanaan adeemsa yakka ittisuuf deemu keessaa tokko sirreeffamtoota seeraa haaromsuu dha. Hojiin haaromsa sirreeffamtoota seeraa yeroo fi biyyoota garagaraa keessatti haala adda addaan hubatamaa tureera; garagarummaan gama kanaan jiru yoo dhiphatellee hanqinni hubannoo fi ejjennoo ammas bal'inaan mul'ata. Biyyi keenya nama yakka raawwate seeratti dhiyeessitee adabuu kan eegalte bubbulteetti. Baroota dheeraa kana keessatti yaaddama adabbii garagaraa hordofaa turtee jirti; namni kanaan dura yakka raawwate deebi'ee yakka akka hin raawwanne gochuuf tooftaan itti adeemaa turtes garagarummaa guddaa qaba. Haaluma kanaan, boqonnaa kana keessatti, hiikkoo fi maalummaa haaromsa sirreeffamtootaa, kallattii haaromsi sirreeffamtootaa itti hubataman, qooda haaromsi sirreeffamtootaa sirna haqa yakkaa keessatti

---

<sup>15</sup>Ulla V. Bondenson, *The Paradox Of Increasing Rates Fo Imprisonment*, crime, punishment and justice (2007), DJOF Publishing, fuula 2014

<sup>16</sup>Atakilt Kiros, *Innovations in crime reduction and social justice: the case fo Mekele Prison administration*, (2013), fuula 18

qabuu fi seenaan manneen sirreessaa biyya keenyaa kallattii haaromsa sirreeffamtootaan maal akka fakkaatu kan xiinxalaman ta’u.

### **Hiikkoo fi Maalummaa Haaromsa Sirreeffamtoota Seeraa**

Jechi Afaan Ingilizii “rehabilitation” jedhu afaan Latiin irraa madde. Innis, maxxantuu duraa “re” fi jecha “habitare” jedhaman irraa ijaarame<sup>17</sup>. “Re” jechuun *lammata ykn irra deebii* jechuu yoo ta’u “habitare” jechuun ammoo *simsiisuu, wal-taasisuu ykn wal-fudhachiisuu* kiika jedhu kenna. Kanaaf, “rehabilitation” jechuun bakka duraan ture irraa wanta sababa adda addaatiin gadi bu’e bakka duraan turetti ykn sadarkaa gaariitti ol-guddisuu (fooyyessuu) jechuu dha<sup>18</sup>.

Jecha haaromsa jedhu sirreeffamtootaan yoo wal-qabsiisan kitaabota adda addaa haala tokkoon hin ibsan. Fakeenyaaf, guuboon jechoota *The American Heritage Dictionary*<sup>19</sup> jedhamu haaromsa jechuun “Toofataa wallaansaa fi leenjii qalamaa fi ogummaa adda addaatti fayyadamuun gara haala gaarii, dandeettii fooyyaa, jireenya bu’a-qabeessa ta’etti deebisuu jechuu dha” jedha. Guuboon kun hiikkoo kallattii jechichaa qofa kaa’a malee haala kamiin haaromsi sirreeffamtoota akka adeemsifamu hin teechisu. Nama sadarkaan duudha hawaasaa ajaju irraa gadi bu’ee yakka raawwate gara sadarkaa duudhaan hawaasaa hayyamutti deebisanii akka jiraatu gochuun hojii tokko utuu hin ta’iin hojii walitti fufiinsa qabuu dha. Hima biraan, nama seera cabse nama seera kabaju taasisuun hojii tokko kan battalatti hojjetamee kaayyoo guddaa kana galmaan gahu miti: adeemsa mataa isaa danda’ee dha<sup>20</sup>. Haaluma kanaa, guuboon jechoota seeraa *Black’s Law* jedhamu ammoo jecha “haaromsa” jedhuuf hiikkoo yoo laatu, “Adeemsa amalaa fi ilaalcha nama yakka raawwate fooyyessuun jireenya hawaasummaa namni sun jiraatu keessatti yakka kan biraa deebi’ee akka hin raawwanne taasisuuf adeemamuu dha” jedha<sup>21</sup>. Barreessitootni baay’een adeemsa kana “reformation” jedhanii waamu<sup>22</sup>; yaad-rimeen jecha “rehabilitation” jedhuu fi “reformation” jedhu irraa maddu ergaa tokko dabarsa:

---

<sup>17</sup>May, C & J. Wadwell *Enforcing Community Penalties: The Relationship between enforcement and Reconviction*, Home Office RDS, London ((2001) fuula 76

<sup>18</sup>Rehabilitation, Dictionary Definition-Vocabulary Com (<http://www.vocabulary.com/dictionary/rehabilitation>)

<sup>19</sup>The American Heritage Dictionary, (2009)

<sup>20</sup>*Emily A. Whitney, Correctional Rehabilitation Programs and the Adoption of International Standards*, (2009), The University of Iowa College of Law, fuula 794

<sup>21</sup>Gardner *et al.*, *Black’s Law Dictionary*, (2004)

<sup>22</sup>Isidora Errázuriz, *Employment of Ex-Offenders as a Restorative Practice*, (2011), University of Texas at Austin, fuula 6

sirreeffamaan bu’uura seeraatiin adabbii isaa xumuree yeroo gad-lakkifamu kara naga-qabeessa ta’een hawaasatti makamee jireenya yakkattii ibilisa ta’e jiraachuun gama isaatiin nageenya hawaasaa akka mirkaneessu taasisuu dha.

Yaad-rimeen “haaromsaa”, namni yakka raawwate gara fuul-duraatti amala yakka raawwachuuttii deebi’uun nama duudha hawaasaa kabajee nagaan jiraatu ta’uu ni danda’a jedhee amana. Kanaaf, nama yakka raawwate mana sirreessaa akka galu kan taasifamu akka adabamu qofaaf miti. Manni sirreessaa bakka nama itti barsiisanii fi haareessanii dha: bakka ilaalchaa fi fedha lammii gaarii ta’uu sirreeffamaa keessatti horanii dha <sup>23</sup> . Kanaaf, haaromsa sirreeffamtootaa keessatti yaaliin nama yakka raawwate miidhuuf taasifamu tokkoyyuu hin raawwatamu; bakka isaa, duudhaa fi ilaalcha jireenya bu’a-qabeessa isa jiraachisuu danda’uun akka gonfamu taasifama<sup>24</sup> . Namni sirreeffamaa jiru, adeemsa kana keessatti, gara fuul-duraatti deebi’ee yakka akka hin raawwannetti deeggarsi barbaachisaa ta’e hunda akka argatu ta’a.

Norman Fenton<sup>25</sup> namni jedhamu haaromsa sirreeffamtootaa hojii hojjetootni mana sirreessaa hojjetanii wajjiin walitti hidha: *‘hojii hojjetootni mana sirreessaa egeree sirreeffamtootaa fooyya’aa fi gammachu qabeessa taasisuuf hojjetanii dha’* jedha. Hima biraan, haaromsi sirreeffamtootaa hojii amala fincilaa fi amala duudhaa hawaasaa faallessuuttii sirreeffamtoota wallaananii lammii gaarii akka ta’an gochuuf hojjetanii dha jechuun ibseera. Haa ta’u malee, hojiin haaromsaa hojii mana sirreessaa keessa qofatti hojjetamu utuu hin ta’iin hojii sirreeffamtootni mana sirreessaatii gadi erga lakkifamaniillee hojjetamuu danda’anii dha<sup>26</sup> . Haala kanaanis, tattaaffiin yakka ittisuuf taasifamu galma gaha jedhamee amanama. Galmi hojii fi yaad-rimee haaromsaas kanuma<sup>27</sup> .

---

<sup>23</sup>Norman Fenton, *Treatment in Prison: How the family can help*, 1959, (Sacramento), fuula 44

<sup>24</sup>Isidora Errázuriz, *Employment of Ex-Offenders as a Restorative Practice*, ( 2011), University of Texas at Austin, fuula 23

<sup>25</sup>Hoogganaa Ittaanaa Mana Sirreessaa Kaaliforniyaa duraanii. Namni kun dhimma haaromsa sirreeffamtootaa irratti kitaaba “treatment in prison:how the family can help” jedhu bara 1959 barreesse jira; kitaabichis hanga yoonatti fudhatama guddaa qaba ()

<sup>26</sup> Stanley Tang, *Effective Rehabilitation And Reintegration Of Offenders In Singapore*, fuula 51 ([Http://Www.Singstat.Gov.Sg/Stats/Keyind.Html#Socind](http://www.singstat.gov.sg/stats/keyind.html#socind))

<sup>27</sup>Iain Murray, *Making Rehabilitation Work*, (2002) Washington DC, fuula 16

## **Kallattiiwwan Hojiin Haaromsa Sirreeffamtootaa Ittiin Hubataman (Moodeloota Haaromsaa)**

Sirreeffamtoota haromsuu/sirreessuun, baroota amma keessa jiraataa jirru kana keessatti, handhuura sirna haqaa yakkaa dha<sup>28</sup> (dhimma kana armaan gaditti bal'inaan ilaalla). Yaadni sirreeffamtoota seeraa haaromsuu yaada baroota dheeraa lakkoofsisee dha. Yaadni fi hojiin sirreeffamtoota haaromsuu yaad-rimeewwa yookaan moodeloota adda addaa irratti hundaa'aa kan ture waan ta'eef kallattiin haaromsa sirreeffamtootaa baroota keessatti ittiin ilaalamaa turan akkasumas ammas ilaalamaa jiru garagarummaa guddaa qaba. Kallattii haaromsi sirreeffamtootaa ittiin ilaalamanii fi hojiirra oolmaan yaadichaas ittiin gamaggaman moodeloota haaromsa sirreeffamtootaa kanneen irratti hundaa'uun waan ta'eef moodeloota sana hubachuun hojii keenya gara fuulduraa sirriitti adda baafachuuf bu'aa waan qabaatuuf moodeloota kanneen gabaabsinee akka armaan gadiitti ilaaluuf yaalla.

### **Haaromsuu akka lubbuu fayyisuutti ilaalu**

Biyya Ingilizii fi Welzi keessatti mishinariin Macaafa Qulqulluu sirreeffamtoota barsiisuun gocha cubbuu hojjechuuttii deebi'anii jirreenya qulqulla'aa (jireenya Waaqayyo jaallatu) akka jiraatan taasisuuf bara 1875 waajjira poolisii muraasa keessatti hundeeffame<sup>29</sup>. Dhaabni kunis karaa (daandiin) sirrii kan namni hordofuu qabu isa kam akka ta'eef gochaa namni hojjechuu hin qabne ammoo kamiin akka ta'an adda baasee sirreeffamtoota barsiisuun garaa fuul-duraatti gocha Uumaa fi namni jaallatu qofa hojjechuu akka qaban kan barsiisu ture. Hojiin namni gochaa cubbuu akka hin hojjenneef hojjetamaa ture sun kaayyoo lubbuu fayyisuu fi araara waaqaa giddu-galeessa godhatee kan hojjetamu ture<sup>30</sup>. Gama biraan, gocha adabamtootni raawwatanii ittii adabamaa jiran, akka dhimma isaatti, gocha cubbuu waan ta'eef gocha isaanii sanatti gaabbanii Uumaatti araaramuun ofii fi lammii isaaniiif nagaa akka buusan waan taasisuuf, hojiin lubbuu fayyisuurratti xiyyeeffatu sun gama amantii fi jireenya biyya lafaatiin adabamtoota haaromsuu kan danda'u ture<sup>31</sup>.

---

<sup>28</sup> James Bonta, a quasi experimental evaluation of an intensive rehabilitation supervision program, criminal justice and behavior, vol. 27 No 3, June 2000; fuula 227

<sup>29</sup> Peter Raynor, why help offenders? Arguments for rehabilitation as penalty strategy, European Journal of Probation, (University of Bucharest), Vol. 1, No. 1, (2009), fuula 4

<sup>30</sup> Miiljalee armaan olii

<sup>31</sup> miiljalee olii

Turmaata yeroo keessa, hata’u malee, hojiin lubbuu cubbuuttii fayyisuu hojii safaramuu (madaalamuu) danda’u waan hin taaneef saayinsii biyya lafaa biratti fudhatamummaa dhabe; dhalachuun mootummaan misoomawaa daangaa mootummaan jireenya dhuunfaa namootaa fooyyessuu keessatti qabu bal’isaa dhufe. Itti dabalees, imaammata mootummaa jijjiiruu keessattis shoorri inni xaphatu muraasa waan ta’eef yaad-rimee sirreeffamtoota sirreessuun maaliif barbaachisaa akka ta’e kallattii biraan ibsuuf bakka gadi lakkisuu eegala. Haala kanaanis, moodeliin gahumsa dandeettii, gaarummaa amalaa fi bu’a-qabeessummaa hojii sirreeffamtootaa dabaluu danda’u jedhamee amanamuun akka bakka bu’u ta’e<sup>32</sup>.

### **Haaromsuu akka lammii gaarii horachuutti fudhachuu**

Sirreeffamtoota sirreessuun hojii Waaqaaf lubbuu booji’uu utuu hin ta’iin hojii gahumsa dandeetti, jijjiirraa amalaa fi bu’a-qabeessummaa sirreeffamtootaa mirkaneessuun faayidaa uummata bal’aa fi mootummaa kan dhugoomsu ta’uu akka qabu kallattiin ka’ameera. Hojiirra oolmaa rifoormii kanaa booda kaayyoon sirreessa sirreeffamtootaa yaada nama gaarii baasuu jedhurraa lammii oomishaa horachuu jedhutti jijjiirame<sup>33</sup>.

Mana sirreessaa keessatti yaadni ‘**hojii haaromsaa hojjechuun lammii oomishaa horachuu jedhu**’ sirna dinagdee mootummaan tokko hordofuu wajjinis hariiroo kan qabuu dha. Mootummaan sektera dinagdee adda addaa keessa seenuun hojii giddina dinagdee hojjetu (mootummaan misoomawaa) hojiiwwan gahumsa dandeettii fi amala lammiilee dhugoomsuu danda’an hojjechuu keessattis shoorra guddaa xaphata. Haala kanaan, hojiin sirreeffamtoota haareessuu hojii gahumsa dandeettii fi jijjiirraa amala lammiilee dhugoomsuu waan ta’eef hojii mootummaan misoomawaa xiyyeeffannoo itti kennuu qabu akka ta’e hubachuun salphaa dha.

Jaarraa 19<sup>ffaa</sup> jalqaba hojiiwwan lammii oomishaa horachuuf hojjetaman hojii Moodelii Utilitarian jedhamu biratti fudhatama argate ture. Moodeliin kunis sirreessi sirreeffamtootaa sirna haqa yakkaa biyya tokkoo keessatti bakka ol’aanaa argachuu qaba ejjennoo jedhu tarkaanfachiisa. Kaayyoon hojii haaromsaa, akka moodelii kanaatti, yakka hir’isuu waan ta’eef hojii uummata bal’aa fayyaduu dha jedhee amana. Bu’uura yaad-rimee kanaan, hojiin haaromsa sirreeffamtootaa mana sirreessatti utuu hin ta’iin murtii kennuurraa waan eegaluuf adeemsi murtii haqaa kennisiisuu fi sirreeffamtoota qabuu (to’achuu) ogeessota waa’ee haaromsa

---

<sup>32</sup>Miiljalee olii

<sup>33</sup>Miiljalee olii

sirreeffamtootaa beekanii fi hojiirra oolmaa isaatiif hojjetan kan akka ogeessa xiinsamuu fi hawaasummaan deeggaramuu qaba jedha. Jijjiirama qabatamaa fiduun akka danda'amutti, kanaafuu, moodeliin kun haaromsi sirreeffamtootaa muuxannoo, amalaa fi dandeettii sirreeffamaa giddu-galeessa godhatee raawwatamuu qaba jedhe amana.

### **Haaromsuu akka sirreeffamtoota wallaanuutti ilaaluu**

Moodeliin sirreeffamtoota haaromsuun sirreeffamtoota wallaanuu dha jedhu yaada (amala) yakka hojjechuu akka yaada (amala) duudha hawaasaan faallaa ta'etti waan fudhatamuuf namootni yakka raawwatan namoota wallaanamuu qabanii dha jedhamanii fudhatamu<sup>34</sup>. Moodeliin haaromsaa kun, nama amala yakka raawwachuu qabu akka lammatta deebi'ee yakka hin raawwannetti adeemsa wallaanuuf taasifamu keessatti xiyyeeffannoon guddaan seenaa dhuunfaa yakkamaa, muuxannoo isaa, dandeettii fi fedha isaa akkasumas umurii fi sadarkaa barnoota isaa adda baasuun barumsaa fi leenjii nama kana hanqina amalaa fi dandeettii inni qabutti furuu danda'u kennuufiin lammii yakka balaaleffatu taasisanii qaruun ni danda'ama amantaa jedhu tarkaanfichiisa. Wallaansi taasifamu maalummaa wallanamaa yaada keessa galchuun kan itti adeemamu ta'ee yeroo hunda ogeessota xiinsamuu, fayyaa, hawaasummaa fi seeraa deeggaramuu qaba.

Kallattii haaromsa sirreeffamtootaa itti ilaalan kun amilee fi egeree sirreeffamtootaa dagachuun gochaa isaan duraan raawwatan irratti hundaa'uun keessummeessa. Ilaalchi akkasii gam-tokkee waan ta'eef haaromsa guutuu fi dhuga-qabeessa ta'e fiduu hin danda'u jedhamee ceepha'ama. Akkasumas, jechi wallaanuu jedhu sirreeffamtoota yeroo hunda akka nama amala faallaa duudhaa hawaasaa qabutti fudhachuu waan ta'eef namoota akka tasaa yakka raawwatanii fi dargaggoota guutummaatti hammachuu kan hin dandeenyee dha jedhama.

### **Haaromfamu akka mirgatti fudhachuu**

Haaromuun sirreeffamtootaaf mirga jedhanii namootni amanani jiru. Akka yaada namoota kanaatti, haaromsasirreeffamtootaa hojii faayidaa uummata bal'aa kan galmaan gahuu danda'uu dha jedhanii fudhachuu qofti sirreeffamaaf utuu hin ta'iin nama biraaf yaaduu waan ta'eef ilaalchi kun ilaalcha dogoggoraa dha jedhanii fudhatu. Kanaafuu, haaromfamuun mirga

---

<sup>34</sup> The rehabilitative prison model, (<http://www.ssc.wisc.edu/~wright/Published%2520writing/POP.c3.pdf>), fuula 43



sirreeffamoota yoo ta’u sirreeffamtoota haressuun ammoo dirqama mootummaati jedhu namootni yaada kana tarkaanfachiisan. Yaadni kun yaad-rimee **social contract** jedhamurratti hundaa’a; innis namni tokko hanqina gama kamiin uumamuun gara yakka raawwachuutti akka hin seennetti mootummaan waan lammiin tokko barbaadu hunda guutuufii qaba jechuu dha.

Yaad-rimeen **social contract** jedhu mootummaa dinagdee hawaasaa fi lammii guddisuu keessatti shoorra guddaa xaphatu biratti bal’inaan hojirra kan oolu waan ta’eef mootummaan misoomawaa miidhaa namoota hidhanii teechisuun fidu xiqqeessutti dabalee jireenya dhuunfaa lammiilee guddisuuf gahee isarraa eegamu hunda bahuutu irraa eegama<sup>35</sup>. Dirqama kana karaa ittiin raawwatu keessaa tokko sirreeffamtoota sirreessuu irratti xiyyeeffachuu dha. Haala kanaan, sirreeffamtootni mana sirreessaatii yeroo bahan jireenya yakkattii bilisa ta’ee fi fooyya’aa ta’e jiraachuuf mirga waan qabaniif, haala jireenya kana jiraachuu isaan dandeessisu mootummaan mijeessuu qaba. Namni hidhamee (to’annaa jala) jiru harka namaa keessa waan jiruuf jireenya fooyya’aa fi yakkattii bilisa ta’e jiraachuuf dandeettii fi carraa muraasa qaba. Kanaafuu, mootummaan, akka waliigalatti, qixa dinagdeen biyyattii hayyamutti, haala sirreeffamtootni akka sirreeffaman taasisu hunda guutuufii qaba; sirreeffamtootnis barumsii fi leenjiin isaan haaromsuu danda’u mootummaan akka isaanii kennamutti gaaffii dhiyeessuu fi deebii argachuuf mirga qabu.

### **Haaromsuu akka hojii faayidaa hawaasaa mirkaneessuutti ilaaluu**

Yakkamaan hawaasaa wajjiin jiraachuu barbaada, hawaasni ammoo yakkamaa haarome fedha; kanaaf haaromsi sirreeffamtootaa hojii hawaasi barbaadu qofa utuu hin ta’iin maallaqaa fi yeroo isaa aarsaa taasisuun yakkamaan akka haaromu taasisuuf kan dhama’uu dha. Yaad-rimeewwan sirreeffamtoota haaromsuu armaan olitti dhiyaatan baayyeen isaanii sirreeffamtoota irratti kan xiyyeeffatan yoo ta’u kaan ammoo gama faayyidaa hawaasaa galmaan gahuun kan xiinxalaman turan. Moodeliin sirreeffamtoota haressuun hawaasa fayyaduu dha jedhu al tokkotti faayidaa hawaasaa bal’aa fi sirreeffamaa giddu-galeessa godhatee kan adeemuu dha<sup>36</sup>. Haala kanaan, akkaataa sirreeffamaan namaa wajjiin waliigaluu danda’u, tasgabbaa’ee mariin rakkoo uumamu furuu danda’uu fi hojjetee ofii fi maatiisaa jiraachisuu danda’u barsiisuun haala kanaanis

---

<sup>35</sup>Jean Jacques Rousseau, *The Social Contract*, (1978), Fuula 76

<sup>36</sup>Tiana L. Potter, *Rehabilitation Treatment Needs For Inmates Of County Jails*, University Of Wisconsin-Stout (May, 200), Fuula 2

jiraachuu akka danda'utti leenjisuun dandeettii, ilaalchaa fi amala sirreeffamaa fooyyessuun bifa naga-qabeessaan hawaasatti makamuun lammii naga-qabeessa ta'ee jiraachuun misoomaa fi tokkummaa hawaasichaaf gumaacha taasisa jedhamee fudhatama.

Sirreeffamtoota sirreessuu irratti ilaalcha moodeliin kun qabu hawaasa keessatti naga fi tasgabpii mirkaneessuun nama dhuunfaa fi guutummaa hawaasaa adeemsa fayyaduu danda'u dha jedhame kan fudhatamu waan ta'eef yeroo baay'ee yaad-rimee haaromsaa utuu hin ta'iin yaada hawaasummaa giddu-galeessa gochatee deema waan jedhamuuf moodelii sirreessa sirreeffamtootaa mormiin irratti baayyatuu dha. Haata'u malee, karaan sirreeffamtoota sirreessuuf adeeme gara hawaasatti kan duufe yoo ta'ellee galmi isaa sirreeffamtoota kan sirreessuu faayidaa hawaasa bal'aatiifis gumaacha guddaa kan qabaatuu dha<sup>37</sup>.

Mata duree kana gudunfuuf, sirna haaromsa sirreeffamtoota Naannoo Oromiyaa fi biyya keenyaa yoo ilaallu hojiiwwan dhimma kanarratti hojjetamaa jiran sirreeffamtoota yaadaa fi amala yakka raawwachuutti deebi'anii lammii oomishaa akka ta'an gochuu dha. Gara fuul-duraatti sirreeffamtootni naga fi tasgabpii hawaasaa akka hin boressine akkasumas dandeettii hojjetanii ofii fi maatii isaanii bulchuu akka horatan gochuun qararii baasuun al-tokkotti dantaa uummataa fi sirreeffamaa dhuunfaa giddu-galeessa godhanii hojjechuu akka ta'etti fudhachuun ni danda'ama. Kanaafuu, hojiiwwan haaromsa sirreeffamtoota seeraa manneen sirreessaa Naannoo Oromiyaa keessatti hojjetamaa jiran moodelii haaromsa faayidaa hawaasa bal'aa mirkaneessuu irratti kan hunda'anii dha jechuun ni danda'ama. Moodeliin kun faayidaa qaamolee lamaa-faayidaa sirreeffamaa dhuunfaa fi uummata bal'aa- wal cina qabuun kan keessummeessu yoo ta'u bara ammaa kana keessa bal'inaan fudhatama kan argatee fi itti hojjetamaa jiruu dha.

### **Yaaddama Adabbii (Theories of punishment)**

Namootni gurmaa'uun hawaasa uumanii waliin jiraachuu erga eegalani as nageenya, qabeenyaa fi lubbuu isaanii kabachiifachuuf jecha seera tumachuu fi mootummaa hundeesuu jalqaban<sup>38</sup>. Hundeeffamuun mootummaa gochaan hawaasa miidhu akka balaaleffamuu fi yakki akka ittifamu gochuurratti xiyyeeffachuu eegale. Haala yakka ittiin ittisan keessaa inni beekamaan tokko nama yakka raawwate adabuu dha. Kanaafuu, adabbii fi adeemsi isaa qaama sirna haqa

---

<sup>37</sup> Amanda Dissel, *Rehabilitation and reintegration in African prisons*, fuula 159

<sup>38</sup> Jean Jacques Rousseau, *The Social Contract*, (1762) Dicamus leges, fuula 64

yakkaa yoo ta’u kaayyoon isaa ammoo nageenya hawaasaa fi mootummaa mirkaneessuu dha<sup>39</sup>. Namni yakka raawwate adabamuu akka qabu irratti namni hundi kan irratti waliigalu yoo ta’u haala adabbiin itti raawwatu ilaalchisee yaad-rimee adda addaa hojiirra oolaa utuu jirani mul’atu. Yaaddamni adabbii baay’ee haa ta’an malee isaan keessaa beekamoo fi seenaa adabbii raawwachiisuu keessatti fudhatamummaa kan argatan afurtu jiru. Isaanis, afaan Ingiliziin retributive theory, deterrent theory, preventive theory fi reformative theory jedhamu. Yaaddamni kanneen guutummaatti adda bahanii kan dhaabatan utuu hin ta’iin walitti hidhata guddaa kan qabanii fi wal-deeggaranii hojiirra kan oolanii dha. Yaadama kanneen gabaasinee akka armaan gadiitti ilaaluuf yaalla.

### **Retributive theory (Ijaabaasuu)**

Yaaddamni kun qajeeltoo “Nama ija nama biroo dhangalaase ijasaa dhangalaasuu” yookaan “nama ilkaan nama biroo cabse ilkaan isaa cabsuu” jedhurratti kan hundaa’ee yoo ta’u bara duriitti bal’inaan hojiirra oolaa kan turee dha. Badii hordofsiisuu danda’u yaada keessa utuu hin galchiin, yaaddamni kun badiin (hamaa) raawwatame badiin (hamaan) adabuun barbaachisaa dha jedhee amana. Hima biraan, yaaddamni kun kaayyoo adabbii akka teechisutti miidhaa yakki raawwatame hawaasarraan gahe gara-laafummaa tokko malee adabuun (haaloo bahuun) haqni akka dhugoomu taasisuun akka furmaata sirriitti fudhatamuu kan qabuu dha jedhee amana. Haalli yaaddamni kun yakkamaa itti adabu adeemsa mataa isaa kan qabu waan ta’eef bifa haaloo bahuun kan adeemsifamu haa fakkaatu malee haaloo bahuu wajjiin tokko miti<sup>40</sup>.

Yaaddamni kun ijoo baay’ee irratti ceepha’ama. Keessumaa, adabbii akka adeemsa sirna nageenya fi dantaa uummataa ittiin eegsisanitti kan keessummeessu utuu hin ta’iin adabbiin of danda’ee mata isaatiin galma jedhee amana [bal’ina yaada kanaa armaan gaditti ilaalla]. Itti dabalees, haaluma yakkamaan miidhaa raawwateen bifa miidhaa gaheen wal-gituu danda’uun miidhaa irratti raawwachuun lammata namni sun gocha yakkaa keessatti akka hin hirmaanne kan taasisu gochuutti ida’ee namoota biroo ni barsiisa jedhee yaaduu isaati; yaadni kun garuu

---

<sup>39</sup> Ministry of capacity building, Comprehensive justice system reform program of Ethiopia, (1997), Finfinnee, fuula 49

<sup>40</sup> David mood, retributive and corrective justice, criminal law and private law, (2010) Stockholm, fuula 551

dogoggora ta'usaa beektotni yeroo baay'ee ni ibsu<sup>41</sup>. Seerri yakkaa keenyaa yaada yaaddama kanaa akka hin deeggarre bifa ifa ta'een teechisee jira<sup>42</sup>.

### **Deterrent theory (dhorkuu)**

Akka yaaddama adabbii kanaatti, kaayyoon adabbii nama yakka raawwate adabani hawaasatti mul'isuun namootni yaada yakka raawachuu qaban gara fuul duraatti gocha yakkaa keessatti akka hin hirmaanne taasisuu dha. Galmi isaas yakki akka hin raawwanne ittisuu waan ta'eef yaada deeggarsa beektotaa argatee dha. Yaaddamni kun yaadota bu'uura lameen armaan gaditti dhiyaatan bu'uura godhachuun yakki adabamuu qaba jedha. Isaanis,

- Nama yakka raawwate adabbii cimaa adabuun gara fuul-duraatti gocha yakkaa keessatti akka hin hirmaane akeekkachiisuu dha. Adeemsi kunis adeemsa addaa yakka ittiin ittisan (specific deterrence method) jedhamee fudhatama.
- Bifa suukkanneessaa ta'een yakkamaa adabuun sammuu namootaa keessatti sodaa uumanii namootni yaada yakka hojjechuu qaban yakka raawwachuutti akka of-qusatan taasisuu dha. Hawaasa bal'aa akeekkachiisuun kun taatee namootni hundi [yakkamaa ala kan jiran] yakka akka hin raawwanne ittisuu qabaata waan ta'eef (general deterrence effect) daangaan raawwatiinsa isaatii haa xiqqaatu malee baroota kana keessallee raawwatiinsa qabaataa jira.

Yaaddamni kun sammuu namoota gara fuul-duraatti yakka raawwachuuf jiran keessatti sodaa uumuun yakkarraa akka of ittisan taasissee nageenya hawaasaa mirkaneesuu dha. Namootni yakka kan raawwatan bu'aa fi miidhaa isaa erga madaalanii booda waan ta'eef adabbiin kennamu bu'a yakkarraa argame caaluu qaba jedha yaaddamni kun. Kaayyoo kanas kara adda addaa galmaan gaha. Isaanis, adabbii cimaa kan akka du'aa adabuu, biyyaa ari'uu, hidhuu, tajaajila hawaasummaa ala gochuu fi kkf yoo ta'an yaaddamni kun bara duriitti bal'inaan hojiirra oolaa tureera<sup>43</sup>; haa ta'u malee, yeroo ammaa kanas fudhatama kan qabu waan ta'eef biyyoota baay'ee keessatti [biyya keenya dabalatee] hojiirra oolaa jira<sup>44</sup>.

Haa ta'u malee, yaaddamni kun ijoo gurguddaa lamarratti hanqina qaba jedhamee fudhatama. Isaanis, yakkamtoota garaa jabaatan jechuunis kanneen miidhaa irra gahe hubatanii yaada yakka

---

<sup>41</sup> Neetij Rai, theories of punishment with special focus on reformatory theory, fuula 2

<sup>42</sup> Seera yakkaa , seensaa fi kwt 1

<sup>43</sup> Deterrence theory (<http://marisluste.files.wordpress.com/2010/11/deterrence-theory.pdf>)

<sup>44</sup> Seera yakkaa, kwt 1

raawwachuu qaban jijjiirrachuuf yaada hin qabne (hardened criminals) irratti adabbiin roga yaaddamni kun yaaduun bu'aa guddaa kan fidu miti. Itti dabalees, yakkoota battalatti (utuu itti hin yaadiin) raawwataman ammeenyummaa yakkamaa waan hin agarsiifneef nama sana bifa ammeenyummaa qabuun adabuun namoota biroof fakkeenya akka ta'u gochuun haqummaa kan hin qabne ta'utti ida'ee nama sanas gara fuul-duraatti yakkarraa ni ittisa jedhanii fudhachuun amansiisaa miti.

### **Preventive theory (Ittisuu)**

Yaaddamni adabbii *preventive theory* jedhamu qaama yaaddama adabbii deterrent theory jedhamuuti jechuun ni danda'ama. Namni yakka raawwate dabalee yakka biraa akka hin raawwannetti dadhabsiisuu dha kaayyoon adabbii jedhee amana yaaddamni kun. Dhaadannoon isaas 'Haaloo bahuu miti; dabalee yakka akka hin raawwanne dadhabsiisuu dha' jedha. Haaluma kanaan, nama yakka raawwate carraa dabalee yakka raawwachuu qabu maloota adda addaatti fayyadamuun dhabsiisuu dha. Malootni sunis, hidhaa, ajjeesuu, biyyaa baasuu, hayyama inni qabu haquu, aangoo inni qabu irraa kaasuu fi kkf raawwachuu of keessatti hammachuu danda'a. Qaamni seera baasu gocha tokko yakka taasisuun akka adabamu yeroo tumu kaayyoo fi fedha gochichi akka hin raawwatamne yaadeeti. Kanaafuu, yakki dabalee akka hin raawwatamne gochuun kaayyoo adabbii yakkaa akka addunyaatti fudhatama argatan keessaa isa guddaa tokko dha.

Ogeessota adda addaatiin yaaddamni adabbii kun hanqina akka qabutti fudhatama. Isaanis, namni akka tasaa yakka raawwatu duraanuu amalaa fi yaada yakka raawwachuu waan hin qabneef lammata yakka akka hin raawwanne jiilchuuf tarkaanfii cimaa fudhachuun barbaachisaa miti. Gama biraan, namni dabalee yakka akka hin hojjenne jiilchuuf tarkaanfiin fudhatamu darbee darbee namni sun garaa akka jabaatu waan taasisuuf yakkarraa isa ittisuurra yakka dabalee akka raawwatu utuu taasisuu mul'ata<sup>45</sup>.

### **Reformative theory (haaromsuu)**

Yaaddamni adabbii armaan olitti ilaalle, yakka hawaasa keessatti raawwatamu xiqqeessuu akka hin dandeenye waan hubatameef, yaaddamni adabbii haaraa reformative theory jedhamu jaarraa

---

<sup>45</sup> Miiljalee olii

18ffaa keessa akka uumamu ta'e. Keessumaa, waa'een mirga namoomaa beekamtii fi fudhatamummaa argachaa erga dhufee as yaaddamni kun hojiirra ooluu eegale. Yaaddamni kun akka yaaddama biroo yakka irratti utuu hin ta'iin yakkamaa irratti xiyyeeffachuun jijjiirraa amalaa akka fidu gochuun lammii seera kabajee jiraatu taasisuu kaayyoo jedhu qabatee adeema<sup>46</sup>. Haaluma kanaan, yaaddamni kun kaayyoo adabbii yeroo ibsu, "Kaayyoon adabbii amala nama yakka raawwatee jijjiiruu dha" jedha. Adabbiin dugda duuba utuu hin ta'iin fuuldura kan ilaalu waan ta'eef, mala herrega duraan ture ittiin cufan utuu hin ta'iin galmee jireenya haaraa ittiin banan jedhamee fudhatamaa jira.

Bifa wal-fakkaatuun, kitaabni tokko kaayyoo waliigala yaaddama kanaa Afaan Ingiliziin akka armaan gadiitti ibsa:

Under a *reformation* theory, rehabilitation is the center and the whole purpose of the sanctioning. We want to prevent future crime by, one way or another, making the offender suitable to coexist with the rest of the community without putting them in danger. This kind of punishment is a means to achieve the end: social justice and peace<sup>47</sup>.

Akkaataa yaaddama barumsa seeraa (jurisprudence) Roomaatti adabbiin nama yakka raawwate adabuu qofaaf kan oolu utuu hin ta'iin nama yakka raawwate haareessuu (sirreessuu) irratti harka caalaa kan xiyyeeffatu ta'uu hubachuun ni danda'ama<sup>48</sup>. Haala amantaa yaaddama adabbii kanaatti, yakki xiinsammuu fi qaama yakkamaa akkasumas haala jireenya hawaasaa fi qabatama naannoo wajjiin hariiroo kan qabu waan ta'eef yakkamaan akka yakkamaatti utuu hin ta'iin akka dhukkubsataatti ilaalamee keessummeeffamuu qaba jedhee amana<sup>49</sup>. Kanaafuu, adabbiin dawaa dhukuba yakkamaan qaburraa fayyisuun bor lammii gaarii isa taasisuuf fudhatamutti (kennamutti) ilaalama jechuu dha. Haala kanaan, adabbiin yakkamaa miidhuuf tarkaanfii fudhatamu miti, kanaaf, adabbii suukkanneessaa kan akka reebichaa fi kkf yaaddama kanaa wajjiin waan hin deemneef ni balaaleeffata.

---

<sup>46</sup>N.V. Paranjape, *Criminology and Penology*, 12th Edi., Central Law Agency, Allahabad, fuula 207

<sup>47</sup>Isidora Errázuriz, *Employment of Ex-Offenders as a Restorative Practice*, (2011), University of Texas at Austin, fuula 15

<sup>48</sup>Kasha Raj Dahal, *Faujdari Bidhisashtra*, Nepal Law Society. Kathmandu, fuula 77

<sup>49</sup>Neetij Rai, theories of punishment with special focus on reformatory theory, fuula 6

Kanaafuu, abbaan seeraa yeroo murtii kennu haala namni yakka itti raawwate, maaliin akka raawwatee fi, umurii fi sadarkaa barumsa isaa qulqulleessuun adabbii amala nama sanaa jijjiiruu danda’u kennuu qaba. Manni sirreessaa gama isaatiin nama yakka hojjete hawaasa keessaa baasee dhibamsiisuu yookaan qobaatti galchuu utuu hin ta’iin yeroo turmaata hidhaa keessatti tooftaa ilaalcha yakka raawwachuu jijjiiruu danda’an kan akka keessummeessa jaalalaa fi wal sirreessuurratti hundaa’ee hojiirra oolchuu qaba. Tooftaan adabbii kun balleessitoota dargaggoo, namoota yeroo jalqabaaf yakka raawwatanii fi namoota yakka saal-quunnamtii raawwatan sirreessuu irratti bu’aa guddaa kan argamsiise waan ta’eef yaaddama adabbii olitti tarreeffaman keessaa isa filatamaa dha<sup>50</sup>.

Filatamummaan yaaddama kana agama hedduun mirkanaa’eera. Gama tokkoon, sirreeffamaan bor jireenya bu’aa buusuu danda’u akka jiraatuuf ilaalchaa fi maalummaa isaa guddisuurratti hojjeta. Jireenya ofii fi biyyaaf bu’aa buusuu danda’u jiraachuun ammoo jireenya yakka raawwachuutti nama hiikuuf dandeetti guddaa qabaaata; adeemsi kun ammoo nagaa fi tasgabpii hawaasaa mirkaneessuuf gumaacha guddaa xaphata. Gama biraan, adeemsichi of danda’ee adeemsi nagaa buusuu dha (restorative justice): yakkamaan yakka raawwateera jedhamee kan dhiphifame utuu hin ta’iin gara fuul-duraatti jireenya fooyya’aa haa jiraatu jedhamee wallaanamaa ture waan ta’eef qaama irratti aaloo ba’u hin qabu<sup>51</sup>.

Akkuma yaaddama adabbii biroo yaaddamni adabbii kun ceephoo adda addaarrra bilisa miti. Yakkamtootni akka dhukubsatoota bor fayyuun hawaasaaf bu’aa buusuu danda’aniitti kan ilaalaman yoo ta’ellee namootni ilaalcha yakka raawwachuuttii furamuu hin barbaanne hedduu waan ta’aniif jijjiirraa amalaa fiduun kaayyoo adabbii ta’uu qaba yaadni jedhu hanqina qaba jedhamee fudhatama. Gama biraan, mana sirreessaa bakka jireenya mijataa taasifna yoo jenne keessumaa namootni harka qalleenyiif bakka baqaa ta’uu danda’a. Sababa kanaaf, ta’uu hin ooluu, erga yaaddamni kun hojiirra oolee as saffinsi raawwatiinsa yakkaa yeroo gara yerootti dabalaa jira. Kanaafuu, adeemsa sirreessa sirreeffamtootaa keessatti yaaddama sirreeffamtoota

---

<sup>50</sup> Miiljalee olii, fuula 7

<sup>51</sup> Fakkeenyaaf, Isidora Errázuriz, Employment of Ex-Offenders as a Restorative Practice, University of Texas at Austin, fuula 8

haaressuu jedhu (reformative theory) guutummaatti qobaasaa hojjiirra oolchuun bu'aa sukkanneessaa fi fudhatama hin qabne hordofsiisuu danda'a jedhanii qaamoleen kaasan jiru<sup>52</sup>.

### **Qooda Sirreeffamtoota Sirreessuun Sirna Haqa Yakkaa Keessatti Qabu**

Sirni haqa yakkaa sirna raawwii qaamoleen mootummaa adeemsa ijaarsa siyaasa-dinagdee keessatti namootni dhuunfaa fi hawaasni ol'aantummaa seeraa kabajanii akka jiraatan gochuun raawwii yakkaa to'atanii fi xiqqeessan akkasumas namoota yakka raawwatan seeratti dhiyeessanii adabaniif fi jijjiirraa amalaa fidanii (sirreeffamani) akka bahan gochuu irratti xiyyeeffata<sup>53</sup>. Kanaafuu, sirni haqa yakkaa biyya tokkoo sirna yakka ittiin to'atan akkasumas nama yakka raawwate adabaniif fi gara fuul-duraatti lammii seera kabaju godhanii baasuuf hojii sirreeffama sirreeffamtoota hojjechuu of keessatti hammata. Bifa kanaan, hojiin sirreeffamtoota seeraa sirreessuu hojii sirna haqa yakkaa keessatti hojjetamu qofa utuu hin ta'iin hojiiwwan sirna haqaa keessatti hojjetaman keessaa isa guddaa tokkoo dha jechuun ni danda'ama.

Sirna haqa yakkaa biyyoota adda addaa keessatti haalli yakkamaa ittiin adaban garagarummaa guddaa qaba; garagarummaan kunis yaaddama adabbii biyyi sun hordoftu irratti hundaa'uu danda'a. Yaaddamni sunniin keessaa [armaan gaditti akka ilaallu] baay'een isaanii haalli isaan raawwatiinsa qabaatan guddaa yoo ta'u yeroo ammaa kanatti yaaddamni fudhatama argachaa jiru yaaddama adabbii namoota yakka raawwatan gochaa yakkaa raawwatanitti gaabbaniif bor lamii oomishaa fi seera kabaju akkasumas tattaaffii guddina dinagdee fi hawaasummaa biyyaa keessatti gumaacha isarraa eegamu bahuu danda'u godhanii baasuu jedhurratti xiyyeeffatutu fudhatamummaa argachaa jira.

Gara biyya Itoophiyaatti yeroo deebinu, sirni haqa yakkaa Itoophiyaa sirna raawwii qaamolee mootummaa jechuunis seera tumtuu, seera hiiktuu, seera raawwachiiftuu fi dhaabbilee leenjii fi qorannoo seeraa fi hojjiirra oolmaa seeraa of-keessatti kan hammatuu yoo ta'u kaayyoon isaas yakka ittisuu fi adabuun, nageenyaa fi misooma hawaasaa fi mootummaa mirkaneessuu dha<sup>54</sup>. Qaamolee yakki akka hin raawwatamne taasisuu keessatti gahee qabaatan keessaa tokko mana sirreessaa dha. Biyya keenya keessattis, manni sirreessaa qaama seera raawwachiiftuu waan

---

<sup>52</sup> Miiljalee lak 48, fuula 7

<sup>53</sup> Wikipedia: the free encyclopedia ([http://en.wikipedia.org/wiki/Criminal\\_justice#Corrections](http://en.wikipedia.org/wiki/Criminal_justice#Corrections)) accessed on March 10, 2014

<sup>54</sup> Ministry of capacity building, *Comprehensive justice system reform program of Ethiopia*, (1997), Finfinnee, fuula 46-50



ta'eef hojiin mana sirreessaa fi adeemsi raawwii sirreeffamtoota sirreessuuf taasifamu hojii sirna haqaa keessatti hojjetamuu dha jechuun ni danda'ama<sup>55</sup>. Imaamatni sirna haqa yakkaa Itoophiyaa bara 2003 bahe hojiin sirreeffamtoota seeraa sirreessuu hojii sirna haqa yakkaa biyyattii keessatti hojjetaman keessa tokko akka ta'e bifa ifa ta'een teechisee jira<sup>56</sup>.

Kaayyoon hojii kanaas adeemsa adabbii mana murtiitiin kenname raawwachiisuu keessatti sirreeffamaa lammii oomishaa taasisuun hawaasatti yeroo makamu jireenya nagaa akka jiraatu dandeessisuun faayidaa fi mirga akkasumas nagaa fi tasgabbi hawaasaa fi mootummaa akka mirkanaa'u gochuu dha. Bifuma wal-fakkaatuun, labsiin hundeeffama komishinii manneen sirreessaa Federaalaa akka ibsutti [bal'inni isaa armaan gaditti dhiyaateera], gaheen hojii fi kaayyoon hundeeffama manneen sirreessaa namoota mana murtiin adabbiin irratti darbun gara isaaniitti ergaman simachuun jijjiirraa amalaa fidanii akkasumas dandeettii ofiin hojjetanii of-bulchuu horatanii lammii seera kabaju ta'anii hawaasa bal'aatti akka makaman gochuu dha. Imaammataa sirna haqa yakkaa fi seerota adda addaa (fakkeenyaaf seera yakkaa fi labsiilee hundeeffama qaamolee raawwachiiftuu kan akka biroo haqaa fi komishinii manneen sirreessaa) yoo ilaallu hojiin sirreessa sirreeffamtoota hojii sirna haqa yakkaa biyya keenyaa keessatti qooda guddaa qabu ta'usaa argina.

### **Seenaa Manneen Sirreessaa Biyya Keenyaa: Ija Yaaddama Adabbiin Sakatta'uu**

Biyya Itoophiyaa keessatti, namni yakka raawwate jedhamee qabamuun to'annaa jala ooluu kan jalqabe bara dheeraa yoo ta'ellee haalli raawwatiinsa to'annaa kanaa bifa adda addaa calaqqisiisaa tureera. Bara 1916 dura manni sirreessaa afaan Amaaraatiin "Wahinii Ambaa" jedhamee beekama ture; yeroo sanatti namni yakka raawwate kan adabamuu fi hidhamu manneen namoota dhuunfaa, manneen muudamtoota sirnichaa, holqa, lafa bishaaniin marfame (eddo), mana himataa (miidhamaa dhuunfaa), handaara hallayyaa, mana nama wabii ta'ee fi kkf keessatti ture. Haalli qabiinsa mirga namummaa hidhamtoota kan yaadamu hin turre; wantoota jireenyaa guyyaaf barbaachisu kan akka nyaata illee yerootti argachuun kan yaadamu akka hin turre barreeffamni adda addaa ni ibsu<sup>57</sup>.

---

<sup>55</sup> Miiljalee olii, fuula 110

<sup>56</sup> Imaatama sirna haqa yakkaa Mootummaa RDFI, lak 5.3

<sup>57</sup> Komiishinii manneen sirreessaa oromiyaa, barruu kaayyoo, gahee hojii fi raawwii hojii komishinichaa ibsu, (2004), Finfinnee, fuula 8

Itoophiyaan miseensa Liigii mootummootaa (League of Nations) ta'uuf gaaffii dhiyaate fudhatama akka argatuuf haal-dureekayaman keessaa tokko bakka mirgi namummaa hidhamtootaa itti kabajamu (mana sirreessaa) akka hundeessitu waan tureef yeroo jalqabaaf magaalaa Finfinneetti bara 1916 manni sirreessaa “Alam Baqqanyi” hundaa’e. Haa ta’u malee, haalli ijaarsaa mana hidhaa sanaa fi haallii qabiinsa hidhamtootaa namoota to’annoo jala oolan sirreessuu fi haaromsuun lammii bu’aa buusu godhanii hawasatti deebisuu hin turre; harkaa fi miilla hidhuudhaan, reebuu fi ajjeessuun akkasumas biyyaa ari’uu irratti kan xiyyeeffate ture<sup>58</sup>.

Biyya Itoophiyaatti, manni sirreessaa seeraan kan hundeeffamee fi qaama caasaa mootummaa keessatti kan ramadame labsii mana sirreessaa, labsii lak 45 bara 1936tti bahe ture<sup>59</sup>. Labsiin sun kwt 13 qofa kan qabu yoo ta’u dhimmoota muraasa qofa irrattis xiyyeeffata. Isaanis, hundeeffama mana hidhaa, qabeenyaa hidhamtootaa, kutaa waliigalaa fi waa’ee naamusaati. Eegumsaa fi qabiinsa hidhamtootaa ilaalchisee dambii qaamoleen mootummaa gara gadii jiran baasaniin akka gaggeeffamu seericha kan ajaju waan ta’eef waa’ee mirga namummaa hidhamtootaas ta’e sirreessa sirreeffamtootaa irratti yaada dhiyeessu hin qabu. Guutummaatti ta’uu haa baatu malee labsiin kun hanga yeroo Labsiin Hundeeffama Komiishinii Manneen Sirreessaa Federaalaa, labsii lak 365/1995 baheetti tajaajila kennaa ture jechuun ni danda’ama<sup>60</sup>. Hima biraan kaa’uuf, manni hidhaa biyya keenya keessa ture mirga namummaa sirreeffamtootaa kan kabaju, keessumaa sirreeffamuu fi haara’uu sirreeffamtootaa irratti gonkumaa kan xiyyeeffate hin ture; yaada kanas sagantaa fi kaayyoo isaa keessaa hin qabu.

Kufaattii mootummaa Dargii booda, mootummaan ce’umsaa bara 1984 manni sirreessaa bifa haaraan hojii isaa akka eegalu taasise. Bifuma sanaan, naannoleenis manneen sirreessaa mataa isaaniitti akka hundeeffatan ta’ee. Naannoon Oromiyaa Adoolessa 1 bara 1985 manneen sirreessaa Oromiyaa hundeesse. Sana booda, biyya keenya keessatti manneen sirreessaa mootummaa federaalaa fi mootummaalee naannoon buluu eegalan. Ega mootummaan dimookraatawaa hundeeffamee as manneen sirreessaa namoota yakka hojjetan jedhamanii adabaman simatee eeguutti dabalee mirga namummaa isaanii eeguurrattis xiyyeeffachuu eegale. Keessumaa, heerri mootummaa FDR Itoophiyaa bara 1987 bahe kwt 21(1) irratti namootni adabbiin irratti kennamee to’annoo jala jiran mirga kabaja namummaa hunda argachuu akka

---

<sup>58</sup> Miiljalee olii

<sup>59</sup> Miiljalee lak 53

<sup>60</sup> Miiljalee olii

qaban teechisee waan jiruuf sirreeffamtootni mirga kabaja namummaa argachuutti dabalatee mirga sirreeffamuu fi haareffamuu akka qaban seeraan raggahaa hojjiirra akka oolu ta'eera.

Labsiin komiishinii mana sirreessaa Federaalaa, labsiin lak 365/1995, manneen sirreessaa biyya keenya bifa haaraatiin kaayyoo haaraa qabatanii akka hundeeffaman taasiseera. Seensi labsii kanaa akka ibsutti manneen sirreessaa adeemsa sirreeffamtoota seeraa eeguu keessatti jijjiirraa amalaa fi haaromfamuu sirreeffamtootaaf bakka bakka guddaa kennuun tattaaffii yakka ittisuuf taasifamu keessatti shooraa isaan irraa eegamu bahuu akka qaban akeekkachiisa. Hima biraan, haaromsi sirreeffamtoota kaayyoo fi gahee hojii manneen sirreessaa keessaa isa tokko ta'uun raawwii yakka ittisuuf raawwatamu keessatti akka ramadamu labsichi teechisuun isaa hammayya'uu manneen sirreessaa biyyichaa kan agarsiisuu dha. Bu'uuruma sanaan, kaayyoon hundeeffama manneen sirreessaa federaalaa sirreeffamtoota tajaajila haaromsaa kennuun jijjiirraa yaadaa fi amalaa akka fidan akkasumas seera kabajoo, naga-qabeessaa fi lammii misoomawaa akka ta'an taasisuu dha<sup>61</sup>. Haala caaseffama keewwata kanaarraa akka hubannutti sirreeffamtootni jijjiirraa yaadaa fi amalaa akka fidan gochuun lammii misooma biyyaa keessatti hirmaatee ofiisaa fi maatii isaa akkasumas biyya isaaf gahee isarraa eegamu bahuu danda'u godhanii sirreessuun kaayyoo manneen sirreessaa biyya keenyaa akka ta'ee dha.

Gara Oromiyaatti yeroo deebinu, caaseffamnii fi kaayyoon manneen sirreessaa naannoo Oromiyaa labsii hundeeffamaa fi gahee hojii qaamolee raawwachiiftuu naannoo Oromiyaa irra deebi'iin hundeesuuf bahe, labsii lak 163/2003 kan ibsame yoo ta'u sadarkaa komishiniitti akka hundaa'u ta'ee yeroo ammaa kana namoota to'annoo seeraa jala oolan beellama idilee, beellama yeroo fi murtii m/murtiin ergaman simatee eeguu keessatti tajaajila gorsaa, barumasa qalamaa fi leenjii ogummaa adda addaa kennuun sirreeffamtootni yakka raawwatanitti gaabbanii sirraa'uun yeroo gara hawaasaatti makaman lammii nagaa fi oomishaa ta'uun ijaarsa guddina dinagdee biyyaa keessatti gahee isaanii bahuu kan danda'an ta'utti dabalaniitti tattaaffii lammii yakka balaaleffatu horachuuf taasifamu keessattis gumaacha barbaachisaa ta'e akka kennan gochuu dha<sup>62</sup>.

Komiishiniin Manneen Sirreessaa Oromiyaa kaayyoo qabate kana galmaan gahuu kan isa dandeessisu caaseffama manneen sirreessaa tarsiimoo baafachuun hojjiirra oolchee jira. Haala

---

<sup>61</sup> Labsii hundeeffama manneen sirreessaa Federaalaa, kwt 5

<sup>62</sup> Miiljalee lak 56

tarsiimoo waliigalaa komiishinichaattis hojiimanneen sirreessaa raawwatan bakka gurguddaa sadiitti qoodamuu ni danda'a. Isaanis, sirreeffamtoota seeraa sirreessuu (correction and rehabilitation), mirga namummaa sirreeffamtootaa kabajuu fi nageenya manneen sirreessaa eeguu dha<sup>63</sup>. Hojiikunniinis, sirreeffamtoota seeraa sirreessuun/haaressuun hojii guddaa manneen sirreessaa Oromiyaa irratti xiyyeeffachuu qaban ta'uu kan agarsiisanii dha. Haaluma sanaanis, manneen sirreessaa Oromiyaa adeemsa hojii ijoo tokko kan qabu yoo ta'u adeemsichis adeemsa hojii ijoo sirreessa sirreeffamtoota seeraa tokkoo fi adeemsa deeggarsaa biroo of keessatti hammatee jira. Caaseffamni kunis akka mul'isutti hojiin sirreessa/haaromsa sirreeffamtootaa hojii ijoo manneen sirreessaa ta'uu fi kan irratti hojiietamaa jiru ta'uu agarsiisa.

Sirreeffamtoota sirreessuu/haaromsuuf hojiiwwan hojjetaman hedduu fi saayinsii irratti xiyyeeffachuu kan qaban waan ta'eef gahee isaanii kana raawwachuuf manneen sirreessaa Oromiyaa maal raawwachaa akka jiranii fi raawwiin isaaniis sadarkaa kamirra akka jiru boqonnaa itti aanu keessatti bal'inaan xiinxalameera.

---

<sup>63</sup> Maappii tarsiimowaa waliigalaa komishinii bulchiinsa manneen sirreessaa oromiyaa irraa kan fudhatame

## **BOQONNAA SADI**

### **Sirreeffamtoota Seeraa Haaromsuu: Haala Qabatama Manneen Sirreessaa Oromiyaa**

#### **Seensa**

Boqonnaa lammaffaa keessatti akka ibsame, manneen sirreessaa Oromiyaa of-danda'ee Adoolessa 1 bara 1985 sadarkaa naannootti bulchiinsa manneen sirreessaa 27 hammachuun hundaa'effaman. Bu'uura labsiilak 163/2003 tiin namoota yakka raawwataniru jedhamanii to'annoo seeraa jala oolan beellama idilee, beellama yeroo fi murtiin balleessummaa irratti darbe ajaja mana murtiin ergaman simatanii mirga namummaa isaanii kabajuu fi tajaajila hawaasummaa kennuun to'atu.

Tajaajila hawaasummaa barbaachisu jechuunis ogeessaan deeggaramuun tajaajila gorsa xiinsamuu fi seeraa, barumsa qalamaa fi leenjiwwan ogummaa aadda addaa kennuun sirreeffamtootni yakka raawwatanitti gaabbuun gara hawaasaatti yeroo makaman lammii nagaa fi oomishaa ta'anii ijaarsa guddina dinagdee biyyaa keessatti gahee isaanii akka bahan gochuu dha. Barnootnii fi leenjiwwan kennaman kanneen yeroo hunda sirreeffamtoota haaromsu irratti kan xiyyeeffatanii dha. Sirreeffamtoota haaromsuuf hojiiwwan haaromsaa manneen sirreessaa Oromiyaatiin hojjetaman kanneen qabatamatti hangam kaayyoo kana galmaan gahuu akka danda'anii fi galmaanis gahaa akka jiran boqonnaa kana keessatti dhimmoota bal'inaan xiinxalaman ta'u.

#### **Caaseffama Manneen Sirreessaa Oromiyaa: Gama Haaromsa Sirreeffamtootaa Mirkaneessuun Madaaluu**

Manneen sirreessaa Oromiyaa sirreeffamtoota lammii yakka balaaleffatuu, humna misooma fi guddina dingagdee biyyaa ta'an godhanii qaruun hawaasatti akka makaman gochuu ilaalchisee hojiiwwan hojjetaman galma akka gahaniif caaseffamaa fi xiyyeeffannoon manneen sirreessaa qaban hedduu barbaachisaa dha. Kallattii kanaan, caaseffama manneen sirreessaa Oromiyaa fi galma isaanii sakatta'uuf, manneen sirreessaa Oromiyaa adeemsa hojii ijoo tokkoo, kan toora xiyyeeffannoo sadii irratti hojjetu qabu. Toorri xiyyeeffannoo sunniinis sirreeffamtoota seeraa sirreessuu, mirga namooma sirreeffamtootaa kabajuu fi nageenya manneen sirreessaa mirkaneessuu dha. Haala caaseffama manneen sirreessaa Oromiyaa yeroo ammaa kanatti, sirreessi/haaromsi seerreeffamtootaa dhimmoota adeemsa hojii ijoo keessatti hojjetaman keessaa

isa tokko malee akka caaseffama duraan turetti adeemsa of danda'e miti. Adeemsi kun toora xiyyeeffannoo sadii of jalatti kan hammatu yoota'ellee maqaan adeemsichaa adeemsa hojii ijoo sirreessa sirreeffamtoota seeraa jedhame waamama. Haala kanaan moggaaffamuun isaa adeemsichi xiyyeeffannoo guddaahojii sirreessa sirreeffamtootaaf kennaa kan jiru ta'uu ibsa. Itti dabalees, hojiiwwan sirreeffamtoota haaromsuuf hojjetaman kan akka leenjii fi barnootaa hojjetoota abbaa adeemsa jalatti hojjetaniin hoogganamu. Haala kanaan, caaseffamuu adeemsa hojii ijoo fi gurmaa'uun hoggantootaa fiixaan bahumsa kaayyoo hojiiwwan haaromsa sirreeffamtootaa milkeessuun ni danda'ama.

Haa ta'u malee, hoggantootni m/sirreessaa tokko tokko akka ibsanitti sirreessi sirreeffamtoota seera of danda'ee adeemsa ta'uu dhabuun isaa hojiin haaromsa sirreeffamtootaa erga sirreeffamaan yeroo adabbii isaa xumuree bahee booda hawaasa keessatti hojjetamu m/sirreessaan akka hin hordofamne taaiseera hoggantootni jedhani jiru<sup>64</sup>. Itti dabalees, hoggantootni m/sirreessaa akka ibsanitti hojiiwwan abbaan adeemsa hojii ijoo sirreessa sirreeffamtoota seeraa m/sirreessaa keessatti hojjetu baay'ee waan ta'eef namootni sirreeffamanii bahan haala kamirra akka jiran hordofuun rakkisaadha jedhu<sup>65</sup>. Manneen sirreessaa haaromsa sirreeffamtootaa dhugaa fiduun addunyaatti beekaman kan akka Kaaliforniyaa, sirreessa sirreeffamtootaa adeemsa of-danda'e tokko taasisuun caasessanii jiru<sup>66</sup>.

Kaayyoo hojiiwwan haaromsaa galmaan gahuu keessatti caaseffamamni diriirsamee jiru qaawwa kan qabu yoo ta'ellee kaayyoo mana sirreessaa galmaan gahuuf ijaarsa raayyaa adda addaa akka qindeeffaman ta'eera. Fakkeenyaaf, koree simataa, koree barumsaa fi leenjii, koree waldaa hojii gamtaa fi kkf hundeessuun hojiin haaromsaa galma akka gahuuf hojjetamaa jira. Bakka bu'ootni koreewwan kanneenii walitti dhufanii koree waliigalaa kan uuman yoo ta'u yeroo yerootti abbaa adeemsa hojii ijoo wajjiin mari'achuun rakkina sirreeffamtootni qaban furuuf yaaliin ni taasifama. Manneen sirreessaa hojiiwwan haaromsa sirreeffamtootaa qobaa isaa utuu hin ta'iin qaamolee mootummaa fi miti-mootummaa adda addaa wajjiin ta'uun hojjetu. Fakkeenyaaf,

---

<sup>64</sup> Fakkeenyaaf, Komaandar Jeeyilaan Mahammad, Hogganaa m/s Arsii Lixaa fi Komandar Malaku Fayisaa, Hogganaa M/sirreessaa Shawaa bahaa, wal-duraa duubaan af-gaaffii gaafa 12-3-2006 fi 16-3-2006 waliin gaggeeffame

<sup>65</sup> Fakkeenyaaf, Komandar Taarikuu Gannatii, hogganaa M/sirreessaa Shawaa Lixaa, af-gaaffii gaafa 16-3-2006 waliin gaggeeffame

<sup>66</sup>[http://www.allgov.com/usa/ca/departments/independent-agencies/department\\_of\\_corrections\\_and\\_rehabilitation](http://www.allgov.com/usa/ca/departments/independent-agencies/department_of_corrections_and_rehabilitation) (Caamsaa 13,2006 toora interneetii irraa dubbifame)

dhimma fayyaa irratti biiroo fayyaa, dhimma barumsaa biiroo barumsaa, dhimmaa leenjii BLTO fi kkf wajjiin ta'uun haaromsa sirreeffamtootaaf hojjetu. Qaamoleen kanneenis hojiiwwan haaromsa sirreeffamtoota akka hojii isaanitti fudhachuun dhibaa'ummaa tokko malee akka hojjetaniif manneen sirreessaa wajjiin charterii lammiilee mallatteessanii jiru. Haala kanaan tokkoo tokkoo sirreeffamaa bira gahuu fi to'achuun kan danda'ame yoo ta'u ijaarsi taasifame kun qindoominni bulchiinsaa manneen sirreessaa Oromiyaa keessa jiraachuu mallattoowwan agarsiisan keessaa isa tokko jechuun ni danda'ama.

### **Hojiiwwan haaromsa sirreeffamtoota seeraa Oromiyaa**

Sirreeffamtoota sirreessuu/haaromsuun hojii bal'aa fi wal-xaxaa waan ta'eef hojii sagantaa adda addaa fi hirmaannaa qaamoolee baay'ee barbaaduu dha<sup>67</sup>. Manni sirreessaa abbaa hojichaa waan ta'eef adeemsa hojicha galmaan gahuu keessatti tooftawwan garagaraa fayyadamuun karoora isaa galmaan gaha; qaamoleen mootummaa, hawaasummaa, amantii fi dhaabbileen miti mootummaa kallattii fi al-kallattiin hojiiwwan haaromsa sirreeffamtoota keessatti akka hirmaatan taasisuu qaba. Haala kanaan, hojiiwwan sirreeffamtoota haaromsuuf jecha hojjetaman bakka gurguddaa afurti qoodamuu danda'u. Isaanis, kaayyoo fi galma hojii haaromsaa adda baasanii ibsuu, manni sirreessaa bakka sirreeffamtoota sirreessuu danda'u taasisanii mijeessuu, gahee qaamolee adda addaa addabaasanii beeksisuu fi jajjabeessuu, fi hojiiwwan sirreeffamtoota hawaasaa wajjiin wal-taasisuu danda'an hojjechuu dha. Bu'uuruma kanaan, hojiiwwan haaromsa sirreeffamtoota seeraa Oromiyaa mata-duree gurguddaa afur jalatti qoonnee maal akka fakkaatan akka armaan gadiitti xiinxaluuf yaalla.

### **Kaayyoo fi Galma Hojiiwwan Haaromsaa Adda Baasuu**

Hojiiwwan haaromsa sirreeffamtoota keessatti hojiin jalqaba hojjetamuu qabu hojii kaayyoo fi galma haaromsa sirreeffamtoota adda baasuu fi, milkaa'inaa fi kufaatii isaa fo'anii ibsuu danda'uu dha<sup>68</sup>. Haala kanaan, hojiiwwan haaromsaa maal akka ta'anii fi hirmaatotni hojichaas eenyu ta'uu akka qaban adda baasuu akkasumas bu'aan hojicharraa eegamu maal ta'uu akka danda'u tilmaamuu of keessatti hammachuu danda'a. Karoorri bahu kun sirreeffamtoota yeroo

---

<sup>67</sup> Andrew Coyle, A human right approach to prison management, 2<sup>nd</sup> ed., (2009), fuula 87

<sup>68</sup> Emily A. Whitney, Correctional Rehabilitation Programs and the Adoption of International Standards: How the United States Can Reduce Recidivism and Promote the National Interest, (The University of Iowa College of Law) (2009), fuula 796

dheeraa fi gabaabaa mana sirreessaa keessa turan kan hammatu, amala qofa utuu hin ta'iin ilaalcha hojjetanii of-jijjiiruu kan gonfachiisu akkasumas hawaasaa fi sirreeffamaa kan wal-taasisu ta'uu qaba<sup>69</sup>.

Galmaa fi karoorra hojiiwwan haaromsa mana sirreessaa keessatti hojjetaman adda baasuu fi sirreeffamtootatti tokko lama jedhanii ibsuu ilaalchisee hojiin manneen sirreessaa Oromiyaa keessatti hojjetamaa jiru jajjabeessaa ta'uu hoggantootni m/sirreessaa fi sirreeffamtootni ibsu<sup>70</sup>. Itti dabalees, gabatee fi keenyan manneen sirreessaa irratti beeksisni dhoobamanii jiran akka dubbatanitti kaayyoon waliigala mana sirreessaa, sirreeffamtoota lammii oomishaa fi seera kabaju taasisanii hawaasa bal'aatti makuu dha. Beeksisni dhoobaman kanneenitti dabalees sirreeffamaan mana sirreessaatti yeroo seenu hojiiwwan haaromsaa adda addaa akka hojjetamanii fi kaayyoon isaaniis maal akka ta'e gama koree simataan kan taasifamu ta'uu miseensotni koree kanaa fi hojjetootni m/sirreessaa ni dubbatu<sup>71</sup>. Itti dabalees, yeroo ramaddiin gaggeeffamus kaayyoo fi galmi hojiiwwan haaromsaa sirreeffamtootaaf akka ibsu hooggantootni manneen sirreessaa ni dubbatu; sirreeffamtootnis kanuma dhugaa bahu<sup>72</sup>. Kanaafuu, gama kaayyoo fi galma hojiiwwan haaromsaa sirreeffamtootaa fi hawaasa manneen sirreessaatiif ibsu ilaalchisee hojiin hojjetamaa jiru akka waliigalaatti gaarii dha jechuun ni danda'ama.

### **Mana Sirreessaa Iddoo Hojiin Haaromsa Itti Hojjetamu Taasisuu**

Harki caalaan hojii haaromsaa mana sirreessaa keessatti hojjetama. Kanaaf, manni sirreessaa bakka hojiin haaromsa sirreeffamtootaa itti hojjetamu godhanii mijeessuun barbaachisaa dha. Haala kanaan, mijaa'ina naannoo mana sirreessaa mirkaneessuu keessatti hojiiwwan gurguddoo

---

<sup>69</sup>Victoria Miceli, Analyzing the Effectiveness of Rehabilitation Programs, (University of Rhode), 2010, fuula 3

<sup>70</sup>Fakkeenyaaf, Komandar Ballaxaa Lataa fi Komandar Malaakuu Fayyisaa, walduraa duubaan hogganaa m/sirreessaa Wallaga Bahaa fi Shawaa Bahaa akka dubbatanitti hogganaa fi abbaan adeemsa adeemsa hojii ijoo ji'atti al sadii sirreeffamtoota dubbisuun yeroo yerootti kaayyoo m/sirreessaa akka ibsan ni dubbatu.

<sup>71</sup>Fakkeenyaaf sirreeffamtootnii fi miseensotni koree simannaa kan ta'an obbo Quufoo Galgaloo, Gammachuu fi AbbushAbdiisaa Huseen, sirreeffamtootni m/sirreessaa Adaamii Tulluu, af-gaaffii gaafa 11-3-2006 waliin gaggeeffame. Itti dabalee, ogeessi xiinsammuu obbo Ijiraa Fisahaa, hojjetaa m/sirreessaa Wallagga Bahaa, af-gaaffii gaafa 19-3-2006

<sup>72</sup> Fakkeenyaaf, Inispektar Olaanaa Fakir Hasan fi Tammiruu Kabbadee, wal-duraa duubaan bakka bu'aa hogganaa fi abbaa adeemsa adeemsa hojii ijoo sirreessa sirreeffamtoota m/sirreessaa Jimmaa, af-gaaffii gaafa 20-3-2006 waliin gaggeeffame



armaan gaditti tarreeffaman haaromsa sirreeffamtootaa dhugoomsuuf hojjetaman kanneen xiyyeeffannoo barbaadani dha:

### **Mana sirreessaa bakka jireenyaaf mijataa taasisu**

Adeemsa sirreeffamtoota haaromsuuf adeemamu keessatti hojii guddaa fi jalqabaa bakka hojiiwwan haaromsaa itti hojjetaman- mana sirreessaa- bakka hawwataa fi hojiiwwan haaromsaa hojjechuuf nama kakaasuu danda’u godhanii mijeessuu dha<sup>73</sup>. Mana sirreessaa bakka mijataa taasisuuf hojiiwwan hojjetaman, yoo xiqqaate, qajeelfama Mootummaan Gamtooman haala qabiinsa sirreeffamtootaa irratti baase kan guuttatan ta’uu qabu<sup>74</sup>. Bu’uura qajeelfama sanaan, manni sirreessaa nyaata, bishaan, kafana, bakka ciisichaa, tajaajila wallaansa fayyaa, naannoo qulqulluu fi bakka fi yeroo sochii qaamaa itti hojjetan gaarii ta’e sirreeffamtootaaf dhiyeessuuf dirqama qaba<sup>75</sup>. Gama biraan, mana sirreessaa bakka jireenyaaf mijataa taasisuuf bultoo namaaf kan oolan dhiyeessutti dabalee nageenyaa mana sirreessaa eegsisuunis barbaachisaa dha. Bu’uura kanaan, sirreeffamtootni amala gaarii akka horatan, walii isaanii wajjiin nagaan akka jiraatan akkasumas hojjetoota mana sirreessaa wajjiin hariiroo gaarii kan qaban ta’uu mirkaneessuun dirqama.

Haala qulqullina qabuun wantoota jireenyaaf barbaachisan dhiyeessuu fi nageenya naannoo mirkaneessuu ilaalchisee manneen sirreessaa Oromiyaa, haala durdaan turee wajjiin yoo madaalamu, sadarkaa fooyya’arra kan jiru ta’u hooggantootnii fi sirreeffamtootni ni dubbatu<sup>76</sup>. Haa ta’u malee, sababoota armaan gaditti dhiyaataniif manneen sirreessaa keenya sadarkaa barbaadamuu kan hin geenyee fi hojiiwwan haaromsaa hojjechuuf bakka nama kakaasan ta’aniiru jechuun rakkisaa ta’uu af-gaaffiin gaggeeffame ni ibsa.

- ♣ Manni sirreessaa guutummaatti kafana sirreeffamtootaaf hin dhiyeessu; sababa kanaaf, namootni galii fi fira hin qabne kafana dhabanii bakki itti rakkatan hedduu akka ta’e

---

<sup>73</sup> Rome Memorandum on Good Practices for rehabilitation and reintegration of violent extremist offenders, GCTF, 2012, fuula 6

<sup>74</sup> The United Nation’s Standard Minimum Rules for the Treatment of Prisoners (1957) jedhu ilaalaa. Akka qajeelfama kanaatti, haalli qabiinsa sirreeffamtootaa haala mirga namummaa sirreeffamtootaa kabajuun ta’ee manni sirreessaa nyaata, kafana, mana ciisichaa, bishaanii, bakka qulqullinaa fi kkf sirreeffamtootaaf yerootti dhiyeessuu qaba.

<sup>75</sup> Dambii qabiinsa sirreeffamtoota federaalaa, kwt 6-11

<sup>76</sup> Fakkeenyaaf, Inispektar olaanaa Fakir Hasan, bakka bu’aa abbaa adeemsa hojii ijoo sirreessa sirreeffamtoota seeraa Jimmaa, af-gaaffii gaafa 20-3-2006 waliin taasifame.

sirreeffamtootni ni dubbatu<sup>77</sup>. Yuunifoormiin (uccuun) sirreeffamtootaaf dhiyaachuu dhabuun sirreeffamtoota hojii haaromsaa dirree irratti hojjetan bobbaasani galchuu irratti dhiibbaa guddaa akka qabu hojjetaan dhaabba *Justice for all-prisons Ethiopia* jedhamu ni ibsu<sup>78</sup>.

- ♣ Manneen sirreessaa daataan irraa walitti qabame keessatti bakki ciisicha sirreeffamtootaa argaman sadarkaan qulqullinaa fi bal'ina isaanii daraan gadi aanaa dha jechuun ni danda'ama. Fakkeenyaaf, dowii fi af-gaaffiin gaggeeffame akka ibsutti, bakki ciisicha sirreeffamtoota mana sirreessaa Harargee Bahaa, Harargee Lixaa, Wallagga Bahaa fi Arsii Lixaa qulqullina kan hin qabnee (ilbiisota kan akka tukaanii fi antuuta kan qaban) fi baay'ee dhipoo kan ta'anii dha. Bakka fayyummaa namaa miidhuu keessa jiraachisaa akka haaroman/sirreeffaman taasisuun rakkisaa akka ta'e barreeffamtootni ni ibsu<sup>79</sup>.
- ♣ Tajaajjilli yaalaa gahaan sirreeffamtootaa kennuu ilaalchisee manneen sirreessaa rakkina guddaa akka qaban ni dubbatu. Fakkeenyaaf, baajata gahaa dhabuu, konkolaataa dhabuu fi hanqina humna namaaf jecha sirreeffamtoota haala barbaadamuun yaalchisuu ilaalchisee hanqinni guddaan akka jiru hooggantootni manneen sirreessaa dubbatu. Keessumaa, namootni dhukkuba sammuutiin dhukkubsatan tajaajila yaalumsaa atattamaa waan hin arganneef rakkina guddaa keessa akka jiran sirreeffamtootni fi ogeessotni xiinsamuu ni ibsu<sup>80</sup>. Namoota rakkoo akkasii qaban gara adaamaatti erguun tajaajila barbaachisu akka arganiif yaaliin taasifamaa kan jiru yoo ta'ellee rakinni jiru ammayyuu guddaa akka ta'e qaamolee eeraman kanneen jala muranii dubbatu<sup>81</sup>.

### **Sirna odeeffannoo diriirsuu**

Dhimmoota maalummaa sirreeffamaa ibsuu danda'an, fakkeenyaaf maqaa, umurii, ashaaraa, suura, bakka jireenyaa fi gosa yakka raawwatame manni sirreessaa galmeessee kaa'uuf dirqama

---

<sup>77</sup> Fakkeenyaaf, sirreeffamtootni mana sirreessaa Harargee Lixaa fi Arsii af-gaaffiin waliin taasifame muraasni rakkoo kafana dhabuutiin miidhamaa akka jiran dubbatu

<sup>78</sup> Shimallis Shawaangizawu, gorsaa seeraa dhaaba *Justice For All-Prison Ethiopia*

<sup>79</sup> Rome Memorandum on Good Practices for rehabilitation and reintegration of violent extremist offenders, GCTF, 2012, fuula 4

<sup>80</sup> Fakkeenyaaf, Maammoo Damisee, ogeessa xiinsamuu

<sup>81</sup> Fakkeenyaaf, ogeessi xiinsamuu mana sirreessaa Arsii akka ibsutti, bara darbe keessa namoota rakkoo samuu qaban 22 akka yaalamaniif gara Adaamaatti ergamanii turan; isaan keessaa 4 qofatu gara Hospitaala Amaanu'eelitti ergamanii yaalii gaarii akka argatan ta'aa jira. Kanneen hafan gara mana sirreessatti deebi'anii ammayyuu rakkachaa jiru. Dhiifamanillee akka gadi lakkiifaman hin taasifamne.

qaba<sup>82</sup>. Maalummaa sirreeffamaa tokkoo guutummaatti barreessanii kaa'uu fi odeeffannoo kana qaamolee biroo wajjiin haala ittiin wal harkaa fudhatan diriirsuun hojii haaromsa sirreeffamtootaa hojjechuu wajjiin walitti dhufeenya guddaa qaba<sup>83</sup>. Akkaataa sirreeffamaan gocha yakkaa keessatti hirmaachuu danda'uun adda qooduu fi keessummeessuuf, sirreeffamaa deddeebbi'aa adda baasuuf, haaromsuu sirreeffamaa hubachuu fi bu'a-qabeessummaa sirna haqa biyya tokkoo gamaggamaa deemuuf odeeffannoo maalummaa sirreeffamaa ibsu galmeessanii qabachuun hedduu murteessaa dha<sup>84</sup>. Gara naannoo keenyaatti yoo deebinu, yeroo ammaa kanatti, maalummaa sirreeffamaa fi hojiiwwan mana sirreessaa keessatti hojjetaman hunda galmeessanii qabachuun sagantaa haaromsa sirreeffamtootaa keessatti gumaacha isarraa eegamu akka bahu gochuu ilaalchisee fooyya'iinsi guuddan akka jiru af-gaaffiin gaggeeffame ni mul'isa<sup>85</sup>. Sirni odeeffannoo gahumsa qabu duraan diriiruu dhabuun sirreeffamaa deddeebi'aa adda baasuu dhabuu fi hariiroo manni sirreessaa qaamolee haqaa biroo wajjiin qabaachuu qabuu akka hin qabaanne dhimmoota taasisan keessaa akka tokkootti fudhatama.

- ♣ Sababa kanaaf, sirreeffamtootni yeroo baay'ee deddeebi'an akka adda hin baane, sagantaa haaromsa isaaniif barbaachisu keessa akka hin darbine dhimma gufuu ta'aa jiruu dha. Akka hoggantootnii manneen sirreessaa dubbatanitti, sirreeffamtootni yeroo shan, jaha ykn torba mana sirreessaa tokkotti deddeebi'aa jiran hedduu dha<sup>86</sup>. Hojjetootni manneen sirreessaa harka caalaa namoota kanneen galmeen utuu hin ta'iin fuulaan adda akka baasan ibsu<sup>87</sup>.
- ♣ Rakkoon kunis dhimmoota walitti hidhatan lamarraa maddu. Tokkoffaan, maalummaa sirreeffamaa tokkoo guutummaatti galmeessanii qabachuu dhabuu dha; lammaffaan, maqaa jijjiirrachuu nama yakka raawwateeti. Manni sirreessaa ashaaraa fi suura

---

<sup>82</sup> Standard minimum rules for the treatment of prisoners (1955 fi 1977), UN Congress on the prevention of crimes and treatment of offenders, part I and II

<sup>83</sup> Prisoners human rights and the condition of Ethiopian prison system, Ethiopian human right commission, 2012, fuula xii

<sup>84</sup> Miijalee olii, fuula 40-46

<sup>85</sup> Fakkeenyaaf, af-gaaffii Komandar Masfin Boggaalaa, Inispaktar Olaanaa Isheetee Neggasaa fi Komaandar Taariku Gannatii, walduraa dubaan hogganaa m/sirreessaa Arsii, Ejeree fi Shawaa Lixaa, af-gaaffii gaafa 2-4-2006, 15-3-2006 fi 17-3-2006, walduraa duubaan

<sup>86</sup> Fakkeenyaaf, Komandar Taariku Gannatii, hogganaa m/sirreessaa Shawaa Lixaa, af-gaaffii gaafa 17-3-2006 waliin gaggeeffame

<sup>87</sup> Miijalee olii

sirreeffamaa guutummaatti waan hin qabanneef sirreeffamaan tokko maqaa barbaade jijjiirratee yoo dhufu akka nama yeroo jalqabaaf mana sirreessaa seenetti fudhatamaa jira<sup>88</sup>.

- ♣ Gama kanaan manni sirreessaa hanqina mataa isaanii kan qabu yoo ta'ellee mudachuu rakkina kanaatiif qaamoleen haqaa guutummaatti itti gaafatamummaa isaa fudhachuu kan qabaniidha. Keessumaa, sirni haqa yakkaa eeruu poolisiitti dhiyaatuun kan eegalu akkasumas galmeen yakkaa guddaan harka poolisii waan taa'uuf rikoordii yakkaa qabaachuu himatamaa adda baasuuf carraa jalqabaa fi guddaa kan qabu poolisii dha. Haa ta'u malee, waajjira poolisiitti gama kanaan hanqina guddaatu mul'ata<sup>89</sup>. Hanqinni kunis rakkoo mana sirreessaan uumamuuf gumaachaa mataa isaatii taasisuurratti argama jechuun ni danda'ama.

### **Ogummaa fi dandeettii hojjetoota mana sirreessaa guddisuu**

Hojiin sirreeffamtoota haaromsuu fi hawaasaa wajjiin wal-taasisuu, hojii wal-xaxaa fi yeroo gara yerootti bifa isaa jijjiirachuu danda'uu dha. Kanaaf, ogeessotnii fi hojjetootni hojjiwwan haaromsa sirreeffamtootaa keessatti hirmaatan, namoota haala gahumsa qabuun maalummaa hojii haaromsaa hubachuun hojiirra oolchan ta'uu qabu<sup>90</sup>. Hima biraan, hojjetootni leenjii ogummaa kennan, barumsa qalamaa barsiisan, gorsa xiinsamuu fi seeraa kennan akkasumas hooggantootni manneen sirreessaa ogummaa fi dandeettii sirreeffamtoota seeraa haaromsu qabaachu qabu; yeroo gara yeroottis dandeettii isaanii kana fooyyeffachuun galma gahuu hojii haaromsa sirreeffamtootaaf hedduu barbaachisaa dha.

Gama ogummaa fi dandeettii hojjetoota guddisuun hanqinni guddaan manneen sirreessaa Oromiyaa keessa akka jiru hoggantootni manneen sirreessaa af-gaaffiin waliin taasifame hundi ni ibsu. Hanqinni gama ogeessota hojii haaromsaa hojjetaniin jiru sababoota adda addarraa madduu danda'a:

---

<sup>88</sup> Komishinii mirga namooma sirreeffamtoota Itoophiyaa, Eegumsa mirga namooma sirreeffamtootaa: manneen sirreessaa Itoophiyaa keessatti, waxabajjii 2004, fuula XIII

<sup>89</sup> Inispectar Ahimad Araba fi Mahamad Kadir, qorattootaa yakkaa, Waajjira Poolisii Godina Arsii, af-gaaffii gaafa 1-4-2006 waliin gaggeeffame

<sup>90</sup> African human right commission, Declaration and plan of action on accelerating prisons and penal reforms in Africa, the ouagandougou declaraton and plan of action on accelerating prisons and penal reogorm in Africa, 2002, kwt 4(d)

- ♣ Baayyinni hojii haaromsaa hojjetamuu fi humani ogeessaa bakka sana jiru wal hin simu; hojiin baay'ee yoo ta'u ogeessotni hojicha raawwatan muraasa ta'uu hoggantootni m/sirreessa ni dubbatu<sup>91</sup>. Manneen sirreessaa tokko tokko ogeessota leenjii ogummaa, fakkeenyaaf leenjii uccuu fi xilfii hodhuu barsiisan akka hin qabne hoggantootni fi sirreeffamtootni ni ibsu (bal'inni dhimma kanaa armaan gaditti dhiyaateera).
- ♣ Gahumsii fi dandeettiin namoota leenjii kennanii fi hojiiwwan haaromsa sirreeffamtootaa keessatti hirmaatan sadarkaa barbaadamu gadi jechuun ni danda'ama. Sadarkaan barumsa (leenjii) namoota leenjii ogummaa kennan hundi *level I* fi isaa gadi dha<sup>92</sup>. Yeroo yerottis leenjii waan hin arganneef hubannoo gahaa fi yeroo wajjiin tarkaanfatu argachaa akka hin jirre namootni hojiiwwan haaromsa sirreeffamtootaa keessatti hirmaatan ni ibsu<sup>93</sup>.
- ♣ Hojjetootni manneen sirreessaa hundi, xiqqaatus guddatus, haaromuu sirreeffamtootaa keessatti shoorra qabu. Sirreeffamtootaa wajjiin oolu waan ta'eef amala badaa/gaarii sirreeffamtootaa adda baasuu, haala sirreeffamtoota haaromsuu danda'uun wajjiin dubbachuu/ajajuu, wal-dhabdee to'achuu fi furuu, fi kkf keessatti ni hirmaatu. Hojiiwwan kanneen ammoo kallattiin hojiiwwan haaromsa sirreeffamtootaa wajjiin walitti hidhata qabu. Kanaafuu, leenjii fi mala gahaa dhimmoota kanneen itti keessummeessan dhabuun hojjetootaa, galma ga'iinsa hojiiwwan haaromsaa rakkoowwan boodatti harkisan keessaa isa tokko jechuun ni dana'ama.
- ♣ Haa ta'u malee, manni sirreessaa wiirtuu leenjii hojjetoota isaa ergee itti leenjisuu fi hubannoo wayitaawaa akka argatan taasisu dhabuun hanqina ogeessotaa mudachaa jiruuf akka sababaatti dhimma eeramu akka ta'e hoggantootni manneen sirreessaa ni ibsu<sup>94</sup>.

### **Wal-quunnamtii (hariiroo) sirreeffamtootaa guddisuu**

Barbaachisummaan mirkaneessa nageenya mana sirreessaa akkuma jirutti ta'ee, sirreeffamtootaa gidduutti akkasumas sirreeffamtootaa fi hawaasa gidduutti hariiroon gaarii fi odeeffannoon

---

<sup>91</sup>Hoggantootni m/sirreessaa af-gaaffiin waliin taasifame hundi akka ibsanitti hanqinni human namaa cimaatu m/sirreessaa Oromiyaa keessa akka jiru dubbatu. Namoota yaada kana ibsan keessaa muraasa ibsuuf, Inispectar olaanaa, Isheete Naggasaa, hogganaa m/sirreessaa Ejeree, Komandar Ballaxaa Lataa, hogganaa m/sirreessaa Wallaga Bahaa gama hanqina humna nama barateen jiru gudda dha

<sup>92</sup>Yahaannis Deggafaa, leenjisa m/sirreessaa Shawaa Lixaa, af-gaaffii gaafa 17 waliin gaggeeffame

<sup>93</sup>Miiljalee olii

<sup>94</sup>Fakkeenyaaf, Komadar Ahiin Adam, hogganaa m/sirreessaa Harargee Lixaa, ag-gaaffii gaafa 14-4-2006 gaggeeffame

wayitaawaa ta'e akka jiraatutti sirna wal-quunnamtii diriirsuun barbaachisaa dha. Sirna kana keessatti malootni odeeffannoo ittiin waliif dabarsan kan akka bilbilaa, e-mail, xalayaa fi kkf sirreeffamtootaaf dhiyeessuun hojii sirreeffamtoota haaromsuuf hojjetaman akka milkaa'an gochuu keessatti gumaacha mataa isaatii ni qabaata<sup>95</sup>. Muuxannoon naannoo Tigraay gama kanaan jiru akka ibsutti, tokkoo tokkoo blokiimanneen sirreessaa Maqalee keessa bilbilli uummataa fannifamee jira; uummatni yeroo barbaade bilbilee sirreeffamaa argachuu danda'a. Nageenya mana sirreessaa mirkaneessuuf jecha sirreeffamaan garuu gara uummataatti bilbiluu hin danda'u. Itti dabalees, interneii galchuurratti akka argaman dowiin taasifame ni agarsiisa.

Gara qabatama manneen sirreessaa Oromiyaatti yeroo deebinu, sirreeffamtootni guyyaa yeroo barbaadanitti kan wal arguu danda'an yoo ta'u maatii isaanii wajjinis bakka qophaa'etti wal arguun taa'anii wajjiin dubbachuu ni danda'u<sup>96</sup>. Itti dabalees, tajaajila barumsaaf jecha internetiigalchuuf yaalii guddaa taasiisaa akka jiran hogganaan mana sirreessaa Shawaa Lixaa ni dubbatu<sup>97</sup>. Haa ta'u malee, hanga yonaatti tajaajilli bilbilaa fi internetii m/sirreessaa Oromiyaa keessatti tajaajila akka kennan hin taane.

### **Sirreeffamtoota hojii haaromsaaf qopheessuu: fo'uu fi qooduu**

Adeemsa sirreeffamtoota haaromsuuf adeemamu keessatti hojiin guddaan tokko sirreeffamtootaa fi hojiiwwan haaromsaa walitti hidhuu dha. Sirreeffamaa hojii haaromsaa tokko, fakkeenyaaf hojii sibiliilaa, irratti ramaduu fi/ykn gorsa xiinsammuu akka argatu gochuun hojii salphaa miti. Sagantaan haaromsaa hojii murtaa'aa tokko, sirreeffamtoota hunda bifa tokkoon kan haaromsuu danda'u miti; maalummaa sirreeffamtootaa irratti hundaa'ee garagarummaa guddaa qabaachuu danda'a. Kanaafuu, hanga danda'amaa ta'etti, namni sirreeffamaa jiru maaliif yakka ittiin adabame akka araawwate, amalaa isaa fi carraa yakka dabalataa raawwachuu danda'uu isaa, mana sirreessaa utuu hin seeniin dura hojii akkamii hojjechaa akka turee fi seenaan jireenya isaa maal akka fakkatu, mana sirreessaa keessaa hangam turuu akka danda'uu fi kkf adda baasuun tajaajila gorsaa fi hojiiwwan haaromsaa nama sana sirreessuu danda'u irratti ramaduu of keessatti hammata.

---

<sup>95</sup> Rome Memorandum on Good Practices for rehabilitation and reintegration of violent extremist offenders, GCTF, 2012, fuula 7

<sup>96</sup> Manneen sirreessaa gidduutti garagarummaa kan qabaatu yoo ta'elle sirreeffamaan tokko maatiisaa sa'a lamaaf wajjiin ta'ee dubbachuu akka danda'u af-gaaffii gaggeeffamerraa hubatameera.

<sup>97</sup> Komaandar Taarikuu Gannatii, hogganaa m/sirreessaa Shawaa Bahaa, af-gaaffii gaafa 17-3-2006

Tokkoo tokkoo sirreeffamtootaa sagantaa haaromsaa keessa akka darban gochuu keessatti hojiin dagatamuu hin qabne tokko fedhaa fi dandeetti isaanii adda baasuun ramaduu dha. Fedha akka qabaatan akkasumas hojichi kan isaan fayyadu godhanii akka fudhatanitti sirreeffamtoota kakaasuu fi onnee keessatti uumuun, akkasumas wal akka to'atanii fi jajjabeessanitti gareen ijaaruun barbaachisaa dha. Itti dabalees, sirreeffamtootni hojii irratti ramadaman irratti gammadoo fi milkaa'oo ta'uu isaanii yeroo yerootti gamaaggamaa deemuun barbaachisaa dha.

Manneen sirreessaa Oromiyaa sirreeffamtootaa fi hojii haaromsaa walitti hidhuu ilaalchisee hojii guddaa hojjechaa akka jiran hooggantootni ni ibsu<sup>98</sup>. Haaluma sanaanis, sirreeffamtootni hojii haaromsaa fedhaa fi/ykn dandeettii irratti qaban irratti bobba'anii akka hojjetan akkasumas gorsa seeraa fi xiinsammuu akka argatan gochurratti argamu. Yakka fi amala badaa garagaraa irraas akka wal-to'atanii fi hojii haaromsaa irratti akka wal utubaniif sirreeffamtootni akka ijaaraman ta'aniiru<sup>99</sup>. Koree barumsaa fi leenjii akkasumas koreen hojii waldaa gamtaa koreewwan ramaddii fi hordoffii hojii haaromsa sirreeffamtootaa irratti hojjetanii dha.

Haa ta'u malee, gama kanaan rakkoon adda addaa manneen sirreessaa keessatti mul'achaa jiran muraasni akka jiran af-gaaffiin gaggeeffame ni ibsa<sup>100</sup>. Hanqinaaleen gama kanaan mul'atan muraasni kanneen armaan gadii eeruun ni danda'ama:

- ✓ Mana sirreessaa keessatti yakkootnii fi gochootni badaan raawwataman ammayyuu baay'een kan jiran ta'uu fi sagantaa haaromsa sirreeffamtootaa irratti dhiibbaa kan geessisu ta'uu sirreeffamtootnii fi qaamoleen af-gaaffiin waliin taasifame ni ibsu.
- ✓ Seenaa jireenya sirreeffamaa qorachuun hojii haaromsaatti ramaduu dhabuu fi kaka'umsa barbaadamu sirreeffamtoota keessatti uumuu dhabuu
- ✓ Sirreeffamtoota akka cimina yakkaa fi amala isaanitti adda fo'uun yakkaa fi amala badaa sirreeffamtoota biroo akka hin barsiifne gochuu dhabuu

---

<sup>98</sup> Fakkeenyaaf, komandar Asaffaa Galataa, komandar Jeeyilaan Mahamad fi Komandar Miliyoon Shawaqaannaa, walduraa duubaan hoganaa m/sirreessaa Harargee Bahaa, Hogganaa m/sirreessaa Harargee Lixaa, Abbaa adeemsa hojii ijoo sirreessa sirreeffamtoota seeraa m/sirreessaa Arsii Lixaa, af-gaaffii gaafa 20,4,2006, 15-4-2006 fi 12-3-2006 waliin gaggeeffame

<sup>99</sup> Wixinee Dambii ittiin bulmaata sirreeffamtoota seeraa Oromiyaa, Onkoloolessa 1997, Adamaa, kwt 75

<sup>100</sup> Miiljalee 98

### **Gahee Hojii Qaamolee Adda Addaa: Haaromsa Sirreeffamtootaa Keessatti**

Hojiin sirreeffamtoota haaromsuu hojiiwwan qaamolee adda addaatiin hojjetaman hedduu of-keessatti hammata. Qaamoleen sunis ogeessota xiinsamuu, ogeessota hawaasummaa, ogeessota (abbootii) amantaa, seera raawwachiistota, hawaasaa bal'aa, maatii sirreeffamtootaa, miidhamaa dhuunfaa fi kkf caqasuun ni danda'ama. Mata-duree kana jalatti, haaromsa sirreeffamtootaa keessatti qaamoleen kanneen hojiiwwan attamii akka hojjetanii, fi gama kanaan ciminaa fi hanqina kenniinsi tajaajila ogummaa qaamolee kanneeniin manneen sirreessaa keessatti kennamaa jiran qaban gabaabsinee akka armaan gadiitti xiinxalla.

### **Gahee qaamolee haqaa**

Mata-duree xiqqaa kana jalatti hojii haaromsa sirreeffamtoota seeraa hojjechuu keessatti gahee poolisiin, abbaan alanagaa fi manni murtii qabuu fi qabatamatti gahumsii fi hanqinni qaamoleen kanneen biratti mul'achaa jiru qabaabsinee kaafna. Akkuma beekamu sirni haqa yakkaa eeruu waajjira poolisiitti dhiyaate keessummeessuu irraa eegala; kanaaf, hojiin tajaajila haqaa qorannoo yakkaa keessatti hojjetamu milkaa'ina hojii haaromsa sirreeffamtootaa mana sirreessaa keessatti eegaluuf gumaacha guddaa qabaata. Bifuma wal-fakkaatuun, hojiin himannaa dhiyeessuu fi murtii kennuu hojii haaromsa sirreeffamtootaa keessatti gahee mataa isaatii xaphata.

Amansiisummaa, rogummaa fi fudhatamummaa ragaawwan adeemsa qorannoo yakkaa keessatti walitti qabaman qulqulleessuun keewwata dhimmichaa wajjiin wal-simuu danda'u eeranii himannaa dhissuu fi murtiin dhimmicharratti akka kennamu taasisuun namni yakka raawwate akka adabamu, namni yakka hin raawwanne ammoo akka hin adabamne taasisa. Keessumaa, namni yakka hin raawwanne dogoggora qaamolee haqaatiin mana sirreessaa seenee akka sirratuuf sagantaa haaromsaa keessa akka darbu taasisuun kaayyoo haaromsa sirreeffamtootaa galmaan kan gahuu miti. Kanaaf, abbootiin alangaa himannaa ragaa sobaarraa bilisa ta'e dhiyeessuun murtiin qulqullina qabu akka kennamu gochuun haaromsa sirreeffamtootaaf bu'aa buusaniiru jechuu dha. Manni murtiis seera jiru irratti hundaa'ee murtii haqa-qabeessa kennuun hojii haaromsaatiif deeggarsa gama isaaniitiin taasifamuu qabu raawwataniiru jechuu dha.

Namootni af-gaaffii deebisan akka ibsanitti, hojiin qorannoo yakkaa, himannaa dhiyeessuu fi murtii kennuu sadaraakn qulqullina isaanii sababoota armaan gadiitiif gita barbaadamuu gadi



jechuun ni danda'ama<sup>101</sup>. Gita sagantaa haaromsa sirreeffamtootaaf bu'aa gaarii buusuu danda'uu gadi ta'uusaa hanqina qabaachuu isaa agarsiisa. Qaamoleen af-gaaffiin waliin taasifame abbootiin alangaa, poolisootni, abbootiin seeraa fi sirreeffamtootni hojjiwwan qaamoleen haqaa kanneen hojjetan sababoota armaan gaditti tarreeffamaniif hanqinaalee mataa isaanii qabu jedhu<sup>102</sup>:

- ♣ Qorannoon yakkaa bakka yakki itti raawwate deemamee haala barbaadamuun qulqulleeffamaa hin jiru jechuun ni danda'ama; harki caalaan qorannoo yakka af-gaaffii shakkamaa wajjiin taasifamuu irratti hundaa'a jira<sup>103</sup>. Qorannoon bifa kanaan raawwatamu ragaa sobaa calalee hambisuu irratti hanqina guddaa qaba.
- ♣ Meeshaaleen qorannoo ittiin gaggeessan, baay'inni humana qorataa, gahumsi qorattoota yakkaa fi hariiroon qorattoota yakkaa fi abbootii alangaa gidduu jiru qorannoo yakkaa qulqullina barbaadamu akka hin gonfanne dhimmoota taasisan keessaa isaan ijoo dha<sup>104</sup>
- ♣ Himannaan qulqullina qabu kan dhiyaachuu danda'u qorannoo yakkaa qulqullina qaburratti. Kanaaf, qulqullina dhabuun qorannoo himannaan dhiyaachaa jiruu fi murtiin kennamaa jiru qulqullina barbaadamu qaba akka hin jenne taasisaa jira jechuun ni danda'ama.
- ♣ Hoggantootnii fi sirreeffamtootni akka dubbatanitti, sababa ragaa sobaaf namootni hidhamuun sagantaa haaromsaa keessa akka darban ta'aa jiran hedduu dha<sup>105</sup>. Namootni kanneen kaka'umsaa fi yaada hojii haaromsaa hojjechuu fi amantaa sirna haqaa irratti qaban kanneen biroo wajjiin yeroo madaalamu gadi aanaa dha. Gochaan kun

---

<sup>101</sup> Inispektar Mirkanaa Hacaaluu Abbaa adeemsa qorannoo yakkaa fi murtii haqaa kennisiisuu, qajeelcha poolisii Arsii Lixaa, A/seeraa Efreem Haayilee, Pirzidaantii m/murtii ol'aanaa Harargee Lixaa, A/Alangaa Amiin Adam, hogganaa qajeelcha haqaa Harargee Bahaa, walduraa duubaan af-gaaffii gaafa 12-3-2006, 15-4-2006 fi 18-2006 waliin gaggeeffame

<sup>102</sup> Fakkeenyaaf, miiljalee armaan olii

<sup>103</sup> Fakkeenyaaf, Fanes Galaanaa, qorataa yakkaa, Qajeelcha Poolisii Shawaa Lixaa; Inispektar Tasfaayee Xilahuun fi Itti aanaa saajin, qorataa fi ittisaa yakkaa, qajeelcha poolisii godina Jimmaa; A/alangaa Habtaamuu Dirribaa fi Muktaar Sharfudin, Qajeelcha Haqaa Godina Jimmaa; wal-duraa duubaan af-gaaffii gaafa 14-3-2006, 20-3-2006 fi 20-3-2006 waliin gaggeeffame

<sup>104</sup> Miiljalee olii

<sup>105</sup> Fakkeenyaaf, Darajjee xuurii fi Tolasaa Dhugumaa, sirreeffamtoota m/sirreessaa Wallaga Bahaa; Shaalom Kaasayee fi Sammuu Edoon, sirreeffamtoota m/sirreessaa Arsii, walduraa duubaan af-gaaffii gaafa 19-2006 fi 1-4-2006. Itti dabalees, miiljalee 98 ilaalaa

sirreeffamtoota kan biroo irrattilee taatee badaa ta'e qabaachaa akka jiru sirreeffamtootni hundi aariin dubbatu<sup>106</sup>.

- ♣ Qaamoleen haqaa kanneen qindoomanii hojjechaa kan jirani fi yeroo yerootti wal-gahani dhimma haqaa naannoo isaanii irratti kan mari'atan yoo ta'elle af-gaaffiin qaamolee kanneenii wajjiin gaggeeffame akka ibsutti hojii haaromsa sirreeffamtootaa akka ajandaa tokkotti qabachuun waliin itti deemuu irratti hanqinni akka jiru hundi isaanii ni eeru<sup>107</sup>.
- ♣ Sirreeffamtootni bu'uura seeraatiin karooraan kan bahan namni sirreeffamaa ture sun ulaagaalee seerri teechise kan guute ta'uu manni murtii yoo mirkaneesse qofa. Ulaagaalee kanneen keessaa garagarummaa abbootii seeraa gidduutti uumaa kan jiru ulaaga seera yakkaa kwt 202 (b) jalatti tumamee jiruu dha. Innis akkas jedha: sirreeffamaan miidhamaaf beenyaa kaffaluu qabu, kan manni murtii murteesse ykn miidhamaa wajjiin kan waliigale kaffalee xumuruusaa manni murtii mirkaneessuu qaba jedha. Sirreeffamaan yeroo hunda miidhamaa wajjiin araaramuu isaa ragaa dhiyeeffachuu qaba, kaffaltii isarraa eegamus kaffalee xumuruu qaba jedhani abbootiin seeraa ejjennoo qabachuun sirreeffamtootni karoora akka hin arganne taasisan hedduu dha. kanneen biroo ammoo ejjennoo kana hin hordofan. Ejjennoo wal-fakkaataan dhimma kanarratti dhibamuun dhimmoota sirreeffamtoota mufachiisaan keessaa isa tokko<sup>108</sup>.

### **Gahee Ogeessa gorsaa xiinsammuu**

Namni yakka raawwatee sirreeffamuuf mana sirreessaa seenu aaruu, dhiphachuu fi gadduun tarkaanffii badaa ofii isaa fi qaama biraa irratti fudhachuu danda'a. Namni kun yakka raawwachuun hawaasa bal'aa irraa adda waan baheef hamileen isaa ni xuqama- sana booda akka nama bu'aa hin qabnetti of fudhachuu, hawaasa mana sirreessaa dheessuu fi dhukkuba sammuu saaxilamuu danda'a. Kanaafuu, battala mana sirreessaa seenu irraa kaasee gorsa isa tasgabbeessu

---

<sup>106</sup> Miiljalee olii

<sup>107</sup> Fakkeenyaaf, af-gaaffii A/seeraa Amsaaluu Olaanii, pizidaantii M/murtii Olaanaa Shawaa Lixaa, af-gaaffii gaafa 15-3-2006 waliin gaggeeffame

<sup>108</sup> Inispektor Olaanaa Fakir Husen, b/bu'aa hogganaa fi Inispektor Taamirruu Kabbadee abbaa adeemsa hojii ijoo sirreessa sirreeffamtoota seeraa M/sirreessaa jimmaa, af-gaaffii gaafa 20-3-2006 waliin taasifame

argachuu qaba<sup>109</sup>. Gorsa rakkina xiinsamuu fi hawaasummaa furuu irratti xiyyeeffatu. Haala kanaan, gorsi kennamu rakkina dhuunfaa fi seenaa nama gorsa argatu sanaa giddu-galeessa godhachuu qaba<sup>110</sup>. Tajaajjilli gorsaa kun ogeessa xiinsamuu fi hawaasummaa dhimma kanarratti leenjii addaa argataniin kennamuun barbaachisaa dha.

Barbaachisummaa isaa hubachuun tajaajjilli gorsa xiinsamuu fi hawaasummaa manneen sirreessaa Oromiyaa keessatti kennamuu ergi eegalee bubbuleera. Tajaajjilli gorsa xiinsamuu yeroo sirreeffamaan mana sirreessaa seenu, yeroo mana sirreessaa keessa turuu fi mana sirreessaatii bahuuf jedhu kennama. Akka ogeessotni xiinsamuu jedhanitti, gorsi yeroo sirreeffamaan seenu kennamu gorsa haala baratama mana sirreessaa wajjiin nama haaraa dhufe wal-barsisuu fi wal ta'ee akka jiraatu taasisuu dha. Gorichis koree simataa sirreeffamtootaa fi ogeessa xiinsamuutiin kennama, akka qajeeltootti<sup>111</sup>. Koree simataatiin gorsi kennamu harki caalaan isaa qajeelfama jechuun ni danda'ama: qajeelfama waa'ee mirgaa fi dirqama sirreeffamaa maal akka ta'e ibsutu qajeelfama ittiin bulmaata sirreeffamtoota irratti hundaa'uun kennama. Itti dabalees, yakka raawwatetti akka gaabuu fi sirreeffamee bahuun lammii oomishaa akka ta'u irrattis gorsii fi qajeelfamni ni darba.

Bifuma wal-fakkaatuun, ogeessi xiinsamuu gama isaatiin manni sirreessaa bakka naga fi fayyaan jiraachuun danda'amu ta'usaa ibsuun sirreeffamaan haaraa seenu tasgabbaa'ee fi duudha manichaa wajjiin wal-ta'uun akka jiraatu gorsa<sup>112</sup>. Yeroo turmaata isaa keessattis rakkina hawaasummaa fi xiinsamuu isa quunnamu kamiyyuu ilaalchisee gorsa ogeessaa kan argatuu fi rakkina isaatiif kallattiin furmaataa akka kaa'amuuf gorsa ni kenna. Keessumaa, namootni murtii dheeraan itti murtaa'ee dhufan abdiin kutachuun gara jeequmsaa fi dhiphinaatti akka hin seennetti yaadaan akka jajjabeeffaman ni taasifamu.

Yeroo turmaata sirreeffamtootaa keessatti gorsi kennamu gocha yakkaa raawwatanitti akka gaabban, rakkina hawaasummaa fi xiinsamuu qabanittii akka furman, namootaan wal-ta'anii

---

<sup>109</sup> Cariag Hanery, the Psychological Impact of Incarceration, University of California, fuula 15

<sup>110</sup> Rome Memorandum on Good Practices for rehabilitation and reintegration of violent extremist offenders, GCTF, 2012, fuula 8

<sup>111</sup> Akka qajeelfama mana sirreessaatti, gorsi simannaa sirreeffamaa haaraa dhufeef kennamu ogeessa xiinsamuu, hawaasummaa fi koree simataan kennama. Haa ta'u malee, ogeessi xiinsamuu fi hawaasummaa manneen sirreessaa baay'ee keessa hin jiran; kanaaf, qabatamatti, gorsi seensa irratti kennamu koree simataa sirreeffamtootaa fi hojjetoota mana sirreessaa irraa walitti bahaniin kennama;

<sup>112</sup> Fakkeenyaaf, Zarihun Ayyanaa, Ogeessa Xiinsamuu, Komishinii m/sirreessaa Oromiyaa, gaafa 8-2-2006

akkamitti akka jiraatanii fi wal-dhabdee akkamitti akka furani, fi jireenya hafuuraattilee cimoo akka ta'an ilaalchisee gorsi sirreeffamtoota hundaaf ni kennama. Yeroo turmaataa keessa gorsi garee ykn dhuunfaan kennamuu danda'a. Namootni dhimma (case) wal-fakkaataa qaban walitti qabamanii gorfamu; kanneen dhimma adda ta'e qabaniif fi qobaatti qorsa barbaadaniif dhuunfaatti gorsa ni argatu. Akkasumas, dhimma nama (namoota) gorsa barbaadan irratti hundaa'ee gorsi yeroo gabaabaaf ykn walitti fufee yeroo dheeraaf kennamuu danda'a. Namoota rakkina sammuu qabaniif gorsi kennamu yeroo baay'ee dheeraa dha; gorsa ogeessa mana sirreessaatiin kennamuun furmaatni argamuu yoo baate gara mana wallaansa fayyaa dhimma kana ilaaluu danda'utti akka darbu taasifama<sup>113</sup>.

Bifa adda ta'een, sirreeffamtoota deddeebi'oo ta'aniif gorsa addaa qobaatti akka argatan ni taafsifamu<sup>114</sup>. Sirreeffamtootni kanneen maaliif yakka irra deddeebi'anii akka raawwatan gaafachuun gara fuul-duraatti gocha akkasiitti akka hin seenne xiyyeeffannoon akka gorsan ogeessotni gorsa xiinsamuu kennan ni ibsu. Fakkeenyaaf, akka gorsaa xiinsamuu tokkotti<sup>115</sup>, sirreeffamtootni deddeebi'oon yeroo baay'ee yakka hanna fi qabeenya namaa butuun adabamanii gara mana sirreessaa galu. Kanaaf, yakka akkasitti akka hin galleef leenjii kennamu fudhachuun yeroo mana sirreessaatii bahan jireenya mataa isaanii akka hundeeffatan, akkasittis akka of amansiisan gorsu.

Adabbii isaanii xumuranii ykn araaraan yeroo bahuuf jedhan sirreeffamtoota walitti qabuun yeroo turmaata isaanii keessatti hubannoo maalii akka argatan adda baasuun hawaasa yakkan akka araarfatan, ajjechaa suukkanneessaa raawwatanii kan dhufan yoo ta'e yeroof bakka akka jijjiiratan, dhukkuba akka *HIV* irra bilisa ta'uu isaanii akka qoratamanii fi gorsa akka argatan, jireenya yakkarraa bilisa ta'e akka jiraatanii fi hawaasaaf fakkeenya gaarii akka ta'ani, haaloo dhaan yakka akka hin raawwanne fi hawaasatti dafanii akka madaqan gorsi ni kennama<sup>116</sup>. Bu'uuruma sanaanis gorsa kennamu hojiirra akka oolchaniif hojjetoota manneen sirreessaa kan biroo wajjiin qindoomanii akka hojjetan ogeessotni xiinsammuu fi hawaasummaa ni dubbatu.

---

<sup>113</sup> Miiljalee olii

<sup>114</sup> Fakkeenyaaf, Maammoo Damisee, ogeessa xiinsammuu, m/sirreessaa Arsii, af-gaaffii gaafa 2-4-2006 waliin gaggeeffame

<sup>115</sup> Miiljalee olii

<sup>116</sup> Miiljalee olii

Sirreeffamtootnis gorsi kannamu jireenya mana sirreessaa keessattis ta'e mana sirreessaa alatti akka isaan gargaaru ibsu.

Tajaajilli gorsa xiinsammuu manneen sirreessaa Oromiyaatiin kennamaa jiru, haala duraan turee wajjiin wal bira qabamee yoo ilaalamu, sadarkaa jajjabeessaa irra jira jechuun kan danda'amu yoo ta'ellee sadarkaa barbaadamuu gadi akka ta'u hanqinaaleen taasisan hedduu dha. Isaan keessaa muraasni akka armaan gaditti tarreeffamaniiru:

- ♣ Manneen sirreessaa hunda keessa ogeessi tajaajila gorsa xiinsammuu kennu hin jiru<sup>117</sup>. Jiraachuu dhabuun ogeessaa kanaa tajaajila sirreeffamtootni gorsa kennamurraa argan dhabutti dabalee hojii haaromsa sirreeffamtootaa keessatti gahee gorsi kun xaphachuu qabu dhabsiisa.
- ♣ Gahumsa ogeessata xiinsammuu manneen sirreessaa keessaa hojjechaa jiran fooyyessuu ilaalchisee hanqinni guddaan akka jiru ogeessotni af-gaaffiin waliin taasifame hundi ni ibsu<sup>118</sup>. Akka ogeessotni sunniin dubbatanitti, manneen sirreessaa leenjii ogummaa cimsu yeroo yerootti kennafii hin jiru; leenjii qaamoleen miti-mootummaa tokko tokko darbee darbee kennaniif ammoo haala qabatama manneen sirreessaa Oromiyaa wajjiin kan wal simu miti. Muuxannoo manneen sirreessaa Oromiyaa keessaa jirullee waliif qooduun maliin mari'achaa rakkoo jiru akka furruuf sagantaan muuxannoo wal jijjiiruu ogeessota kanneeniif qopha'aa akka hin jirre ibsu<sup>119</sup>.
- ♣ Manneen sirreessaa haala hojiin kenniinsa gorsaa barbaaduun naannoo hojii mijeessuu dhabuun ogeessi tasgabbaa'ee akka hin teenye gochuutti dabalee tajaajilli gorsaa kennamu qahumsa akka dhabu taasisaa jira jedhu ogeessotni af-gaaffiin waliin gaggeeffame sunniin<sup>120</sup>. Kaffaltii (miindaa) gahaa dhabuu, qalamaa, barruulee fi kitaabaa dhabuun gama tokkoon bal'inaan kan mul'atu yoo ta'u gama biraan ammoo bakki

---

<sup>117</sup>Fakkeenyaaf, manneen sirreessaa daataan irraa walitti qabame sagal keessaa ogeessi xiinsammuu mana sirreessaa Arsii Lixaa, Jimmaa fi Harargee Lixaa keessa hin jiru.

<sup>118</sup> Zarihun Ayyaanaa, Mammoo Damisee, Addisuu Gammachuu, Ijiraa Fishaa fi Xannaa Daggafaa, wal-duraa duubaan ogeessa xiinsammuu komishinii m/sirreessaa Oromiyaa, m/sirreessaa Arsii, Shawaa Lixaa, Wallagga Bahaa fi Adaamii Tulluu.

<sup>119</sup> Miiljalee olii

<sup>120</sup> Miiljalee olii

(kutaan) isaan keessa taa'an tokko tokko iddoo dhiiraa fi dubartoota wal-qixa tajaajiluu danda'an miti<sup>121</sup>.

- ♣ Sirreeffamtootni gorsi ogeessaan kennamu dhuguma kan isaan fayyaduu danda'u ta'uu hubachuun walitti fufanii gorsa kennamu fudhachaa akka hin jirre ogeessotni dubbifaman ni ibsu. Akka ogeessotni sunniin dubbatanitti, rakkoo sammuu fi hawaasummaa qaban ilaalchisee furmaata argachuuf sirreeffamtootni gara ogeessa xiinsamuu dhaquu irraa gara bulchiinsa mana sirreessaa deemuu filatu. Karooraan bahuuf yeroo baatiin tokko hafu qajaalfama mana sirreessaa guutuuf jecha gorsa barbaacha ogeessa barbaadu; gorsa sadarkaa kanatti kennamu yoo ta'es haala barbaadamuun walitti fufiinsaan hordofuu irratti hanqinni guddaan jira jedhu ogeessotni sunniin<sup>122</sup>.
- ♣ Hojiin kenniinsa tajaajila gorsa xiinsammuu manneen sirreessaatiin xiyyeeffannoon barbaachisaan kennamaa akka hin jirre ogeessotni af-gaaffiin waliin gaggeeffame jala muranii dubbatu. Hojjetootni manneen sirreessaa baay'een militarii waan ta'niif ogeessota hawaasummaa/xiinsammuu sivilii ta'an akka bartama duraan turetti walitti qabani bulchuu barbaadu, akka ogeessotni sunniin ibsanitti<sup>123</sup>. Haala barbaadamuun beekamtii dhabuun isaanii ammoo hojii hojjechuu qaban yerootti akka hin hojjenne isaan taasisa. Akka ogeessi tokko dubbatutti<sup>124</sup>, "erga sirreeffamaan miidhamee booda akka ani imimmaan nama sanarraa haquuf na waamu" jedha.

### **Gahee Ogeessa gorsaa seeraa**

Ka'umsi hidhamuu (mana sirreessaa seenuu) seera cabsuu dha. Kanaaf, namni akka hin hidhamneef (keessumaa deddeebi'aa sirreeffamaa akka hin taaneef) hojiiwwan gurguddoo hojjetaman keessaa tokko barumsa seeraa hawaasa bal'aa barsiisuu dha. Bifuma wal-fakkaatuun, sirreeffamtootni gara fuul-duraatti deebi'anii yakka akka hin raawwannee fi lammii seera kabajuu akka ta'aniif haala adda ta'een barumsa seeraa argachuu qabu.

---

<sup>121</sup> Fakkeenyaaf, kutaa ogeessi xiinsammuu mana sirreessaa Arsii fi Shawaa Lixaa keessa ta'an mooraa dhiiraa keessatti waan argamuuf dubartootni akka garaa isaanitti ogeessaa deemanii dubbisuun rakkina isaanii furachuu akka hin dandeenye ogeessotni suunii fi sirreeffamtootni ni ibsu.

<sup>122</sup> Miiljalee lak 118

<sup>123</sup> Ijiraa Fisha, ogeessa xiinsammuu, m/sirreessaa Wallagga Baha, af-gaaffii gaafa 18-3-2006 waliin taasifame

<sup>124</sup> Ogeessaa xiinsammuu mana sirreessaa Arsii

Haaluma kanaan, manneen sirreessaa Oromiyaas hojiiwwan haaromsa sirreeffamtootaa dhugoomsuuf hojjetaman keessaa tokko seera barsiisuu ta'uu hubachuun sirreeffamtootni akka baratan taasisuu irratti argamu. Barumsichis heddumminaan abbootii alangaa godinaa ykn aanaa manni seeraa keessatti argamuun kennama<sup>125</sup>. Darbee darbee ammoo hojjetoota manneen sirreessaa seera baratan sirreeffamtoota seera barsiisaa jiru<sup>126</sup>. Hojiin barumsa seeraa sirreeffamtoota barsiisuu, akka qajeelfama jirutti, torbanitti al-tokko kennama<sup>127</sup>. Haa ta'u malee, sababoota hedduuf haala karoorfamee fi gita barbaadamuun kennamuu irratti hin argamu. Sababoota sanniin keessaa muraasni armaan gaditti ibsamaniiru:

- ♣ Armaan olitti akka ibsame, heddumminaan barumsi seeraa gama abbootii alangaatiin sirreeffamtootaaf kannamaa jira. Abbootiin seeraa ammoo, yeroo baay'ee, hojii idilee isaaniitiin qabamu-ko'oomu. Bu'uura qajeelfama jiruun –torbanitti al-tokko- dhufanii sirreeffamtoota barsiisaa akka hin jirree abbootiin alangaa, sirreeffamtootni fi hoggantootni manneen sirreessaa ni ibsu<sup>128</sup>. Kanaaf, sirreeffamtootni barumsa seeraa gita (baay'ina) barbaadamuun argachaa hin jiran jechuun ni danda'ama.
- ♣ Bakka baay'eetti haala jechuun danda'amuun, sirreeffamtootni barumsa abbootiin alangaa kennan fudhachuu ilaalchisee kaka'umsa hin qaban<sup>129</sup>. Maddi rakkinichaas hubannoo dhabuu fakkaata: sirreeffamtootni tokko tokko hidhamuu isaaniitiif abbootiin alangaa sababa jedhanii yaadu; keessumaa, sirreeffamtootni himannaa fi ragaa sobaan hidhame jedhanii yaadan tasgabbaa'anii barumsa darbu dhaggeeffachuurra gaaffii barumsa kennamuu wajjiin wal hin simne gaafachuun yeroo gubu, akka sirreeffamtootni dubbatanitti<sup>130</sup>.
- ♣ Akka sirreeffamtootni ibsanitti, barumsi gama hojjetootni manneen sirreessaan kennamuu gahumsa hin qabu. Gaaffii sirreeffamtootni gaafatanillee haala barbaadamuun hin

---

<sup>125</sup> Fakkeenyaaf, A/alangaa Amiin Adam, hogganaa qajeelcha haqaa godina Harargee bahaa, gaafa 20-4-2006

<sup>126</sup> Fakkeenyaaf, Komadar Miliyoon Shawaqaanaa, abbaa adeemsa hojii ijoo sirreessa sirreeffamtoota seeraa m/sirreessaa Arsii 12-3-2006

<sup>127</sup> Miiljalee olii

<sup>128</sup> A/alangaa Mulugeetaa Abarraa fi A/alangaa Habtaamuu Waaqjiraa, qajeelcha haqaa Wallaga bahaa, af-gaaffii gaafa 19-3-2006

<sup>129</sup> Miiljalee olii

<sup>130</sup> Miiljalee lak 105

deebisan jedhu, sirreeffamtooni af-gaaffii deebisan<sup>131</sup>. Bakka kanatti quubsaa ta'uu dhabuun barumsa seeraa galma gahumsa kaayyoo “sirreeffamtootni bor mana sirreessaa bahanii lammii ol'aantummaa seeraa kabajuu fi kabachiisu taasifna” jedhu boodatti harkisa.

### **Gahee abbootii (beektota) amantaa**

Barumsi amantaa barumsa namni hojii seera qabeessaa ta'ee akka hojjetu taasisuu dha jedhamee fudhatama. Namni yakka akka hin raawwanne gochuutti dabalee namni yakka raawwate (yeroo baay'ee) akka nama cibbuu hojjetetti waan fudhatamuuf akka qalbii diddiirratu taasifama; jecha seeraatiin, gocha raawwatetti akka gaabbu ta'a. Kanaafuu, barumsi amantaa hojiiwwan haaromsa sirreeffamtootaa dhugoomsuuf hojjetaman keessatti ramadama.

Bu'uuruma kanaa, manneen sirreessaa Oromiyaa sirreeffamtootni akkaataa amantaa isaanitti akka waaqeffataniif manneen amantaa adda addaa manneen sirreessaa keessatti ijaaree jira. Barumsi amantaa sirreeffamtootaa fi abbootii amantaa xalayaa dhaaba amantii beekamaarraa fudhatanii dhufaniin kennama. Kanaaf, sirreeffamtootni hundee amantii isaanii kan ta'e Waaqa Uumaa fi seera isaa baruun yakka hojjetanitti akka gaabban, yeroo mana sirreessaa bahan haaloo akka hin baane akkasumas jireenya yakkarraa bilisa ta'e akka jiraatan gochuu keessatti barumsi gama amantiin kennamu hojii sirreessaa fi haaromsa sirreeffamtootaa keessatti gahee guddaa xaphachaa akka jiru af-gaaffii gaggeeffamerra hubachuun danda'ameera<sup>132</sup>. Barumsi amantaa kennamaa jiru gama isaatiin gahee isarraa eegamu akka hin baane danqaan akka ijootti eeramuu danda'ullee akka hin jirree qaamoleen af-gaaffiin waliin gaggeeffame ni dubbatu<sup>133</sup>.

### **Gahee miidhamaa dhuunfaa fi maatii sirreeffamaa**

Galmi haaromsa sirreeffamtootaa, nagaa fulla'aa hawaasa keessatti dhugoomsuu dha. Nagaa amansiisaa mirkaneessuuf hojiiwwan hojjetaman keessaa tokko ammoo namoota wal-dhaban walitti fiduun wal-dhabdee isaanii kara naga qabeessaa akka furan taasisuu, fi namoota kallattiin

---

<sup>131</sup> Fakkeenyaaf, Hawwaa Ejjetaa, Dastaa Zallaqaa fi Mokonnaan Alamaayyoo, sirreeffamtootaa m/sirreessaa Arsii, af-gaaffii gaafa 27-03-2006

<sup>132</sup> Fakkeenyaaf, af-gaaffii Komandar Masfin Boggaalaa, komaandar Taarikuu Gannatii, Inispektar Isheetee Neggasaa fi Komaandar Jeeyilaan Mahamad, wal-duraa duubaan hogganaa m/sirreessaa Arsii, Shawaa Lixaa, Ejeree fi Harargee Lixaa, gaafa 2-4-2006, 16-3-2006, 14-3-2006 fi 15-4-2006 gaggeeffame

<sup>133</sup> Miiljalee olii



gocha sirreeffamaan miidhamanii fi sirreeffamaan gara fuul-duraatti gocha yakkaa keessa akka hin seene taasisuuf carraa fi itti gaafatamummaa duraa qaban hojii haaromsa sirreeffamaa keessatti akka hirmaatan gochuu dha.

Nama dhuunfaa sirreeffamaan yakka irratti raawwatee fi sirreeffamaan namoota wal-dhaban waan ta'aniif carraa isaan gara fuul-duraatti yakka walirratti raawwatan bal'aadha jechuun ni danda'ama. Namootni kanneen haaloon deemuun yakka walirratti akka hin raawwanne taasisuuf hojiiin hojjetamuu qabu tokko miidhamaa dhuunfaa sirreeffamaa walitti araarsuu, nagaaf waliin akka hojjetan taasisuu dha. Namoota kanneen gidduutti naga buusuun sirreeffamaan yeroo mana sirreessaa bahu sodaa tokko malee hawaasatti akka makamu gochuu dha. Hawaasatti sodaa tokko malee makamuun ogummaa fi barumsa mana sirreessaatii argatan hojiirra akka oolchaniif haala mijeessu dha; sirreeffamtootni irra deebi'anii akka of-ijaaran taasisuu dha: kun ammoo hojii haaromsa sirreeffamtootaa keessatti hojii guddaa raawwachu akka ta'etti fudhatama<sup>134</sup>.

Bifuma wal-fakkaatuun, hidhamuu sirreeffamaan qaamolee jalqaba miidhaman keessaa tokko maatii sirreeffamaa dha. Maatiin sirreeffamaa sababa hidhamuu isaatiin gama dinagdeen, hawaasummaa fi amileen ni miidhamu; kanaaf gara fuul-duraatti miidhaan akkasii akka irra gahu hin barbaadan. Kanaaf, namni kun gara yakkaatti deebi'ee akka hin seenneef gahee isaan irraa barbaadamu bahu waan qabaniif, hojii haaromsa sirreeffamtootaa mootummaan eegale akka tumsan taasisuun ejjennoo sirrii dha. Keessattuu dargaggoo balleessitootaa haaromsuuf hojiiwwan hojjetaman keessatti hirmaannaan maatii hin dabalamu taanaan hojiin hojjetamu galma gahuu hin danda'u jechuun ni danda'ama.

Manneen sirreessaa Oromiyaa hojiiwwan haaromsa sirreeffamtoota seeraa keessatti gahee miidhamaan dhuunfaa fi maatiin sirreeffamtootaa xaphatan guddaa ta'uu akka amanu hooggantootni manneen sirreessaa ni ibsu. Yeroo ammaas bakka tokko tokkotti miidhamaan dhuunfaa sirreeffamaa wajjiin akka araaramu taasisuu ilaalchisee hojiin jalqabame akka jiru

---

<sup>134</sup> Akka ogeessotni xiinsamuu fi hawaasummaa af-gaaffiin waliin taasifametti, sababoota namootni naannoo keenyatti irra deddeebi'anii yakka akka raawwatan taasisan keessaa tokko yeroo mana sirreessaatii bahan nama yakka irratti raawwatan soda naannoo (qe'ee) isaanitti deebi'anii hin galan; magaalaa tokko deemanii jiraachuu barbaadu. Magaalaa keessatti galii ittiin of-jiraachisan waan hin qabneef gara yakka saamichaa, hanna fi kkf raawwachuutti seenu. Kanaafuu, sirreeffamtootni gara fuul-duraatti deebi'anii yakka akka hin raawwannetti bakka fira qaban, hojjetanii jiraachuu danda'anii fi hawaasa wal baranii wajjiin wal-ta'anii jiratanitti akka deebi'an taasisuu dha.

hooggantootni ni eeru<sup>135</sup>. Haa ta'u malee, hojiin gama kanaan hojjetaa jiru cimina akka hin qabne sirreeffamtootnii fi hooggantootni kanneen ni dubbatu. Sirreeffamaan mana sirreessaa utuu hin ba'iin dura miidhamaa dhuunfaa araarfachuu isaa ragaa ibsu manni murtiitti dhiyeessuu akka qabu ulaagaalee karoorri irratti hundaa'ee kennamu ni ibsu<sup>136</sup>. Seerri yakkaa dhimma kanaaf xiyyeeffannoo kan kenne yoo ta'ellee qabatamatti hojiitti jijjiiramaa kan hin jirree fi jijjiiruufis rakkisaa akka ta'e abbootiin seeraa fi hooggantootni manneen sirreessaa ni dubbatu (Bal'inni dhimma kanaa armaan gadiitti xiinxalameera).

### **Sirreeffamtoota Hawaasaa Wajjiin Wal-Taasisuu: Barumsaa fi Leenjii Kennuu**

Armaan olitti akka ibsame, sirreeffamtoota sagantaa haaromsaa keessa darbarsuun yeroo mana sirreessaa bahan hawaasaa wajjiin wal simuun nama hojjetanii ofii fi maatii isaanii bulchaniin fi seera kabajan akka ta'an gochuu dha<sup>137</sup>. Hojiiwwan haaromsaa keessaa hojiiwwan gurguddoon ammoo hojii barumsa qalamaa fi leenjii kennuu dha. Haaluma kanaan, mata-duree kana jalatti barbaachisummaa, gahumsaa fi hanqina barumsi- qalamaa fi leenjiin ogummaa sirreeffamtoota manneen sirreessaa Oromiyaatiif kennamaa jiran maal akka fakkaatan ilaalla.

### **Barumsa qalamaa**

Hojiiwwan sirreeffamtoota seeraa haaromsuuf hojjetaman keessaa tokko barumsa qalamaa sirreeffamtoota seeraa barsiisuu dha. Barumsi qalamaa sirreeffamtoota kennamu hojii sirreeffamtoota sirreessu/haaromsu qofa utuu hin ta'iin hojiiwwan ijoo sirreeffamtoota hawaasaa wajjiin wal-simsiisu, duudha hawaasaa hubachiisuu fi yakka balaaleffachiisu waan ta'eef hojiiwwan haaromsaa keessaa hojii xiyyeeffannoo guddaa qabuu dha<sup>138</sup>. Sirreeffamtoota qubee hin lakkoofne barumsa bu'uuraa laachuun, kanneen barumsa isaanii addaan kutan ammoo akka itti fufan gochuun waa'ee addunyaa hubannoo gaarii akka qabaatan, hirkattummaa irraa bilisa akka bahan akkasumas *loogicaalii* akka yaadan isaan taasisa. Itti dabalees, barumsi ofitti amanamummaa fi carraa jireenyaa waan bal'isuuf fudhatamummaa namni hawaasa keessatti

---

<sup>135</sup> Miiljalee lak 132

<sup>136</sup> Seera Yakkaa, kwt 202

<sup>137</sup> Andrew Coyle, a human rights approach to prison management, 2<sup>nd</sup> ed., kingscollege London (2010), fuula 88

<sup>138</sup> Roundtable expert meeting and conference on rehabilitation and reintegration of violent extremist offenders core principles and good practices (<http://www.icct.nl/download/file/ICCT-Background-Paper-Rehab-Core-Principles-Good-Practices.pdf>), (February 2012), fuula 12

qabu ni guddisa; kun ammoo carraa jireenya yakkarraa bilisa ta'e jiraachuu guddaa nama gonfachiisa<sup>139</sup>.

Manneen sirreessaa Oromiya barbaachisummaa barumsa qalamaa hubachuun sirreeffamtoota hundaaf barumsa bu'uuraa fi idilee qajeelfama baherratti hunda'anii kennaa jiru<sup>140</sup>. Sagantaa barumsa bu'uuraatiin gaheessotni mana barumsaa hin seenne hundi tokko jedhanii qubee fi lakkoofsa akka lakkaa'an kan itti taasifamanii dha. Haala kanaan, namootni baay'een carraa barnootaa argachuun beekumsaa fi ogummaa argachaa jiran hedduu ta'uu sirreeffamtootni hundi dhugaa ni bahu. Sagantaa barumsa idileetiinis manni sirreessaa sirreeffamtoota hedduu barumsa addaan kutan akka itti fufaan kanneen achumatti eegalanis itti fufanii akka baratan taasisuurratti argama. Barumsi idilee kutaa tokkoffaa hanga qophaa'inaatti (preparatory) sirreeffamtootaaf kennama jira. Haaluma kanaan, barumsi sadarkaa tokkoffaa (kutaa 1-8) manneen sirreessaa hunda keessatti kennamaa jira. Barumsi kutaa 9 fi 10 Mana Sirreessaa Wallagga bahaa fi Shawaa Lixaatti kan kennaman yoo ta'u kan qophaa'inaa (kutaa 11 fi 12) Mana Sirreessaa Shawaa Lixaa qofa keessatti kennama. Kutaan 11ffaa bara kana keessa kan eegale yoo ta'u kutaan 12ffaa ammoo bara dhufu itti fufa jedhamee hojiiwwan haal duree ta'an hojjetamaa jiru<sup>141</sup>. Barumsi kutaa 1-11tti kennamu ulaagaa biiroon barnootaa baaseen kennamaa akka jiru fi sadarkaa jajjabeessarratti akka argamu hooggantootii fi sirreeffamtootni ni dubbatu<sup>142</sup>. Barumsi idilee mana sirreessaa Oromiyaa muraasa keessatti kennamaa jiru sirreeffamtoota qofa utuu hin ta'iin hawaasa naannollee fayyadaa waan jiruuf maqaa gaarii mana sirreessaa ijaaruu keessattilee gahee guddaa xaphachaa jira jechuun ni danda'ama<sup>143</sup>. Muuxannoon gama kanaan jiru haala

---

<sup>139</sup>Global Counterterrorism Forum, Rome Memorandum On Good Practices For Rehabilitation And Reintegration of Violent Extremist Offenders (<http://www.thegctf.org/documents/10162/38330/Rome%2BMemorandum-English>) (2013), fuula 10

<sup>140</sup>Miiljalee lak 132; Barumsi bu'uuraa sirreeffamaa duraan mana barumsaa hin seenne yookaan seenus barreessuu fi dubbisuu hin dandeenye hundaaf waggaatti marsaa sadiin kennama. Barumsi idilee ammoo sirreeffamaa barumsa bu'uuraa xumuree fi barumsa addaan kutee, fi waggaa tokkoo fi isaa oliif mana sirreessaa keessa turuu danda'u hundaaf kennama.

<sup>141</sup> Fakkeenyaaf, barumsi kutaa 12 bara dhufu akka itti fufuuf kutaa barumsaa babal'isuu irratti akka argamu dawii fi af-gaaffii hoogganaa manni sirreessaa Shawaa Lixaa waliin taasifameen hubatameera.

<sup>142</sup> Akka fakkeenyaatti ibsuuf, bara darbe sirreeffamtoota qoramaata biyyoolessaa kutaa 10 fudhatan keessaa sirreeffamaan mana sirreessaa Wallagga bahaa keessaa qormaata fudhate tokko qabxii guutuu (7A) fiduun bara kana barumsa kutaa 11ffaa barachaa akka jiruu fi firiin argame hojii guddaaf akka mana sirreessaa jajjabeessaa jiru Komishinarri mana sirreessaa ni ibsu.

<sup>143</sup> Barumsi idilee manneen sirreessaa keessatti kennamaa jiru sirreeffamtoota qofa utuu hin ta'iin hawaasa bal'aas fayyadaa akka jiru hawaasnii fi hooggantootni ni ibsu. Fakkeenyaaf, barumsa kutaa 9-11ffatti mana sirreessaa Shawaa Lixaa keessatti kennamaa jiru irratti ijoolleen hawaasa naannoo mooraa mana sirreessaa keessa kara

qabatama manneen sirreessaa Naannoo Tigraay keessa jiruu wajjiin wal-bira qabamee yoo ilaalamu kan manneen sirreessaa Oromiyaa sadarkaa gaarii irra akka jiru hubachuun ni danda'ama<sup>144</sup>.

Barumsi qalamaa sirreeffamtootaaf kennamaa jiru haala jajjabeessarra kan jiru yoo ta'ellee qulqullinaa fi uwwisa barbaadamu akka hin gonfanne sababootni taasisaa jiran hedduutu jira. Hanqinaaleen gama kanaan jiran hedduu yoo ta'an muraasa isaanii akka armaan gadiitti haa ilaallu:

- ♣ Manni sirreessaa barumsa keessumaa barumsa idilee ilaalchisee biroo barnootaa wajjiin hojjeta. Biroon barnootaa ammoo, akka hooggantootni manneen sirreessaa ibsanitti, barsiisotaa fi kitaabota qofa laachaa jira. Baajata barruu, qalamaa fi kitaabota rifeeraansii ittiin bitan mootummaan mana sirreessaaf hin ramadu. Manneen sirreessaa hawaasaa fi dhaabbilee tola-ooltota ta'an irraa gargaarsa barbaadani yoo argatan malee meeshaalee barumsaa bu'uuraa ta'an kanneen baratootni argachuun itti ulfaata. Dhaabbileen tola-ooltota ta'an, fakkeenyaaf kan akka *Justice For All-Prison Fellowship Ethiopia* manneen sirreessaa adda addaaf gargaarsa kennaan turan akka duraanii cimsanii itti deemaa akka hin jirre hoggantootni mana sirreessaa ni ibsu<sup>145</sup>. Kanaafuu, dhiyeessi gama kanaan jiru laafaa ta'uunsaa qulqullinaa fi walitti fufiinsa barumsaa irratti akka hanqina tokkotti kan fudhatamuu dha.
- ♣ Mannii fi kutaan barumsa keessatti kennan manneen sirreessaa baay'ee keessatti sadarkaa barbaadamuu gadi jechuun ni danda'ama<sup>146</sup>. Hawwataa ta'uu dhabuun manaa fi kutaa barumsaa ammoo fedha barsiisotni mana sirreessa dhufanii barsiisuu qaban xiqqeessa;

---

boroo (bira) seenuun barachaa jiru. Akkasumas, barumsa sadarkaa tokkoffaa mana sirreessaa Jimmaa keessatti kennamaa jiru ijoolleen hawaasa naannoo kanneen harka-qalleenyii ta'an barachaa akka jiran dowii taasifamee fi af-gaaffii gaggeeffame ni mul'isa.

<sup>144</sup> Barumsi idilee manneen sirreessaa Naannoo Tigraay keessatti ksennamaa jiru kutaa 1-8 qofa ta'uu fi gama kanaan hojiin baay'een akka isaan hafu abbaan adeemsa hojii ijoo sirreessaa sirreeffamtoota Komiishinii Manneen Sirreessaa Tigraayi fi hogganaan mana sirreessaa Maqalee ni ibsu.

<sup>145</sup> Akka fakkeenyaaf, deeggarsi dhaabni justice for all-prison fellowship Ethiopia jedhamu gargaara barnoota mana sirreessaaf kennu akka duraanii cimee itti fufaa akka hin jirre hoggantootni mana sirreess Jimaa fi Ejeree ni dubbatu.

<sup>146</sup> Fakkeenyaaf, manni barumsaa mana sirreessaa Arsii Lixaa fi Adaamii Tulluu teesuma gahaa fi qulqullina barbaadamu qaba jechuun rakkisaa dha.

qabatamaattis haalli kun calaqqisaa akka jiru hooggantootni mana sirreessaa dhuga bahu<sup>147</sup>.

- ♣ Manneen barumsaa mooraa sirreessiffamtootni dhiiraa itti galan keessaa waan jiruuf dubartootni carraa barnootaa dhiiraa wajjiin wal-qixa argachuu irratti hanqinni manneen sirreessaa muraasa keessatti mul'achaa jira<sup>148</sup>. Carraa wal-qixa koorniyaa lamaaniifuu laachuu dhabuun kun barumsa qofa utuu hin ta'iin leenjii fi gorsa irrattilee kan mul'atu ta'uu sirreeffamtootnii fi hojjetootni manneen sirreessaa ni ibsu<sup>149</sup>. Wal-qixa ta'uu dhabuun carraa ammoo mirga dubartootaa miidhutti dabalatee kaayyoo haaromsa sirreeffamtoota galmaan gahuurratti rakkoo mataa isaatii fiduu danda'a.
- ♣ Akka naannoo Oromiyaatti manneen sirreessaa barumsa kutaa 8 ol kennaan mana sirreessaa Wallagga Bahaa fi Shawaa Lixaati. Sirreeffamtootni kutaa 8 gara kutaa 9 darban yookaan 10 gara kutaa 11tti darban gara manneen sirreessaa lamaan kanneenitti deemanii barachuu qabu jechuu dha. Sirreeffamtootni yeroo baay'ee naannoo maatiin isaanii jiran gadi lakkisani deemu waan hin barbaaneef sababa mana barumsaa dhiyeenyatti argachuu dhabaniif barumsa addaan utuu kutanii mul'atu. Kanumaan wal-qabatee, sirreeffamtootni kutaa 12 gara yuunversiitiitti barachuutti darban haala kamiin deemanii barachuu akka qaban irratti yaadni fi karoorri ifa ta'e ammallee kan hin jirree ta'uunis akka rakkinaatti kan eeramuu dha.

### **Leenjii ogummaa fi tekniikaa**

Yaad-rimeen seera yakkaa akka ibsutti, nama hojii hojjetee of bulchuu danda'u ta'anii mana sirreessaa bahuun hawaasaa wajjiin wal-simani jiraachuu keessatti (*reintegration into society*) qooda olaanaa qaba. Nama hojii uummachuun hojjetee of-bulchuu ta'uu danda'uuf ammoo

---

<sup>147</sup> Fakkeenyaaf, hawwataa ta'uu dhabuun naannoo mana barumsa mana sirreessaa kaka'umsa barsiisuu barsiisota irratti dhiibbaa geessisaa akka jiru, kaka'umsa dhabuunis mana barumsaarraa hafuu fi qophii barbaachisaa gochuu dhabuun ibsamuu kan danda'u ta'uu hoogganaan mana sirreessaa Wallaga Bahaa, Harargee Lixaa fi Arsii ni ibsu.

<sup>148</sup> Fakkeenyaaf, manni sirreessaa Adaamii Tulluu to'annoof jecha dubartoota dhiira irraa adda baasuun dhirotni qofaa akka baratan taasisurratti argama. Rakkoon kun leenjii muraasa kennuu ilaalchisee wiirtuu leenjii sirreeffamtoota seeraa Oromiyaa keessatti mudachaa akka jiru hoggantootii fi sirreeffamtootni ni ibsu.

<sup>149</sup> Gorsii xiin-sammuu mana sirreessaa Arsii keessatti kennamu mooraa dhiirri keessa galu keessatti waan kennamuuf dubartootni carraa gorsa argachuu dhiiraa wajjiin wal-qixa akka hin qabne ogeessi dhima kanarratti hojjetu ni ibsa

mana sirreessatti hojii ogummaa addaa addaa baruun hedduu barbaachisaa dha<sup>150</sup>. Akkasumas, jireenya yakka raawwachuuttii furamuuf hojii galii gaarii argamsiisu qabaachuun murteessaa akka ta'e ogeessotni dhimma kanarratti qorannoo gaggeessan ni ibsu<sup>151</sup>. Kanaafuu, namni mana sirreessaa keessa yeroo dheeraa turuun gara hawaasaatti makamu hojjetee of-bulchuun jireenya nagaan qabu akka jiraatuuf mana sirreessatti ogummaa fi muuxannoo hojjetanii of-bulchuu horatee ba'uu qaba. Hima biraan, hawaasa nagaan fi tasgabbi qabu akkasumas yakkarraa bilisa ta'e ijaaruuf tarkaanfii fudhatamu keessaa tokkoo leenjiiwwan ogummaa adda addaa kennuu dha<sup>152</sup>. Qorannoon biyya Ameerikaatti gaggeeffame tokko akka agarsiisetti leenjiin ogummaa adda addaa sirreeffamtootaaf kennamu yakkamtoota irra deddeebbi 12.6% akka hir'ise agarsiiseera<sup>153</sup>. Itti dabalees, leenjiiwwan ogummaa kennaman kanneen namoota sirreeffamanii mana sirreessaatii bahan kallattiin gara hojiitti akka galan waan taasisuuf tattaaffii guddina dinagdee mirkaneessuuf taasifamu keessatti ramadama.

Barbaachisummaa leenjiiwwan ogummaa sirreeffamtootaaf kennaman kanneen hubachuun manneen sirreessaa Oromiyaa leenjiwwan ogummaa fi tekiniikaa adda addaa kennuu irratti argama<sup>154</sup>. Haaluma kanaan, kaayyoo ogummaa fi dandeettii sirreeffamtoota ijaaru galmaan gahuu keessatti leenjiiwwan ogummaa manneen sirreessaa Oromiyaatiin sirreeffamtoota seeraaf kennamaa jiru ciminaa fi hanqina maalii akka qaban tokko tokkoon haala armaan gadiin diddiriirsamee ibsameera.

Manneen sirreessaa Oromiyaa leenjii ogummaa fi tekiniikaa hojiiwwan adda addaa irratti kennurratti argamu. Isaanis, hojii mukaa, sibiilaa, uccuu hodhuu, uccuu dhawuu, xinfii, koobil-istoonii, awutoo-makaanikii, elektiriikii fi kkf leenjiin ogummaa sirreeffamtoota seeraaf kennamaa jira. Fedhii fi muuxannoo sirreeffamtootni duraan qaban irratti hundaa'uun hojiiwwan ogummaa armaan olitti caqasamanii fi kan biroo irratti akka hirmaatan taasifamu. Leenjiiwwan ogummaa haala lamaan sirreeffamtootaaf kennama: tokkoffaan, tokkoo tokkoo manneen

---

<sup>150</sup>Rome Memorandum on Good Practices for rehabilitation and reintegration of violent extremist offenders, GCTF, 2012, fuula 9

<sup>151</sup>Fakkeenyaaf, Isidora Errázuriz, Employment of Ex-Offenders as a Restorative Practice, University of Texas at Austin, fuula 26

<sup>152</sup>Dr. Maria Sapouna, What Works to Reduce Reoffending: A Summary of the Evidence Justice Analytical Services, fuula 17

<sup>153</sup>Miiljalee olii

<sup>154</sup>Komishinara Tsahaay Nagaash, Komishinara komishinii m/sirreessaa Oromiyaa, af-gaaffii gaafa 6-2-2006 waliin gaggeeffame

sirreessaa keessatti sirreeffamtoota *ulaagaa kaa'ame guutan*<sup>155</sup> hundaaf kan kennamuu dha; lammaffaan, sirreeffamtoota *ulaagaa guutamuu qaban guutan*<sup>156</sup> manneen sirreessaa hunda keessaa filamaniif wiirtuu leenjii ogummaa fi tekiniika sirreeffamtoota seeraa Oromiyaatti kan kennamuu dha. Sirreeffamtootni wiirtuu leenjii deemuun waggaa tokkoof leenji'anii xumuran gara mana sirreessaa dhufanitti deebi'anii sirreeffamtoota biroof leenjii kennu; sana booda sirreeffamtoota leenjii kennan ta'u jechuu dha<sup>157</sup>.

Leenjiin haala lammaffaa kanaan kennamu qulqullinaa fi walitti fufiinsa leenjii haala tokkoffaan kennamu jabeessuurratti xiyyeeffata. Galmi leenjiwwan kanneenii tokko yoo ta'ellee kaayyoon isaanii tokko miti: kaayyoon leenjii ogummaa manneen sirreessaa keessatti kennuu sirreeffamtoota ogummaa fi dandeettii hojiiwwan adda addaa raawwachuu akka qabatan gochuu yoo ta'u kaayyoon wiirtuu leenjii keessatti leenjisiisuu ammoo dandeettii hojii ogummaa adda addaa sirreeffamtoota leenjicha argatan gonfachiisutti dabalee sirreeffamtoota biroo akka leenjisan gochuu dha. Galmi isaanii sirreeffamtoota dandeettii hojii ogummaa adda addaa raawwachuu gonfachiisuun yeroo mana sirreessaa bahan ogummaa argatan sanaan hojjetanii ofii fi maatii isaanii akka bulchan gochuun deebi'anii gocha yakkaa akka hin raawwanneef haala mijeessuu dha. Leenjiwwan haalota lamaan kanaan kennaman barreeffama kana keessatti kan madaalaman yoo ta'ellee kaayyoo qabanne galmaan gahuuf jecha harka caalaa gahumsaa fi hanqina leenjiwwan haala tokkoffaatiin kennamu ibsuurratti xiyyeeffatama.

Leenjiwwan ogummaa sirreeffamtootaaf kennaman yeroo gara yerootti fooyya'aa, baayyachaa fi gahumsi isaanii dabalaa waan jiruuf ogummaa fi muuxannoo adda addaa sirreeffamtootaa dabaluu irratti akka argamu hojjetootni mana sirreessaa, sirreeffamtootnii fi hawaasni ni ibsu<sup>158</sup>. Sirreeffamtootni leenjii kennamurraa ogummaa argachuun mana sirreessaa keessattilee hojjetanii ofii fi maatii isaanii bulchaa jiran baay'ee dha. Akka fakkeenyaatti caqasuuf, manneen sirreessaa

---

<sup>155</sup> Hiika kallattii jechi 'sirreeffamaa' jedhu dabarsu jalatti kufuu yoo baatanillee namootni to'annaa mana sirreessaa jala jiran kanneen beellama yeroo fi beellama idileen jiran leenjii yeroo dheeraa irratti dirqamaan akka hin hirmaachifne hoggantootni manneen sirreessaa ni ibsu. Murtiin namootni mana sirreessaa seenan garuu akka qajeeltootti hundumtuu leenjii ogummaa argachuuf mirga kan qaban yoo ta'ellee namoota yeroo dheeraa turan irratti xiyyeeffannoo akka kennamu af-gaaffii gaggeeffame ni agarsiisa.

<sup>156</sup> Sirreeffamtoota yeroo dheeraa turuu danda'an (yoo xiqqaate gara fuul-duratti waggaa sadii oliif mana sirreessaa keessa turuu danda'an), amala gaarii fi leenjisuuf fedhii qaban, akaakuu hojii irratti leenjii fudhatan irratti gara fuul-duraatti hojjechuuf kaayyoo kan qabantu wiirtuu leenjichaa deemanii leenjii waggaa tokkoof akka fudhatan ta'a. Leenjicha erga fudhatanii booda yoo xiqqaate waggaa lamaaf leenjii sirreeffamtoota biroof kan kennan ta'u.

<sup>157</sup> 154

<sup>158</sup> Miiljalee lak 132

baay'ee keessatti, sirreeffamtootni hojii mukaa, hojii sibiilaa, uccuu dhawuu fi hodhuu akkasumas bilookeetii oomishuu irratti bobba'an muraasni ji'atti galii hanga qarshii 500 argachaa jiran baay'ee ta'uu isaanii dowii fi af-gaaffiin qaamolee dhimmi ilaaluu wajjiin taasifame ni mul'isa<sup>159</sup>. Gama biraan, namootni sirreeffamtoota ta'anii leenjii ogummaa adda adda mana sirreessaarraa argachuun adabbii isaanii xumuruun yeroo gara maatii isaanitti deebi'an ogummaa fi muuxannoo hojii argataniin hojii uummachuun galii dhuunfaa fi biyyaa argamsiisaa jiran hedduu ta'uu af-gaaffiin hawaasa, sirreeffamtoota fi hooggantoota mana sirreessaa wajjiin taasifame ni agarsiisa<sup>160</sup>. Haaluma kanaan, leenjiwwan ogummaa kennamaa jiran sirreeffamtootni ogummaa fi muuxannoo hojii akka horatan, yeroo hwaasatti deebi'aanii galan hojii akka uummatan, bu'uuruma sanaan lammii oomishaa, fi seeraa fi duudha hawaasaa kabajanii bulan taasisuu keessatti qooda guddaa gumaachaa akka jiran qaamoleen qooda-fudhattoota ta'an ni ibsu<sup>161</sup>.

Haa ta'u malee, leenjiwwan ogummaa kennaman dandeettii fi gahumsa barbaadamu gonfachiisuu ilaalchisee hanqina guddaa akka qaban hoggantootni ni ibsu<sup>162</sup>. Hanqinaaleen kanneenis gama adda addaatiin mul'atu. Fakkeenyf, hanqina ogeessaa, hanqina dhiyeessii meeshaalee, hanqina bakka leejjiin itti kennamuu, hanqina leenjiin eegalame walitti fufiinsa dhabuu fi kkf akka ijootti caqasuun ni danda'ama. Hanqinaalee kanneen keessaa warra ijoo ta'an adda baasuun barbaachisaa waan ta'eef haala armaan gadiin xiinxalamaniiru.

1. Hanqinni gama ogeessa leenjii kennuun mul'atu sababoota sadan armaan gaditti tarreeffamanirraa kan madde dha:

---

<sup>159</sup> Adda baasanii caqasuuf, sirreeffamtootni mana sirreessaa Jimmaa, Shawaa Lixaa, Ejeree fi Arsii hojii uccuu hodhuu fi dhawuu irratti bobba'anii jiran galii gaarii ji'atti argachaa akka jiranii fi galii argamu kanaan maatii isaanillee mana sirreessaa ta'anii gargaaraa akka jiran ni ibsu. Bifuma wal-fakkaatuun, sirreeffamtootni hojii mukaa irratti mana sirreessaa Jimma, Shawaa Lixaa, Ejeree fi Adaamii Tulluu keessatti hojjechaa jiran ogummaa fi galii fooyya'aa argachaa jiraachuu af-gaaffii fi dowwii taasifamerra hubachuun danda'ameera. Hojii bilookeetii fi sibiilaa ilaalchisee hojiiin mana sirreessaa Arsii Lixaa, Shawaa lixaa fi Jimmaa keessatti hojjetamaa jiran jajjabeessaa ta'uu isaanii caqasuun ni danda'ama.

<sup>160</sup> Akka fakkeenyaatti caqauuf, namootni mana sirreessaa Shawaa Lixaa, Jimma, Arsii fi kkf keessatti ogummaa hojii mukaa fi sibiilaa akkasumas hojii uccuu dhawuu fi hodhuu barachuun adabbii isaanii xumuranii gara hawaasatti deebi'ani tokko tokko ogummaa argatan sanneeniin hojjetanii of-bulchaa akka jiran sirreeffamtootni, hawaasni fi hooggantootni mana sirreessaa ni ibsu.

<sup>161</sup> Armaan olitti akka ibsame, leenjiwwan manneen sirreessaan kennamaa jiran kaka'umsa fi muuxannoo hojii sirreeffamtoota horachiisuun hojii dhuunfaa isaanii kan uummatan hedduu yoo ta'an akka fakkeenyaatti muuxannoon Magaalaa Bishooftuu, Amboo, Ziwaay, fi kkf keessaatti mul'atan dhugabaatuu akka ta'an hooggantootni manneen sirreessaa, abbootiin seeraa, poolisootnii fi hawaasni ni ibsu.

<sup>162</sup> Miiljalee lak 132



- ♣ Akaakuu leenjiwwan kennaman hundarratti leenjisa ogummaa fi dandeettii leenjicha kennuu qabu dhabuu. Fakkeenyaaf, hojii xilfii, hojii qonnaa fi uccuu hodhuu fi kkf irratti namni leenjii fudhatee gahoomuun leenjii sirreeffamtootaaf kenuurratti argamu hin jiru. Sababa kanaafis, keessumaa dubartootni hojii xilfii manneen sirreessaa baay'ee keessatti eegalan, sirreeffamtootni leenjii eegalan addaan akka kutan ta'aniiru<sup>163</sup>.
- ♣ Leenjifamtootni leenjii argatanis yoo ta'e gahumsa ogummaa barbaadamu qabu jechuun rakkisaa dha. Hojii hundarratti namootni leenjii kennan leejii ogummaa level I fi isa gadi qaban qofa<sup>164</sup>. [Wiirtuu leenjii sirreeffamtoota seeraa Oromiyaatti leenistootni leenjii kennanille sadarkaa leenjii level I qofa kan qabani dha<sup>165</sup>.] Sadarkaa leenjii ogummaa barbaadamuu gadi qabaachuun leenjistoota kanneenii akka rakkoo guddaatti fudhatamaa kan jiru ta'u leenjifamtoota qofa utuu hin ta'iin hooggantootni manneen sirreessaa jala muranii dubbatu<sup>166</sup>.
- ♣ Leenjistootni leejii wiirtuu leejii fi manneen sirreessaa keessatti kennan muraasa kaka'umsi leenjii kennuu akka isaan hanqatu leenjifamtootni ni ibsu<sup>167</sup>. Miindaa hawwataa fi bakka hojii mijataa dhibuun leenjistoota sanaa kaka'umsa isaanii sababootaa xiqqeessan keessaa tokko ta'uu leenjistootii fi leenjifamtootni ni mirkaneessu.

---

<sup>163</sup> Fakkeenyaaf, leenjiin uccuu hodhuu fi xilfii dubartootaaf mana sirreessaa Godina Arsiitti kennamaa ture yeroo daataan walitti qabametti kan dhaabate ta'uu fi dhaabachuu leenjiwwan sanaatiinsi sirreeffamtootni miidhamaa kan jiran ta'uu sirreeffamtootni ni ibsu. Bifuma wal-fakkaatuun, rakkinni kun manneen sirreessaa Godinaalee Harar Bahaa fi Lixaa akkasumas Godina Wallagga Bahaatti bal'inaan mudachaa kan jiru ta'uu leenjifamtootni ni kaasu.

<sup>164</sup> Komandar Birhaanuu Kiflee, hogganaa m/sireessaa giddugala leenjii ogummaa fi tekiniika sirreeffamtoota seeraa Oromiyaa, af-gaaffii gaafa 18-7-2006 waliin gaggeeffame

<sup>165</sup> Naannoo Tigraayitti leenjifootni mana sirreessaa keessatti sirreeffamtoota hundaaf leenjii kennan illee ofii isaaniitii level III kan eebbifamani dha. Kanaaf, kanneen manneen sirreessaa fi wiirtuu leenjii Oromiyaatti leenjii kennanii wajjin wal bira qabamanii yoo ilaalaman ogummaa leenjisu ol'aanaa qabu jechuun ni danda'ama. Leenjistootni wiirtuu leenjitti sirreeffamtoota mana sirreessaa dhufanitti deebi'anii sirreeffamtoota leenjiisanif leenjii kennan sadarkaa amma irra irra dhaabatani leenjii isaan kennan gama gahumsa hubannoon yoo madaalamu quubsaa akka hin taane leenjifamtootni wiirtuu leenjichaa ni ibsu.

<sup>166</sup> Fakkeenyaaf, hoogganaan wiirtuu leenjii sirreeffamtoota seeraa Oromiyaa Komaandar Birhaanuu Kiflee fi Abbaan Adeemsa Hojii Ijoo Sirreessa Sirreeffamtoota Seeraa Wiirtuchaa Komaandar Miliyoon Shawaqannaa akka ibsanitti gahumsa barbaadamu dhabuun leenjistootaa dhimma yaachisaa ta'uu xiyyeeffannoon ibsu.

<sup>167</sup> Fakkeenyaaf, surraa Abboomaa, Mulugeetaa Maammoo fi Badhaasaa Taddasaaa, sirreeffamtoota m/sirreessaa Wallaga Bahaa, af-gaaffii gaafa 17-3-2006 gaggeeffame. Ingidu Ballaxaa, Isheetuu Mokoonniin fi Dastaa Zallaqaa, sirreeffamtoota m/sirreessaa Arsii, af-gaaffii gaafa 27-3-2006 waliin gaggeeffame

2. Hanqini meeshaalee (tools and machineries) leenjiin ittiin kennamanii akka rakkoo guddaatti kan fudhatamuu dha.

- ♣ Meeshaaleen hojii mukaa, sibiilaa, uccuu hodhuu, xilfii, mana ijaaruu fi kkf hojjechuuf nama gargaaran leenjii gahumsa qabu argachuuf gita barbaadamutti guutamanii argamuu qabu. Meeshaaleen kanneen baay'een isaanii manneen sirreessaa keessa kan jiran yoo ta'ellee baay'ina nama leenji'uu wajjiin kan wal-simu miti, bakka tokko tokkotti cabanii ykn moofa'anii hojii dhaabaniiru, meeshaaleen tokko tokko ammoo manneen sirreessaa tokko tokko keessa guutummaatti hin jiran<sup>168</sup>. Guutamuu dhabuun meeshaalee kanneenii kenniinsa leenjiirratti hanqina uumaa fi sirreeffamtoota mufachiisaa kan jiruu dha<sup>169</sup>.

3. Kenna leenjii keessatti hanqinni dhiyeessiis akka rakkoo guddaa tokkotti kan fudhatamu, fi qulqullinaa fi walitti fufiinsa leenjii sababoota armaan gadiitiif boodatti harkisaa jira.

- ♣ Meeshaaleen irratti leenji'an kan akka mukaa, sibiilaa, uchuu fi kkf haala barbaadamuun yeroo baay'ee kan hin dhiyaanne waan ta'eef leenjistootni yaaddama (theory) leenjichaa akka xumuraniin gara qabatamatti ce'anii shaakaluuf carraa akka dhaban leenjifamtootni ni ibsu<sup>170</sup>.
- ♣ Keessumaa uccuu, boffee fi qallaa ilaalchisee manneen sirreessaa hedduun waan hin dhiyeessineef dhimmoota kanneen irratti leenjiin gahaa kennamaa jira jechuun rakkisaa dha<sup>171</sup>. Rakkoo kana furuuf manneen sirreessaa tokko tokko keessatti garee IMX keessaa namootni filatamanii meeshaa alaa bitamu

---

<sup>168</sup> Meeshaalee manni sirreessaa dhiyeessuun ittiin uccuu hodhan, xilfii sararan (hodhan), hojii automotive hojjetanii fi kkf manneen sirreessaa daataan irraa walitti qabame keessa bakka muraasa qofa jiru ( Mana sirreessaa Ejeree fi Arsii Lixaa akka fakkeenyaatti caqasuun ni danda'ama). Gama biraan, manneen sirreessaa Hararge Bahaa, Wallaga Bahaa fi Adaamii tulluu keessa gutummaatti hin jiran jechuun ni danda'ama.

<sup>169</sup> Miiljalee lak 132 fi 167 ilaalaa. Fakkeenyaaf, sirreeffamtootni manneen sirreessaa Wallaga Bahaa, Harargee Bahaa fi Lixaa akkasumas Adaamii Tulluu hojii mukaa, sibiilaa, uccuu hodhuu fi dhawuu, fi kkf ilaalchisee meeshaalee ittiin hojetan gahumsa qabu akka hin qabne ni ibsu. Dhibuun meeshaalee ammoo carraa leenjii argachuu dhabsiisaa kan jiruu fi turmata isaanii nuffisiisaa gochaa kan jiru ta'uu ibsu.

<sup>170</sup> Fakkeenyaaf, miiljalee lak 159 ilaalaa

<sup>171</sup> Fakkeenyaaf, namoota uccuu hodhuu, xilfii fi uccuu dhawu manneen sirreessaa Godina Arsii, Wallagga bahaa, Jimma, Harargee Lamaanii fi kan biroo keessati barachaa jiran dhiyeessii meeshaalee kanneenii waan hin qabneef leenjii eegalan baay'een isaanii addaan kan kutan ta'uu ibsu. Hanqina dhiyeessii meeshaalee kanarraan kan ka'e bakka uccuu sirreeffamtootni gaazaxaa argatanitti kan fayyadamanii fi moofaa kan suphan ta'uu dubbatu. Gaazaxaa fi moofaan ammo ogummaa barbaadamu kan nama hin qabsiifne waan ta'eef hojii isaan hojjechaa jiran akka leenjitti kan fudhatamu miti jechuun ni danda'ama.

akka seenuuf haala kan mijeessan jiru; kanneen biroo keessatti ammoo gareewwan IMX daldaloota alaa wajjiin quunnamtii akka qaban hooggantootni manneen sirreessaa ni ibsu. Haa ta'u malee, ija sirreeffamtoota oomshitootaatti dhiyeessii gatii gaariin argachuu dhabuun akka rakkoo ijootti kan fudhatamu ta'uusaa hadheeffatanii dhubbatu.<sup>172</sup>

4. Maallaqaa fi deeggarsa barbaachisaa sirreeffamtoota IMXn gurmaa'anii jiraniif akka dhiyaatu haala mijeessuu dhabuun IMXn manneen sirreessaa Oromiyaa keessatti hundeeffamanii jiiran gahumsa barbaachisu haalota armaan gadiitiif akka hin horanne isaan taasiseera.

- ♣ Sirreeffamtootni IMXn gurmaa'anii akka hojjetani fi maallaqa argatanis akka qusatan manneen sirreessaa taaisaa jiru. Haa ta'u malee, IMX kanneen gama hooggansa, kaappitaalaa fi galii argamsiisaniin gahumsa akka hin qabne sirreeffamtootni ni ibsu. Gama kanaan, muuxxannoo Naannoo Tigraay yoo ilaalle IMX kamiyyuu qaama dhimmi ilaaluun erga hundeeffamee booda seera waldaa hojii gamtaatiin kan gaggeeffamu waan ta'eef sirreeffamaan sirna miseensa itti ta'u fi miseensummaarraa haqamu sirriitti lafa qabsiifamee jira<sup>173</sup>. Haala sanaan, waldaan IMX ijaarame kamiyyuu Instiitiyuutii Qusannoo fi Liqii Deddebiiti mana sirreessaa keessa jiru irraa maallaqa liqeeffachuu, ol ka'achuu fi bakka barbaadetti erguu danda'a. Haala qabiisa maallaqaa, odiitii fi daldalaa ilaalchisee Inistiitiyuutiin kun leenjii fi deeggarsa barbaachisu waan kennuuf walitti fufiinsaa fi bu'a-qabeessummaa leenjiif gumaacha guddaa xaphachaa jira<sup>174</sup>.

---

<sup>172</sup> Fakkeenyaaf, Mokonnaan Alamaayyoo fi Tedii Tashoomee, sirreeffamtoota m/sirreessaa Arsii, af-gaaffii gaafa 27-3-2006 waliin gaggeeffame

<sup>173</sup> Hojjiin waldaa IMX yeroo yerootti odiitii waan ta'uuf kaappitaalli isaa ji'a kamiin keessattuu meeqa akka ta'e adda baasuun ni danda'ama. Bifuma sanaan, gatiin sheerii (gahee) tokkoos meeqa akka ta'e waan beekamuuf sirreeffamaan miseensa ta'uu barbaadu ulaagaa jiru irratti hundaa'ee bitachuu danda'a. Maallaqa gahee ittiin bitatu hin qabu yoo ta'e akka hojjetaa guyyaatti hojjechuun maallaqni kaffalmuuf suuta suuta gahee (sheerii) bitaa adeemuun dhumarratti miseensa guutuu waldichaa ta'a. Haaluma sanaan, hangi gatii gahee yeroo yerootti waan beekamuuf miseensi mana sirreessattii bahu gaheesaa gurguratee kan deemu ta'a jechuu dha. Waldichi garuu miseensi mana sirreessattii bahaa jiru waldicha gara fuul-duraatti ala taa'ee gargaaruu ni danda'a jedhee kan amanu yoo ta'e yeroo muraasaaf miseensummaan akka turu haalli itti taasifamu ni jira.

<sup>174</sup> Komandar Birhan W/sillaase, abbaa adeemsa hojii ijoo sirreessa sirreeffamtoota seeraa naannoo Tigraay, af-gaaffii gaafa 14-8-2006, (Maqalee)

♣ Yaad-rimee daldalaa, carraa daldalaa fi bulchiinsa gabaa akkasumas hubannoo hojii daldalaa hojjechuuf nama gargaaran kan biroo sirreeffamtoota IMXn ijaaramanii jiran kanneeniif kennamaa hin jiru<sup>175</sup>. Haa ta'u malee, dhimmoota kanneen irratti leenjiin wiirtuu leenjii sirreeffamtoota seeraa keessatti kennamuu kan eegale yoo ta'ellee sirreeffamtoota bal'aa biratti leenjii dhimma kanneen irratti kennamaa akka hin jirre sirreeffamtootni ni dubbatu<sup>176</sup>. Waa'ee daldalaa akkasumas qindoomanii hojjechuu ilaalchisee sirreeffamtootni bakka hubannoo fi dandeettii barbaachisu hin qabnetti IMXn ijaaramaa jiran leenjii kennamu hojjiirra oolchuurratti hanqinni akka isa mudatu tilmaamuun rakkisaa miti.

5. Rakkoowwan daangaa leenjii adda baasuu dhabuu fi qindoominaa hojii kenna leenjii irratti baay'inaan kan mul'atanii fi dhimma xiyyeeffannoo barbaadanii dha. Hanqinaaleen gama kanaan argamanis,

♣ Sirreeffamtootni hojiiwwan galii isaanii fi mootummaaf argamsiisan (fkn hojii uccuu dhawuu (shamaanee), refeensa sirreessuu fi bilookeetii oomishuu) irratti IMX kan gurmaa'an yoo ta'u al-tokkotti hojii leenjiin irratti kennamuu fi hojii galii argamsiisu jedhamanii fudhatamu. Akka waliigalaatti kaa'uuf, hojiiwwan kanneen irratti qamni leenjii kennu mana sirreessaa utuu hin ta'iin namoota duraan hojiiwwan kanneen hojjechuu eegalanii fi qabeenyaa ittiin hojjetan bitatanii dha. Manni sirreessaa darbee darbee hojiiwwan kanneen irratti yaaddama (theory) leenjichaa qofa kenna; qabatamaan sirreeffamaa dirqamaa fi ogummaa leenjii kennuu hin qabnetu meeshaa isaa irratti leenjisa jira<sup>177</sup>. Sirreeffamtootni meeshaa namaarratti akka garaa isaanii leenji'uuf kaka'umsa akka hin qabne, abbootiin meeshaalee sirreeffamtoota qabeenyaa isaaniitiin leenjisuuf fedhii hin qaban. Sababa kanaaf, hojii uccuu hodhuu, uccuu dhawuu fi xilfii hojjechuu irratti leenjiin yaaddamaa fi qabatamaa gahaa

---

<sup>175</sup>Gargaarsa dhaabbata DOT Ethiopia jedhamuun, haa ta'u malee, haala adeemsa gabaa irratti leenjiin hubannoo uumuu sirreeffamtoota Wiirtuu Leenjii Sirreeffamtoota Seeraa Oromiyaa keessatti leenji'aa jiraniif yeroo dhiyoo as kennamuu akka eegale hooggantootni Wiirtuchaa ni ibsu.

<sup>176</sup> Fakkeenyaaf, miiljalee 167

<sup>177</sup> Fakkeenyaaf, Mokonnin Alamaayyoo fi Ingadawu Ballaxaa, sirreeffamtoota m/sirreessaa Arsii, af-gaaffii gaafa 2-4-2006 waliin gaggeeffame

ta'e kennamaa akka hin jirre sirreeffamtootni ni ibsu<sup>178</sup>. Haalli kun ammoo sirreeffamtoota hojiiwwan kanneen irratti leenji'uu barbaadan ogummaa guutuu akka hin arganne kan taasisu, namoota duraan gurmaa'anii jiran kan mufachiisu ta'aa jira<sup>179</sup>.

- ♣ Gargar-bahuu (mataa isaanii danda'uu) dhabuun hojii leenjii fi IMX sirreeffamtoota hojiiwwan kana irratti leenji'uu barbaadan sirriitti gahoomsaa waan hin jirreef manni sirreessaa gama kanaan ergama itti kenname sirriitti akka hin baane ilaalchisee akka danqaa (gufuu) tokkotti waan fudhatamuu danda'uu dha. Gama kanaan, muuxannoo Naannoo Tigraayi jiru yoo ilaalle IMX gurmaa'ee gara hojiiwwan galii argamsiisuutti sirreeffamaan seenuu kan danda'u erga leenjii bu'uuraa mana sirreessaatiin kennu argatee booda<sup>180</sup>.
- ♣ Leenjiwwan mana sirreessaan kennaman yeroo gara yerootti ida'aa jiru. Baayyachaa deemuun isaanii gaarii fi kan jajjabeeffamu yoo ta'eltee damee leenjiwwan banaman utuu hin gahoomsiin dameewwan biroo meeshaalee fi ogeessa hin qabne banuun kaayyoo qabame galmaan gahuurratti laafina agarsiisaa akka jiru sirreeffamtootni ni ibsu<sup>181</sup>. Sababa kanaaf, bakka baay'eetti leenjiwwan adda addaa walitti fufiinsa akka dhaban ta'aniiru<sup>182</sup>.

---

<sup>178</sup> Fakkeenyaaf, sirreeffamtootni manneen sirreessaa Arsii, Jimma fi Wallagga Bahaa hojii uccuu dhawuu fi hodhuu irratti boobba'anii jiran sirreeffamtoota haaraa *makiinaa* fi arbii isaanii irratti leenjii kan kennan ta'uu fi haalli kun ammo qabeenyaa isaanii irratti miidhaa geessisaa kan jiru ta'uu ibsu. Sirreeffamtootni meeshaa namoota dhuunfaa kanneen irratti leenji'aa gama isaaniitiin hojicha hojjechuuf kaka'umsa guutuu kan qaban yoo ta'eltee qabeenya namaa cabsina jedhee waan sodaannuuf haala barbaadamuun leenji'aa akka hin jirre ibsu.

<sup>179</sup> Miiljalee lak 177

<sup>180</sup> Daawwii hojii mana sirreessaa Maqalee irratti gaggeeffamee fi af-gaaffii Komandar Birhan Berhe (abbaa adeemsa Hojii Ijoo Haaromsaa fi Ijaarsa sirreeffamtoota seeraa Komishinii Manneen Sirreessaa Tigraayi) wajjiin taasifame.

<sup>181</sup> Garramawu Abdiisaa, Mulugeetaa Maammoo, Marreessaa Higguu, Olumaa Guutuu, Gammadaa Addunyaa fi Surraa Abboomaa, sirreeffamtoota m/sirreessaa Wallagga Bahaa, (Naqamte), af-gaaffii gaafa 19-3-2006 waliin gaggeeffame

<sup>182</sup> Fakkeenyaaf, hojiin sibiilaa fi xilfii mana sirreessaa Wallagga Bahaa keessatti hojjetamaa turan sababa hanqina dhiyeessii yeroo daataan qorannoo kanaaf oolu walitti qabame dhaabatanii kan jiran ta'uu sirreeffamtootni fi leenjistootni dhugaa bahu.

6. Gabaa gahaa argachuu dhabuun oomisha sirreeffamtootaas akka rakkootti dhimma sirreeffamtootaan eeraman keessaa isa tokko yoo ta’u rakkoon sunis haala armaan gadiin ibsameera.

- ♣ Leenjiwwan kennaman ogummaa qofa utuu hin ta’iin muuxannoos sirreeffamtoota gonfachiisuu waan qabaniif erga leenjii xumuranii booda haalli isaan mana sirreessaa keessattilee dhuunfaa fi gareen ijaaramanii hojii barbaadan irratti bobba’uun muuxanno gabbifatan jiraachuun barbaachisaa dha. Haaluma kanaan, caaseffamni isaa ifa ta’uu haa baatu malee sirreeffamtootni IMX fi dhuunfaan hojii galii argamsiisu irratti bobba’uun galii qofa utuu hin ta’iin muuxannoo fi kaka’umsa hojii horachaa jiru. Haa ta’u malee, oomishni isaanii yeroo baay’ee galii gaarii argamsiisaa akka hin jirre sirreeffamtootni ni dubbatu<sup>183</sup>. Gatii gaarii argachuu dhabuun isaanii ammoo hojicha akka hin hojjechu guchurratti akka argamu ibsu. Akka sirreeffamtootni fi leenjistootni dubbatanitti ka’umsi rakkoo kanaa walitti-hidhatiinsa dhabuu gabaa fi oomishtootaa (sirreeffamtootaa)ti<sup>184</sup>.
- ♣ Qaawwa gama kanaan jiru duuchuuf, daldaltotni murta’an dhiyaatanii oomsiha sirreeffamtoota akka bitan, uummatni sirreeffamtoota dubbisuu yeroo dhaqu akka oomshicha akka bitataniif moora mana sirreessa keessatti iddoo qopheessuun akkasumas kara firaa akka gurgurataniiif haala mijeessuu hoggantootni ni ibsu. Haa ta’u malee, oomishtootni akka dubbatanitti, fakkeenyaaf, gatii gaabiin tokko sirreeffamtoota irraa ittiin bitamuu fi daldalaa irraa gabaa keessatti bitamu hanga qarshii 200 garagarummaa akka qabu dubbatu. Jiraachuu garagarummaa qofa utuu hin ta’iin qabatamatti sirreeffamtootni bakka adda addaatti akka dubbatanitti bu’aa maallaqaa kan jedhamu argachaa akka hin jirree ibsu.
- ♣ Rakkoo gabaa gahaa dhabuu oomisha sirreeffamtootaaf sababa ta’uu kan danda’u tokko hooggansa mana sirreessaa keessatti hojiin kun xiyyeeffannoo

---

<sup>183</sup> Fakkeenyaaf, sirreeffamtootni mana sirreessaa Arsii hojii uccuu dhawu irratti bobba’anii jiran gaabii, baaqqee, fi kkf hojjetan gatii gaariitti gurgurachaa akka hin jirree ni ibsu. Akka sirreeffamtootni kanneen ibsanitti gatii fi humna isaan itti baasan, oomishni isaanii gurguramee deebisaafii akka hin jirre dubbatu.

<sup>184</sup> Fakkeenyaaf, miiljalee lak 181, 172 fi 167 ilaalaa

barbaadu dhabuusaati jechuun ni danda'ama. Caaseffama mana sirreessa keessa abbummaan hojiin kun hojjetamuu akka qabuu fi qaama kamiin hojjetamu akka qabu adda baasuun rakkisaa dha. Muuxannoo Naannoo Tigraay yoo ilaalle garuu Adeemsa Haaromsaa fi Ijarsa Sirreeffamtootaa jalatti gareen ijaarsaa fi misooma hojii hawaasummaa dhiyeessii fi oomisha sirreeffamtootaaf gabaa barbaadurratti xiyyeeffata. Itti dabalees, oomisha *exhibition* adda addarratti dhiyeessuu fi miidhiyaalee adda addatti fayyadamuun hawaasa bal'aa biratti beekamtii akka argatan taasisa. Haaluma sanaanis, oomisha adda addaa qaamolee mootummaatiif dhiyeessuun sirreeffamtootaa galii fi hamilee horaa jira.

### **Gahumsa sirreeffamtootaaf beekamtii kennuu**

Lakkoofsa 1ffaa fi 2ffaa kanaa ol jiran jalattii barumsa qalamaa fi leenjiin ogummaa hojiiwwan sirreeffamtoota haaromsuuf hojjetaman keessaa isaan ijoo ta'uu ilaalleera. Barumsi qalamaa fi leenjiwwan kanneen beekumsa, ogummaa fi dandeettii leenjistootaaf kan argamsiisan akkasumas jireenya isaanii gara fuul-duraa jirreenya yakkarraa bilisa ta'e akka jiraatan kan isaan taasisu waan ta'eef xumura irratti beekamtii argachuu qabu<sup>185</sup>. Haalli kenniinsa beekamtii kanaas, certiifikeetii beekamtii fi badhaasaan kan tumsame yoo ta'e filatamaa dha. Haala kanaan, barumsaa fi leenjii fudhataniif beekamtii argannaan jireenyi isaanii gara fuul-duraa bu'uura amansiisaa tokko irratti kan hundaa'e ta'eera jedhanii waan fudhataniif carraa isaan hawaasaa wajjiin wal-simuu fi yakka irraa fagaachuuf qaban daran kan guddisuu dha<sup>186</sup>.

Haaluma kanaanis, manneen sirreessaa Oromiyaa barumsa qalamaa fi leenjii ogummaa sirreeffamaa fudhateef akka sadarkaa sadarkaa isaatti beekamtii ni kennu. Sirreeffamaa barumsa qalamaa (idilee) barateef beekamtiin kara biiroo barnootaa yoo kennamu, nama leenjii ogummaa irratti leenji'aa tureef ammoo beekamtiin gama BLTON kennama. Barumsi idilee sirreeffamaaf kan kennamuu fi madaalamuu akkasumas beekamtiin kan kennamu biiroo barnootaan ta'a. Kanaafuu, beekamtii kennuu fi hamilee sirreeffamtootaa gama kanaan jajjabeessuf hojiin hojjetamuu fi haalli itti adeemamu iftoomina kan qabu, sirrii fi amansiisaa dha. Haa ta'u malee,

---

<sup>185</sup> Rome Memorandum on Good Practices for rehabilitation and reintegration of violent extremist offenders, GCTF, 2012,, fuula 11

<sup>186</sup> Rome Memorandum on Good Practices for rehabilitation and reintegration of violent extremist offenders, GCTF, 2012, fuula 11

kenna leenjii ogummaa ilaalchisee qaamni leenjii kennu mana sirreessaa yoo ta’u beekamtii fudhatamummaa qabu dhimma kanarratti kan kennuu ammoo BLTO dha. Kanaaf, sababoota armaan olitti caqasameef, sirreeffamtootni leenjii gahumsa qabu fudhachaa jiru jechuun rakkisaa dha. Haala kanaan, qaama biraatiin madaalamanii darbuun beekamtii (certificate) ni argatu jechuun rakkisaa dha; qabatamaattis, sirreeffamtootni leenji’aa turuun beekamtii argatan baay’ee muraasa. Sirreeffamtootni mana sirreessaa irraa filatamanii wiirtuu leenjii sirreeffamtoot seeraa Oromiyaatti waggaa tokkoof haala addaan leenji’an jedhaman keessaalee beekamtii kana kan fudhatan lakkofsa eegamu gadi akka ta’e leenjifamtootni sunniin ni ibsu.

### **Sirreeffamtootni sagantaa haaromsaa keessa akka darbaniif onnachiiftuu kennuu**

Hojiiwwanii fi sagantaa haaromsaa keessa darbuun sirreeffamtootaa dudhaa hawaasaaf kabaja akka kennan akkasumas yeroo mana sirreessaa bahan hawaasaa wajjiin wal-simani akka jiraatan isaan taasisa<sup>187</sup>. Kanaafuu, sirreeffamtootni kaka’umsa sagantaa haaromsaa akka fudhatanii fi keessa akka darbanitti onnachiiftuu kennuun barbaachisaa dha. Onnachiiftuwwan dhimma kanarratti kennaman akaakuu hedduu qabaachuu ni danda’u. Fakkeenyaaf, maatii isaanii wajjiin akka wal argan taasisuu ykn carraa maatii isaanii dowachuu guddisuu fi haalawwan isaan bashannansiisu mijeessuu ta’uu danda’u. Kaayyoo qabbame galmaan gahuu akka danda’u kenniinsi onnachiiftuwwan kanneenii of-eeggannoo fi xiyyeeffannoo guutuun ta’uu qaba.

Haaluma kanaan, manneen sirreessaa Oromiyaa sirreeffamtootni hojiiwwan sirreessamtoot haarumsu jedhamanii hojjetamaa jiran keessatti sirreeffamtootni hundi akka hirmaatan mirkaneeffachuuf sirna diriirfatan qabu. Bu’uura sirna sanaatiin sirreeffamaan ragaa barumsa qalamaa fi leenjii ogummaa barachuusaa agarsiisu dhiyeessu malee karoora (ammakiroo) hin argatu akka hooggantootni manneen sirreessaa hundi dubbatanitti. Adeemsa manneen sirreessaa kanneen irraa akka hubtamutti karoora haaromsaa keessa darbuun sirreeffamaa mallattoo qajeelfama mana sirreessaa fudhachuu fi amala gaarii qabuu agarsiisutti lakka’ama jechuu dha. Haala kanaan, adeemsi deemamu gaarii yoo ta’ellee onnechiiftuu dabalataatti fayyadamuu dhabuun isaanii akka hanqina tokkotti ijoo ka’uu danda’uu dha.

---

<sup>187</sup> Rome 11



## **Nama Mana Sirreessaa Bahuuf haala mijataa uumuu**

Sagantaan haaromsaa sirreeffamtootaaf kennamu mana sirreessaa keessatti kan eegalu yoo ta'ellee namni sun mana sirreessaa erga bahee booda hawaasa keessatti galma barbaadamu gaha. Fakkeenyaaf, sirreeffamaan hojii ogummaa sibiila hojjechuu barate mana sirreessatii yeroo bahu ogummaa kanaan hojii mataa isaatii uummachuun yookaan ogummaa kanaan qacaramuun galii mataa isaatii yoo argate leenjichi kaayyoo isaa galmaan gaheera jedhama. Kanaafuu, sagantaan haaromsaa sirreeffamtoota galma barbaadamu akka gahutti mootummaan namoota mana sirreessaatii bahaniif hordooffii fi tajaajila adda addaa kennuun akka deebi'anii ijaaraman taasisuu qaba.

Manni sirreessaa Oromiyaa sagantaan haaromsaa bu'aa gaarii argamsiisuu kan danda'u hanga namni sirreeffamaa ture ogummaa fi beekumsa argateen bultoo mataa isaatii argachuun jireenya yakkarraa bilisa ta'e jiraate booda akka ta'e ni amana<sup>188</sup>. Haaluma kanaan, namootni sirreeffamanii bahan hawaasaan wal-ta'anii jireenya yakkarraa bilisa ta'e akka jiraataniif hawaasaa fi komishinii poolisii wajjiin hojjechaa akka jiran hooggantootni manneen sirreessaa ni ibsu<sup>189</sup>. Hojiin haala nama mana sirreessaatti sirreeffamaa turee baheef mijeessuuf hojjetaman bakka gurguddaa lamatti qoodamuu danda'u. Inni jalqabaa, namni mana sirreessaatii bahu nama jijjiiramee fi nagaan jiraataa jiru ta'uusaa adda baasuuf duukaa bu'anii hordofuu dha. Hordoffiin kunis yeroo ammaa kana hojii xiyyeeffannoon mana sirreessaatiin itti adeemamaa jiru ta'uu yoo baatellee hanga tokko gama poolisiin yaalamaa jira<sup>190</sup>. Poolisiin namoota mana sirreessaatii bahan hunda utuu hin ta'iin namootni araaraan bahan hawaasaa wajjiin waliigalanii jiraachaa jiraachuu isaanii fi nama yakka irratti raawwatanii wajjiin araaramuu isaanii adda baasuuf yaalii taasisa<sup>191</sup>.

---

<sup>188</sup> Komishinara Tsahay Nagaash, Komishinara m/sirreessaa Oromiyaa, barruu ibsa hojiiwwan m/sirreessaa Oromiyaa irratti barreeffame, (2004), finfinnee

<sup>189</sup> Miiljalee 132.M/sirreessaa Oromiyaa, akka hoggantootni ibsanitti, hawaasa bal'aa (uummata), qaamolee haqaa, miti-mootummaa, fi miidiyaalee adda addaa wajjiin quunnamtii uumuun hariiroo sirreeffamtootni hawaasa bal'aa wajjiin qabu akka guddatu taasisaa jiru. Haa ta'u malee, hoggantootni kanneen akka ibsanitti hariiroon gama kanaan uumamaa jiru sadarkaa barbaadamerra kan gahe akka hin taanee fi gara fuul-duraatti hojiin bal'aan hojjetamuu akka qabu ni ibsu.

<sup>190</sup> Inispektar Ahimad Araba fi Muhammad Kadir, qorattoota poolisii, qajeelcha poolisii Arsii, af-gaaffii gaafa 2-4-2006 wajjiin gaggeeffame

<sup>191</sup> Miiljalee olii

Inni lammaffaan, namni mana sirreessaa keessaa ture nama ykka raawwate (maqaa gaarii hin qabne) fi jireenya hawaasaa irraa adda bahee jiraataa ture waan ta'eef adabbiisaa xumuree yeroo gadi lakkifamu hawaasa keessatti carraa inni madaqoo ta'u guddaa dha: hawaasni ofitti, innis hawaasatti dhiyaachuu dhabuu danda'a. Qaawwa gama kanaan jiru duuchuuf manneen sirreessaa hojiiwwan adda addaa hojjechaa akka jiran ni ibsu. Isaanis, namni sirreeffamaa jiru maatii fi fira isa dubbisuu dhufanii wajjiin bakka mijataa keessa yeroo dheeraaf wajjiin taa'uun akka wal-dubbisaniif fi waan garaa isaanii dubbataniif haalli mijachuu hoggantootniif fi sirreeffamtootni ni dubbatu; dowiin taasifames kanuma dhugoomsa. Hoggantootni akka ibsanitti, yeroo yerootti manni sirreessaa hawaasaa wajjiin mari'achaa jira. Marii taasifamu kanarrattis namni mana sirreessaatii bahu nama yakka raawwatetti gaabbe, nagaan hawaasaa wajjiin jiraachuu barbaaduu fi lammii oomishaa akka ta'e ibsuun simannaa gaarii akka taasisaniifis dhaamsa akka dabarsan hoggantootni tokko tokko ni ibsu<sup>192</sup>. Itti dabaluuinis, chaarteriin lammiilee qaamolee mootummaa adda addaa wajjiin mallatteeffamee waan jiruuf carraa hawaasni hojii mana sirreessaa keessatti hojjetaman beekuu fi nama yeroo adabbii isaa xumuree bahe simachuu ilaalchisee qaban gaarii ta'uusaa af-gaaffiin gaggeeffame ni ibsa.

Haa ta'u malee, nama mana sirreessaatii baheef hordofiin taasifamuu fi irra-deebi'ee akka ijaaramuuf gargaarsi taasifamu gadi aanaa dha. Hojiiwwan haala mijeesuuf hojjetaman kanneen bu'aa eegamu akka hin argamsiisne sababootni taasisan hedduu dha.

- ♣ Manni sirreessaa nama sirreeffamee bahe hordofuu kan isa dandeessisu caaseffamaa hin qaban<sup>193</sup>. Dhimma kanarratti caaseffama dhabuun mana sirreessaa, sirreeffamaan yeroo adabbii isaa xumuree mana sirreessaatii gadi lakkifamu hawaasaan wal-ta'ee jiraachuu isaa mirkaneessaa akka hin jirre agarsiisa. Hoggantootni manneen sirreessaa af-gaaffiin waliin taasifame hundis yaada kana dhugoomsu.
- ♣ Namni sirreeffamee gahe ogummaa, hubannoo fi dandeettii mana sirreessaatii argatetti fayyadamee hojii galii gaarii argamsiisuu danda'an irratti bobba'uun ofii isaatii fi maatii isaa bulchuu danda'uu isaa mirkaneessuuf manneen sirreessaa baajata, humana namaa fi

---

<sup>192</sup> Fakkeenyaaf, hogganaan mana sirreessaa Wallagga Bahaa manni sirreessaa fi hawaasni wal-quunnamtii gaarii akka qaban ni ibsu.

<sup>193</sup> Miiljalee lak 167. Muuxannoo manneen sirreessaa Tigraay dhimma kanarratti yoo ilaalle hojiiwwan Adeemsa Hojii Ijoo Sirreessaa Sirreeffamtoota Seeraa jalatti hojjetaman keessaa tokko hojii wal-ta'iinsa nama mana sirreeffamaatii bahee fi hawaasaa ilaaluun furmaata atattamaa kan laataa dha.

yeroo akka hin qabne hoggantootni ni ibsu. Dhimma kanarratti hogganaan tokko akka jedhanitti, “Namoota mana sirreessaatii bahan duukaa buune ilaaluun haa hafuu hojii mana sirreessa keessatti hojjetaman illee hojjechuuf baajataa fi humna namaa gahaa hin qabnu” jedhu<sup>194</sup>

- ♣ Namoota karooraan bahan ilaalchisee hordoffiin gama poolisiin taasifamaa kan jiru yoo ta’ellee bu’uura waliigaltee jiruun gabaasa mana sirreessaatii dhiyeessaa akka hin jirre hoggantootni manneen sirreessaa ni ibsu<sup>195</sup>. Hordoffiin gama poolisiitiin taasifamus ijoo muraasa qulqulleessuu qofa irratti hundaa’a<sup>196</sup>. Innis, namni mana sirreessatii dhiifamaan bahe nama yakka irratti raawwatee wajjiin haraaramuu fi hawaasaa keessaa bahee wajjiin nagaan jiraachuu isaa qulqulleessuu fi deeggarsa barbaachisaa kennuu dha. Hima biraan, hordoffii poolisiin taasifamu namoota muraasa qofaaf taasifamaa kan jiru ta’u agarsiisa.
- ♣ Sirreeffamtootni mana sirreessaatti IMXn ijaaramuun ogummaa fi dandeettii argatan akkuma bahaniin muuxannoo isaanii kana hojiitti akka jijjiiran, achumaanis tarsii moo mootummaan baase ijaaramanii galmaan akka gahan hojiin sirreeffamtootaa fi qaamolee mootummaa wal barsiisuu baay’ee gadi aanaa ykn hojjetamaa kan hin jirre ta’uu af-gaaffiin gaggeeffeeme ni agarsiisa<sup>197</sup>.
- ♣ Mana sirreessaa keessattis haa ta’u mana sirreessaa alatti maatiin sirreeffamaa fi miidhamaan yakkaa dhuunfaan hojii haaromsa sirreeffamootaa keessatti kallaattiin akka hirmaatan gochuu ilaalchisee hojiin qabatamaatti hojjetamee fi akka fakkeenyaatti ka’uu danda’u hin jiru jechuun ni danda’ama. Keessumaa, kallattiin qaamoleen hawaasaa kanneen haaromsa sirreeffamtootaa keessatti hirmaachisuu dhabuun guddina

---

<sup>194</sup> Fakeenyaaf, Komandar Taarikuu Gannatii, hogganaa m/sirreessaa Shawaa Lixaaa, af-gaaffii gaafa 17-3-2006

<sup>195</sup> Miiljalee lak 167. Hoggantootni manneen sirreessaa Tigraay akka ibsanitti, nama sirreeffamee bahe duukaa bu’uun hawasaa wajjiin wal ta’ee jireenya yakkarraa bilisa ta’ee jiraachuu harka caalaa hordofuu fi qulqulleessu poolisii dha. Poolisiin ijoo kanarratti ragaa argate hunda mana sirreessatiif ni dhiyeessa. Manni sirreessaa ammoo gabaasa dhiyaatu irratti hundaa’uun sirreeffama barbaachisaa ta’e hunda kan fudhatu yoo ta’ellee gabaasni gama poolisiin dhiyaatu dhugaa ta’uusaa mirkaneeffachuuf mala iddattootti (sampling method) fayyadamuun sirreeffamtootni muraasni ogummaa, dandeettii fi hubannoo mana sirreessaatii argatanii bahanitti fayyadamuun jijjiiramuu isaanii qulqulleessa.

<sup>196</sup> Fakeenyaaf, miiljalee lak 190

<sup>197</sup> Miiljalee lak 167

## **BOQONNAA AFUR**

### **Yaada Guduunfaa fi Furmaataa**

#### **Yaada guduunfaa**

Manneen sirreessaa adeemsa murtii mana murtii raawwachiisuu keessatti sirreeffamtoota seeraa eeguu, mirga namoomaa isaanii kabajuu fi hojiiwwan haaromsaa hojjechiisuun sirreeffamtootni yeroo m/sirreessaa keessa jirus haa ta'u yeroo m/sirreessaa bahan namoota yakka balaaleffatan akka ta'an taasisa. Hojiin haaromsa sirreeffamtootaa hojii yakka ittisuu keessaa isa tokko waan ta'eef qaama hojiiwwan sirna haqa yakkaa keessaatti hojjetaman keessaa isa tokko. Seerri yakkaa biyya keenyaas akka ibsutti kaayyoon namoota yakka raawwtan akka adabaman taasisuu, amalaa fi ilaacha yakka raawwachuu isaan qabanitti jijjiiruun gara fuul-duraatti namoota yakka balaaleffatan akka ta'an gochuu dha. Haala kanaanis, nagaa fi tasgabii hawaasa bal'aa mirkaneessuu dha.

Yeroo fi biyyootaa garagaraa keessatti hojiin haaromsa sirreeffamtootaa kallattii adda addaan hubatamaa tureera, hubatamaas jira. Hojiin kun kallattii lubuu fayyisuu, lammii gaarii oomishuu, amala badaa sirreeffamtootoni qaban wallaanuu, mirga sirreeffamtootaa kabajuu fi faayidaa hawaasa bal'aa mirkaneessuun hubatama. Sagantaa biyyi tokko keessummeessitu irrati hundaa'ee kallattiiwwan kanneen keessaa tokko ykn isaa ol al-takaatti hojiirra akka oolan gochuun ni danda'ama. Hojiin haaromsa sirreeffamtootaa, gama tokkoon hojii yakka ittisuu yoo ta'u gama biran hojii mirga sirreeffamtootaa kabachiisuun hojiiwwan misooma hawaasummaa fi dinagdee keessatti sirreeffamtoota seeraa hirmaachisuun nageenyaa fi guddina biyyaa mirkaneessuu dha. Kanaafuu, biyyi keenya yeroo ammaa kanatti, hojii haaromsa sirreeffamtootaa akka hojii faayidaa qaamolee lamaa jechuunis faayidaa sirreeffamtootaa fi hawaasa bal'aa mirkaneessuutti simattee keessummeessaa jirti.

Yeroo mootummaa ce'umsaa keessa, bara 1985tti, manneen sirreessaa sadarkaa Naannoo Oromiyaatti hundeeffame. Labsii lak 49/94tiin irra deebi'ee hundeeffamuun sadarkaa komishiniitti guddate. Labsii lak 163/2003tiin ammoo adeemsa hojii ijoo tokkoo fi adeemsa deeggarsaa afur of-jalatti hammatee irra-deebi'ee akka hundeeffamu ta'uun namoota yakka raawwatan jedhamanii to'annoo seeraa jala oolan beellama idilee, beellama yeroo fi murtiin ajaja mana murtiin ergaman qofa simatee keessummeessa jiru.

Bu'ura caaseffama haaraa kanaan, qoodamni hojii akka ibsutti, hojiiwwan manneen sirreessaa keessatti hojjetaman keessaa hojiin ijoo hojii sirreessaa fi haaromsa (correction and rehabilitation) sirreeffamtootaati. Adeemsi hojii ijoo sirreessa sirreeffamtoota seeraa toora xiyyeeffannoo sadii irratti hojjeta: haaromsa/sirreessa sirreeffamtoota mirkaneessuu, nageenya m/sirreessaa mirkaneessuu fi mirga namooma sirreeffamtoota dhugoomsuu dha. Hima biraan, maqaan adeemsa hojii ijoo kana adeemsa sirreessa sirreeffamtoota seeraa haa jedhamullee malee hojiiwwan gurguddoo kanneen hojii haaromsaa wajjiin wal-gitan biroo lama hojjetaa jira. Hojiiwwan gurguddoo kanneen adeemsa sirreessa sirreeffamtoota jala galuun isaanii hojii haaromsaa xiyyeeffannoon bal'isani hojjechuu irratti dhiibbaa mataa isaatii kan qaqqabsiisa. Fakkeenyaaf, hojiin haaromsa sirreeffamtoota hojii sirreessa sirreeffamtoota kan dhimma nageenyaa, nyaataa, bakka ciisichaa fi kkf hojjetuttii adda bahuu dhabuunsaa mana sirreessaa kaasee hanga alaatti (hawaasa keessatti) hojii haaromsaa guutumatti duukaa bu'ee akka hin hojjenne dhimma taasisaa jiruu dha jechuun ni danda'ama. Muuxannoon biyyoota biroos akka agarsiisutti hojiin haaromsa sirreeffamtoota adeemsa mataa isaa danda'een gaggeeffama.

Gara qabatama raawwii hojii haaromsa sirreeffamtoota manneen sirreessaa Oromiyaatti yoo deebinu, tajaajila hawaasummaa kanneen akka gorsa ogummaa, barumsa qalamaa fi leenjii ogummaa adda addaa kennuun sirreeffamtootni yakka raawwatanitti gaabbuun yeroo gara hawaasatti deebi'an lammii yakka balaaleffatuu fi oomishaa akka ta'an gochuu irratti xiyyeeffatamee hojjetamaa jira. Raawwii kanaanis jireenya sirreeffamtoota baay'ee jijjiiruun lammii oomishaa fi seera kabajaa taasisaa jira. Haa ta'u malee, hanqinaalee hedduutu gamaraawwii hojii haaromsa sirreeffamtoota manneen sirreessaa Oromiyaa keessatti mul'achaa jira jechuun ni danda'ama.

Kanumaan wal qabatee, yeroo ammaa kanatti, manni sirreessaa sirreeffamtoota gorsa, barumsaa fi leenjii adda addaan gahomsuu fi hojiiwwan galii argamsiisanitti ramaduun galii akka argatan gochuu malee mana sirreessaa alatti hojiin haaromsaa kennamu bu'aa buusuu isaa hordofaa hin jiru. Hordofii barbaachisaa taasisuu dhabuun kun ammoo sirreeffamtoota bahaniif alatti haala mijeessuu keessatti shooraa akka hin qabaanne isa taasisuutti dabalee gahumsa hojii haaromsaa gamaaggamaa akka hin deemne gochuu keessatti gahee qaba jechuun ni danda'ama. Muuxannoon biyyoota biroo kan akka Ameerikaas ta'e naannoo Tigraay akka agarsiisanitti m/sirreessaa namootni sirreeffamanii bahan hojii akka argatan gochuu ilaalchisee ala bahee

haalli sirreeffamtoota itti to'atuu fi sadarkaa maalirra akka jiran qorannoo gaggeessuun itti mirkaneeffatan diriirfatani jiru.

Hojiin haaromsaa hojii hubannoo, dandeettii, ogummaa fi muuxannoo sirreeffamtootaa guddisuun namoota hojjetanii of-bulchan, seeraa fi duudhaa hawaasaa kabajan, hariiroo qaban fooyyeffatan, miiraa ofii to'atanii fi qabeenya qaban sirnaan bulchan akka ta'an godhuu dha. Kaayyoo kana galmaan gahuuf, haa ta'u malee, manni sirreessaa hojiiwwan garagaraa qaamolee adda adda waliin ta'uun hojjechuu qaba. Adeemsa hojiiwwan kanneen raawwachuu keessatti hojii guddaa manni sirreessaa dursa hojjechuu qabu kaayyoo fi galma hojii haaromsaa kanneen maloota adda addaatti fayyadame sirreeffamtoota qabachiisuu dha. Gama kanaan manni sirreessaa simannaa sirreeffamtootaa irraa eegalee hubannoo uumuu irratti argama. Haa ta'u malee, malootaa adda adda fi yeroo gara yerootti kaayyoo haaromsa sirreeffamtootaa hubachiisuu ilaalchisee laafinni ni mul'ata.

Manneen sirreessaa bakka hojiin haaromsaa itti hojjetamuu akka ta'u gochuun hojii ijoo manni sirreessaa irratti xiyyeeffachuu qabu dha. Mana sirreessaa bakka jireenyaaf mijataa taasisuuf yeroo dhiyoo as hojiin bal'aan hojjetamaa jira. Haa ta'u malee, ammas gama kanaan hanqina bal'aatu mul'achaa jira. Fakkeenyaaf, bakka ciisicha qulqullina qabu fi yuuniformii (uccuu) dhiyeessuu dhabuu, akkasumas tajaajila wallaansa si'ataa fi gahaa ta'e keessumaa namoota dhukkuba sammuu dhukkubsataniif kennuu dhabuu ilaalchisee rakkinootni jiran bal'aa dha jechuun ni danda'ama.

Sirna odeeffannoo gahumsa qabu diriirsuu dhabuun rakkoo manneen sirreessaa Oromiyaa keessa jiru keessaa dhimma xiyyeeffannoo barbaaduu dha. Rakkina daataa maalummaa sirreeffamtootaa ibsu galmeessuu, qaamolee haqaa birootiif dabarsuu fi itti fayyadamuu ilaalchisee hanqinni jiru sirreeffamtoota deddeebi'oo adda baasuu fi sagantaa haaromsaa barbaachisu keessa akka hin darbineef akka gufuu guddaa tokkotti kan fudhatamuu dha. Bifuma wal-fakkaatuun, sirreeffamtoota gidduutti akkasumas sirreeffamtootaa fi hawaasa gidduutti hariiroon gaarii fi odeeffannoon wayitaawaa ta'e akka jiraatutti sirna wal-quunnamtii gaarii ta'e diriirsuu irratti hanqinni jira.

Hojiin haaromsa sirreeffamtootaa harki caalaan hojjetoota manneen sirreessaatiin kennama. Haa ta'u malee, sadarkaan baay'inaa fi qulqullina hojjetoota kanaa gita barbaadamuu gadi jechuun ni danda'ama. Keessumaa haala qabiinsa mirga namummaa sirreeffamtootaa fi haala raawwii fi

kaayyoo hojii haaromsaa irratti hubannoo fi ogummaan isaan qaban yeroo gara yerootti gabbataa deemaa hin jiru; kanneen leenjii ogummaa kennanis leenjii sadarkaa I qofa kan fudhatanii dha.

Hojii sirreeffamtoota haaromsuu keessatti gahee qorsaan xiinsamuu fi hawaasummaa xaphatan guddaa dha. Manneen sirreessaa ogeessota kanneenitti fayyadamuun hojii haaromsaa hojjechuuf bakka hundaatti yaalii guddaa taasisuurratti argama. Haa ta'u malee, manneen sirreessaa baay'een ogeessa xiinsamuu ykn hawaasummaa, ykn lamaan isaaniyyuu hin qabane baay'ee dha. Itti dabalees, haala mijataa ogeessotni kanneen hojii isaanii bilisummaa fi gahumsaan itti hojjetan mijeessuun wal-qabatee hanqinaaleen darbanii darbanii mudatan hedduu dha.

Bifuma wal-fakkaatuun tajaajilli gorsa seeraa hojii haaromsa sirreeffamtoota keessatti gahee ol'aanaa qaba. Mootummaan kana hubachuun gama abbootii alangaatiin sirreeffamtootni hubannoo seeraa qabaachuun seera akka kabajanii fi kabachiisan gochuu ergi eegalee bubbuleera. Abbootiin alangaa hojii idilee isaaniitiin waan qabamaniif, bakka baay'eetti, gabatee yeroo manni sirreessaa qopheessu hordofanii hubannoo kennaa hin jiran; abbootiin alangaa namoota himannaa qopheessuun mana murtii dhaabatanii sirreeffamtootni akka adabaman taasisan waan ta'eef fedhii sirreeffamtootni namoota kanneen dhaggeeffachuun hubannoo seeraa argatan haala barbaadamuu gadi jechuun ni danda'ama.

Hojiin haaromsaa kan eegalamu mana sirreessaa keessatti yoo ta'ellee xumura kan argatuu fi kaayyoon isaa galma barbaadame kan gahu mana sirreessaa alatti waan ta'eef hojii hirmaannaa hawaasa bal'aa barbaaduu dha. Gama kanaan, manni sirreessaa sirreeffamtoota fi hawaasa walitti fiduu fi hawaasaa wajjiin hojjechuu ilaalchisee tattaaffii jajjabeessaa raawwachaa jira jechuun ni danda'ama. Haa ta'u malee, hojiin haaromsa sirreeffamtoota hangam hojjetamaa akka jiru, kaayyoon isaa maal akka ta'ee fi namoota sirreeffamanii bahan hawaasni attamitti simachuu akka qabu ilaalchisee hawaasaa wajjiin mari'achuu fi of beeksisuu irratti laafina guddaatu mul'ata. Keessumaa, hojii kana keessatti maatii sirreeffamtoota fi miidhamaa dhuunfaa, yoo xiqqaate yakkoota ciccimoo irratti, hirmaachisuun wal-qabatee hojiin hojjetamaa jiru qaawwa qaba jechuun ni danda'ama.

Hojiin haqaa jechuunis hojiin qorannoo yakkaa, himannaa dhiyeessuu fi murtii kennuu haaromsa sirreeffamtoota wajjiin hidhata guddaa qabu. Qulqullina dhabuun hojiiwwan kanneenii tattaaffii ilaalcha sirreeffamtoota jijjiiruuf taasifamu irratti miidhaa kallattii fiduu danda'a; fidaas jira jechuun ni danda'ama. Kanaaf, qaamoleen dhimmi ilaalu gahumsaa fi qulqullina hojii qorannoo

yakkaa, himata dhiyyeessuu fi murtii kennuu fooyyeessuun tattaaffii sirreeffamtoota haaromsuuf taasifamu keessatti gumaacha isaan irraa eegamu bahuu qabu. Itti dabalees, qaamooleen kanneen koree adda addaa hundeessuun waliin hojjechaa jiran keessatti dhimma hojii haaromsa sirreeffamtootaa akka ajandaatti kaasanii irratti mari'achuun barbaachisaa dha.

Bu'uura seera yakkaa kwt 201 fi 202tti manni murtii ulaagaalee seerri teechise sirreeffamtootni guutanii kan argaman yoo ta'e karooraan (amakkiroo) akka bahan mirkaneessuu danda'a. Ulaagaalee seerichi teechise keessaa tokko sirreeffamaan beenyaa manni murtii akka kaffalu itti murteesse ykn miidhamaa dhuunfaa wajjiin waliigale kaffalee kan xumuree, fi miidhamaa dhuunfaa wajjiin kan araame ta'usaa ragaa mirkaneessu dhiyeeffachuu qaba. Namootni hidhamanii jiran baay'een isaanii maallaqa beenyaa sana ittiin kaffalanii fi haala miidhamaa wajjiin araaraman waan hin arganneef ulaagaa kan guutuu hin danda'an. Abbootiin seeraa tokko tokko rakkoo kana hubachuun ulaagaa kana guutuun utuu hin barbaachisin karoora yoo mirkaneessan abbootiin seeraa kan biroon ammaa ni dhorkatu. Haalli kun ammoo sirreeffamtootni dhimma kana irratti bifa tokkoon naannicha keessatti akka hin keessummeeffamne ta'aa jiru. Tumaan kwt 202(b) ulaagaa kana duuchaatti kan tume miti; haala dhuunfaa sirreeffamaa yaada keessa galchuun barbaachisaa ta'uu ibsa.

Hojii haaromsaa keessatti hojiin sirreeffamtoota hawaasaan wal taasisuu jechuunis hojiin barumsa qalamaa fi leenjii ogummaa kennuu akkasumas yeroo mana sirreessaa bahan haala mijataa sirreeffamtoota simachuu danda'u uumuun isaan ijoo dha. Tattaaffiin barumsa qalamaa sirreeffamtoota hunda waliin gahuuf hojjetamaa jiru sadarkaa gaariirra jira jechuun ni danda'ama. Haa ta'u malee, qulqullina daree, kaka'umsa barsiisotaa fi sirreeffamtootaa, dhiyeessii meeshaalee barumsaa fi sadarkaa barnootaa mana sirreessaa hunda keessatti kennamuu guddisuu ilaalchisee bakka baay'eetti hanqina guddaatu mul'ata. Bal'inaan mul'achuun hanqinaalee kanaa ammoo qulqullina barumsa manneen sirreessatti kennaman gadi buusutti dabalee sadarkaa barumsaa qaban sirreeffamtootni akka hin fooyyeffannee dhimmoota taasisuu keessatti qooda qabaniidha jechuun ni danda'ama.

Leenjiin ogummaa addaa addaa irratti kennamaa jiran sirreeffamtoota qabatamatti jijjiirruu keessatti hojii qooda ol'aanaa qabuu dha. Manneen sirreessaa Oromiyaa keessatti leenjiin akaakuu ogummaa garagaraa irratti kennamaa jira. Sadarkaan qulqullina leenjiwwan kanneenii, haa ta'u malee, sababoota hedduuf gita barbaadamuu gadi jechuun ni danda'ama. Fakkeenyaaf,



akaakuu ogummaa uccuu dhawuu fi hodhuu, fi xilfii irratti ogeessi leenjii gahumsa qabu manneen sirreessaa keessatti kennu hin jiru. Leenjii ogummaa kennamaa jiru hunduma irratti ogeessotni leenjii kennan sadarkaa leenjii isaan qaban gadi aanaa dha jechuun ni danda'ama. Itti dabalees, rakkinni meeshaalee leenjii irratti fudhatanii fi ittiin shaakalanii bal'inaan manneen sirreessaa Oromiyaa keessatti mul'achaa jira.

Sirreeffamtootni hojiiwwan galii argamsiisuu danda'an irratti IMXn gurmaa'anii hojjechuu irratti argamu. Haa ta'u malee, hojiin gurmaa'anii IMXn hojjetanii fi hojiin leenjii bakka baay'eetti adda hin baane; namootni leenji'anii hojii dhuunfaa isaanii hojjechaa jiran namoota biroo qabeenya isaanii irratti dirqamaan leenjisa jiru. Akkasumas rakkoo dhiyeessii fi gabaa waan qabaniif sirreeffamtootni hojii hojjetan irraa bu'aa eegan argachaa hin jiran jechuun ni danda'ama.

### **Yaadota Furmaataa**

1. Manni sirreessaa hojii haaromsa sirreeffamtoota seeraa haala xiyyeeffannoo fi bal'ina qabuun akkasumas m/sirreessaa fi m/sirreessaa alatti hojjechuu akka danda'utti hojiin haaromsaa adeemsa mataa isaa danda'een akka gaggeeffamu gochuun barbaachisaa dha.
2. Yaada furmaataa lakkoofsa tokkoffaa irratti kaa'ame hojiitti hiikuun ulfaataa yoo ta'e ammoo adeemsa hojii ijoo sirreeffamtoota seeraa amma jiru jalatti akka dame (division) guddaa tokkotti caasessuun itti gaafatamaa of-danda'een akka gaggeeffamugochuun gaarii dha.
3. Manni sirreessaa sirreeffamtoota jijjiiraa amalaa fi ilaachaa fiduun akkasumas leenjii ogummaa adda addaa fudhachuun yeroo adabbii isaanii xumuranii gara hawaasaa bal'aatti deebi'an sadarkaa maaliirra akka jiran duukaa bu'ee ilaaluun hojiin haaromsaa kaayyoo qabame galmaan gahaa akka jiru qulqulleessaa deemuun barbaachisaa dha. Itti dabalees, manni sirreessa odeeffannoo waajjirri poolisii dhimma kanarratti funaanuwalitti qabachuungaltee sagantaa haaromsa sirreeffamtoota taasisaa deemu qaba.
4. Sagantaa haaromsaa irratti sirreeffamtootni hubannoo fi kaka'umsa guutuu akka qabaatan gochuun galma-ga'iinsa hojichaaf gumaacha guddaa waan qabuuf manni sirreessaa yeroo gara yerootti kaayyoo hojii haaromsaa sirreeffamtoota hubachiisaa deemu irratti cimsee hojjechuu qaba.

5. Sirreeffamtootni guutummaatti hojii haaromsaa irratti akka bobba'an gochuuf mirga namooma isaanii kan akka bakka jireenyaa fi ciisichaa mijataa, nyaataa fi bishaan gahaa, yuunifirmii (uccuu) fi tajaajila yaalaa gahumsa qabu sirreeffamtootaaf akka dhiyaatuuf mootummaan, miti mootummaa fi hawaasni bal'aan cimaniif wal-ta'anii hojjechuu qabu.
6. Sirreeffamtoota qofaatti adda bahanii qabamuu qaban kan akka sirreeffamtoota dhukkuba daddarboo fi dhukkuba sammuu qabani fi dargaggoota balleessitootaa haala seerri jedhuun guutummaatti qabamaa waan hin jirreef manni sirreessaa sirreeffamtoota kanneen adda baasuun kunuunsa isaaniif barbaachisu guutuu irratti xiyyeeffannoon hojjechuun barbaachisaa dha.
7. Sagantaa haaromsa sirreeffamtootaa keessatti odeeffannoo maalummaa sirreeffamtootaa ibsu sirriitti galmeessanii ol kaa'uu fi itti fayyadamuun hedduu barbaachisaa waan ta'eef manni sirreessaa dhimma kanarratti cimee hojjechuu qaba.
8. Rikoordii yakkaa qaamolee haqaa biroo bira jiru fudhee itti fayyadamuu fi odeeffannoo qabus isaaniin gahuun sirreeffamtoota sagantaa haaromsaa isaan barbaachisu keessa akka darban gochuu keessatti gumaacha waan qabuuf manni sirreessaa hojiiwwan kanneenitti xiyyeeffannoo kennee hojjechuu qaba.
9. Qabiinsi sirreeffamtootaa haala mirga namooma isaanii kabajeen ta'uu akka qabutti manni sirreessaa poolisii mana sirreessaaf mirga namoomaa fi haala qabiinsa sirreeffamtootaa irratti leenjii yeroo yerootti kennuun barbaachisaa dha. Qaamolee kanneeniif leenjii kennuu ilaalchisee Inistiitiyuutiin leenjii ogeessota qaamolee haqaa fi qorannoo seeraa Oromiyaa kun komishnii manneen sirreessan wal-ta'ee hojjechuu barbaachisaa dha.
10. Ogeessota leenjii ogummaa adda addaa kennan baay'inaa fi qulqullina barbaadamuun horachuu irratti manni sirreessaa xiyyeeffannoo itti kennee hojjechuu qaba. Keessumaa namootni leenjii ogummaa laatan sadarkaa leenjii qaban akka guddifatanitti BLTO wajjiin manni sirreessaa ammas cimee hojjechu qaba.
11. Sirreeffamtootni ogummaa fi muuxannoo gahaa horataniif bahuun carraa jireenya gaarii jiraachuu akka argatan taasisuuf hanqina gama humna ogeessaa, meeshaalee leenjiin

irratti kennamanii fi dhiyeessii jiran furuun hedduu barbaachisaa waan ta'eef mootummaa, miti mootummaa fi hawaasni cimani hojjechuu qabu

12. Sirreeffamtootni jijjiiraa amalaa fi ilaalcha akka fidan gochuu keessatti gahee ogeessotni xiinsamuu fi hawaasummaa qaban guddaa waan ta'eef hojiin haaromsaa ogummaa xiinsamuu fi hawaasummaan akka deeggaramutti Komishiniin Manneen sirreessaa ogeessota kanneen manneen sirreessa hunda keessatti akka ramadaman gochuun barbaachisaa dha. Itti dabalees, hojii isaanii hojjechuuf haalota isaan barbaachisan kan akka kitaabaa fi kutaa mijataa akka sirratuuf gochuun gaarii dha.
13. Manni sirreessaa tajaajila gorsa seeraa yerootti sirreeffamtootaa kennuu fi haala isaan miira bilisa ta'een dhageeffatanii hubatan mijeessuun barbaachisaa waan ta'eef nama tajaajila gorsa seeraa kennu dhaabbataan qacaratee hojiiichiisuun furmata gaariidha.
14. Manneen sirreessaa raawwii hojii haaromsa sirreeffamtootaa keessatti hawaasa bal'aa, keessumattuu maatii sirreeffamaa fi miidhamaa dhuunfaa hirmaachisaa deemuu qabu. Itti dabalees, sab-quunnamtii adda addaatti fayyadamuun namootni sirreeffamanii mana sirreessaa bahan namoota duudhaa fi seera biyyaa kabajan, fi hojjetanii of-bulchuu barbaadan ta'uu isaanii irratti yeroo yerootti hubannoo bal'aa hawaasaaf kennuu qabu.
15. Poolisii, abbaa alangaa fi manni murtii gahee hojii isaanii kan ta'an hojii qorannoo yakkaa, himata dhiyyeessuu fi murtii kennuu ilaalchisee haala qulqullinaa fi saffisa qabuun raawwachuun tattaaffii sirreeffamtoota haaromsuuf taasifamu keessatti gumaacha isaan irraa eegamu bahuu qabu. Itti dabalees, qaamooleen kanneen koree adda addaa hundeessuun waliin hojjechaa jiran keessatti dhimma hojii haaromsa sirreeffamtootaa akka ajandaatti kaasanii irratti mari'achuun barbaachisaa dha.
16. Karooraan bahuu sirreeffamtootaa murteessuu keessatti sirreeffamtootni hundi dirqama miidhamaa dhuunfaa wajjiin araaramuusaa fi beenyaa kaffaluu qabu kaffalee xumuruusaa mirkaneessu ilaalchisee manneen murtii gidduutti muuxannoon wal-fakkaatu tokko hin jiru waan ta'eef hanqina hubannoo gama sanaan jiru furuu irratti manni murtii fi Inistiitiyuutiin waliin ta'anii leenjii kennuu furuu qabu.
17. Mootummaa, miti mootummaa fi hawaasni bal'aan wal ta'uun hojii qulqullina daree, kaka'umsa barsiisotaa fi sirreeffamtootaa, dhiyeessii meeshaalee barumsaa fi sadarkaa

barnootaa mana sirreessaa hunda keessatti kennamuu guddisuu irratti hojjechuu hedduu barbaachiaa dha.

18. Manneen sirreessaa hanga danda'amaa ta'etti hojii leenjii fi hojii IMXn ijaaramanii sirreeffamtootni galii itti argatan adda baasuu, fi rakkoo gama dhiyeessii fi gabaan jiru dafanii furuu irratti hojjechuu qaba.

## Miiltowwan

### Seerota

- Heera mootummaa Ripaabliikawaa Federaalawaa Itoophiyaa, labsii 1/ 1987
- Labsii hundeeffama manneen sirreessaa Federaalaa, labsii 365/1995
- Labsii qaamolee raawwachiiftuu Mootummaa Naannoo Oromiyaa irra deebi'anii hundeesuuf bahe, labsii 163/2003
- Dambii Ittiin Bulmaata Sirreeffamtoota Seeraa, Dambii Wixinee 1997

### Kitaabota

- Alemaayyoo Waqqaariifaa, *Sakatta'iinsa Fedhii Leenjii fi Qorannoo Ogeessota Qaamolee Haqaa Naannoo Oromiyaa*, (ILQSO, 2005)
- Mark Keller, *The Rehabilitation Dilemma In Texas Country Jails*, Vol. 2, No. 2/2005, (The Southwest Journal Of Criminal Justice),
- James Bonta, *A Quasi-Experimental Evaluation Of An Intensive Rehabilitation Supervision Program, Criminal Justice And Behavior*, vol. 27, No. 3,
- Guiding principles, part 2: *rules applicable for special category of prisoners under sentence, Standard minimum rules for the treatment of prisoners*, 1957
- David mood, *retributive and corrective justice, criminal law and private law*, (2010) Stockholm, fuula 551
- Neetij Rai, *Theories of punishment with special focus on reformative theory*
- N.V. Paranjape, *Criminology and Penology, 12th Edi., Central Law Agency*, 2009
- Isidora Errázuriz, *Employment of Ex-Offenders as a Restorative Practice*, ( 2011), University of Texas at Austin, fuula 15
- Jean Jacques Rousseau, *The Social Contract*, (1762) Dicamus leges, fuula 64
- Ministry of capacity building, *Comprehensive justice system reform program of Ethiopia*, (Finfinnee) 1997
- The rehabilitative prison model,  
(<http://www.ssc.wisc.edu/~wright/Published%2520writing/POP.c3.pdf>),

- Peter Raynor, *why help offenders? Arguments for rehabilitation as penalty strategy*, European Journal of Probation, (University of Bucharest), Vol. 1, No. 1, (2009),
- Stanley Tang, *Effective Rehabilitation And Reintegration Of Offenders In Singapore*,
- Norman Feton, *Treatment in Prison: How the family can help*, 1959, (Sacramento)
- <sup>1</sup> Isidora Errázuriz, *Employment of Ex-Offenders as a Restorative Practice*, ( 2011), University of Texas at Austin, Rehabilitation, Dictionary Definition-Vocabulary Com (<http://www.vocabulary.com/dictionary/rehabilitation>)
- The American Heritage Dictionary, (2009)
- Emily A. Whitney, *Correctional Rehabilitation Programs and the Adoption of International Standards*, (2009), The University of Iowa College of Law,
- Gardner et al., *Black's Law Dictionary*, (2004)
- Cariag Hanery, *the Psychological Impact of Incarceration*, University of California,

## **Namoota Af-Gaaffiii Deebisan**

### **Hojjetoota Manneen sirreessaa**

#### **i. Hooggantoota**

##### **A. Komishinii Manneen sirreessa Oromiyaa**

- Komishinara Tsahaay Nagaash
- Inispektar Abarra Baayisaa

##### **B. Arii**

- Komandar Masfin Boggaalaa
- Inispektar olaanaa Sulxaan Hasan

##### **C. Jimmaa**

- Inispaktar Olaanaa Fakir Husen
- Inispektar Taammiruu Kabbadaa

##### **D. Ejeree**

- Inispaktar Olaanaa Isheetee Neggasaa
- Saajiin Asaffaa Wadaajoo

- E. Shawaa Lixaa
  - Komaandar Taarikuu Gannatii
- F. Arsii Lixaa
  - Komaandar Jeeyilaan Mahamad
  - Komaandar Miliyoon Shawaqannaa
  - Gargaaraa saajiin Saadiq Huseen
- G. Harargee Lixaa
  - Komaandar Beezaa Alamuu
- H. Harargee Bahaa
  - Komaadar Asaffaa Galataa
- I. Adaamii Tulluu
  - Inispektar Abdulqadir Dhibaasaa
- J. Wallagga Bahaa
  - Komaandar Ballaxaa Lataa
- K. Wiirtuu Ieenjii Sirreeffamtoota seeraa Oromiyaa
  - Komandar Birhaanuu Kifilee
  - Komandar Miliyoon Shawaqannaa
  - Komandar Gammachuu Hundeessaa

**ii. Ogeessota Xiinsammuu fi hawaasummaa**

- A. Komishinii
  - Zarihuun Ayyaanaa
- B. Shawaa Lixaa
  - Addisuu Gammachuu
- C. Wallagga Bahaa
  - Ijiraa Fisahaa
- D. Adaamii Tulluu
  - Xannaa Deggafaa
- E. Arsii Lixaa
  - Fiqirtee Tesfaayee (ogeessa hawaasummaa)
- F. Arsii

- Maammoo Damisee

## **Sirreeffamtoota**

### **A. Arsii**

- Shaalom Kaasayee
- Sammuu Eddoo
- Masfin Ayidaa
- Hawaa Ejjetaa
- Dastaa Zellaqaa
- Ingiduu Ballaxaa
- Tedii Tashoomee
- Isheetuu Mekonnin

### **B. Jimma**

- Daani'eel Xilahuun
- Afiis Sayid
- A/Abiyyaa A/goojjam
- Siraaj Barbaa
- Tashoomaa Ejersaa
- Niftaayi A/biyyaa
- Guutamaa A/Boora
- Moskiyaa A/Jimmaa

### **C. Wallagga Bahaa**

- Surraa Abboomaa
- Mulugeetaa Maammoo
- Mulugeetaa Geetuu
- Ulmaa Kibabawu
- Gammadaa Addunyaa
- Bashaasaa Taddasaa
- Marressaa Higguu
- Garramaawu Abdiisaa

### **D. Shawaa Lixaa**

- Darajjee Xuurii



- Magarsaa Ifaa
- Abbabaa Kumsaa
- Dajanee Caalaa
- Tolasaa Dhugumaa
- Yohaanis Daggafuu

E. Adaamii Tulluu

- Quufoo Galgaloo
- Gammachuu Abbush
- Abdiisaa Huseen
- Nigusee Hirphaa
- Aseffaa Amiinoo

F. Harargee Lixaa

- Taammiraat Taamiraat
- Kamaal Birmajjii
- Huseen Mammadoo
- Abdusalaam Ibsaa
- Tarrafech Laqewu

G. Arsii Lixaa

- Leencoo Diimaa
- Muusxafaa Abdiramaan
- Ibsaa Laggasaa
- Edessoo Kadir
- Abush Deggafaa

H. Harargee Bahaa

- Ayishaa Alii
- Kadiroo Suleemaan

I. Ejeree

- Magarsaaa Ifaa
- Tolasaa Dhugummaa

## **Justice for all prision fellowshiop Ethiopia**

- Simallis Shawaangizawu

### **Abbootii Alangaa**

- A. Naannoo
  - Ayyaanoo Warsamoo
- B. Arsii
  - Daani'el Mokonnin
  - Maammaayyee Bonjii
- C. Arsii Lixaa
  - Musaa Aminoo
- D. Jimmaa
  - Habtaamuu Dibaabaa
  - Muktaar Sharfuddiin
- E. Shawaa Lixaa
  - Xibabuu Tashoomaa
  - Tirfeessaaa Masqaluu
- F. Harargee Bahaa
  - Amiin Adam
- G. Harargee Lixaa
  - Geetaahun Nemerraa
- H. Wallagga Bahaa
  - Mulugeetaa Abbabaa
  - Habtaamuu Waaqjiraa
- I. Giddugala leenjii ogummaa fi tekiniika sirreeffamtoota seeraa Oromiyaa
  - Komandar Birhaanuu Kiflee
  - Komandar Gammachuu Hundeessaa
  - Komandar Miliyoon Shawaaqannaa

## **Abbootii Seeraa**

- A. Arsii
  - Hibraahim ...
- B. Jimmaa
  - Miliyoon Tarrafaa
  - Addunyaa Waqgaarii
- C. Harargee Lixaa
  - Efreem Haayilee
- D. Harargee Bahaa
  - Mulugeetaa Fiqaaduu
- E. Shawaa Lixaa
  - Amsaaluu Olaanii
- F. Wallagga Bahaa
  - Waqumaa Xuulii

## **Poolisoota**

- A. Shawaa Lixaa
  - Saajiin Feenes Galataa
- B. Arsii
  - Ahimad Arbaa
  - Muhammad Kadir
- C. Jimmaa
  - Inispektar Tasfaayee Xilahuun
  - I/A/Saajiin Hayilaachowu Baahiruu
- D. Arsii Lixaa
  - Inispektar olaanaa Mirkanaa Hacaaluu
  - Saajiin Galataa Waaqoo
- E. Wallagga Bahaa
  - Inispektar Olaanaa Aagaa

## **Hawaasa**

- A. Naannoo Shawaa Lixaa

- Balaayi Shantamaa
  - Toliina Guddataa
  - Toleeraa Baayisaa
  - Dandanaa Guutamaa
- B. Hawaasa naannoo Jimmaa
- Kadir A/Biyyaa
  - Hasan Kamaal
  - Musxafaa A/Gommol
- C. Hawaasa naannoo Wallagga Bahaa
- Gaddisaa Taarikuu
  - Abdiisaa Birraa
- D. Hawaasa naannoo Arsii
- Ganamoo Birmajjii
  - Qaasim Ibraayim
  - Adullaayii Alii
- E. Hawaasa naannoo Arsii Lixaa
- Shaafii saamaa
  - Baay'isaa Galgalaa
  - Abdii Badhaasoo
- F. Hawaasa Naannoo Harargee Lixaa
- Abiroo Abdusalaam
  - Kadiroo Jamaal
- G. Hawaasa naannoo Harargee Bahaa
- Siraaji Shaafii
  - Samshiyaa Ibirahi